XIINXALA ASOOSAMA DHEERAA *RIRRITTAA*FI *HIREE GALGALAA* IJA QEEQA DUBARTUMMAATIIN

QORATAAN: QAJEELAA BAYEESSAA GAARII

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSIITII JIMMAA KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUUMAANIITIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIHAATE

FULBAANA, 2021
JIMMAA, OROMIYAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUNVARSIITII JIMMAA KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUUMAANIITIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIHAATE

QEEQA DUBARATUMMAA ASOOSAMA DHEERAA *RIRRITTAA*FI *HIREE GALGALAA*

QORATAAN: QAJEELAA BAYEESSAAGAARII

GORSAADURAA: TAAYYEE GUDDATAA (PhD)

GORSAA AANTEE: ALAMITUU OLII (PhD)

FULBAANA, 2021

JIMMAA, OROMIYAA

Yuunivarsiitii Jimmaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin guuttachuuf, Qajeelaa Bayeessaa mata duree "Qeeqa Dubaratummaa Asoosama Dheeraa *Rirrittaa*fi *Hiree Galgalaa* " jedhuun gaggeeffame sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guutera.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa _____Mallattoo _____Guyyaa _____

Qoraa keessaa _____Mallattoo _____Guyyaa _____

Gorsaa Duraa _____Mallattoo _____Guyyaa _____

Gorsaa Aantee_____Mallattoo _____Guyyaa _____

_____

Itti gaafatamaa Muummee yookiin walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta`uu fi kanaan duras yunivarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyyaanne ta`uu isaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta`een fudhee wabii keessatti kaa`uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: _____

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Galata

Duraan dursee beekumsaafi dandeettii ittiin addunyaa kana hubadhee jireenya koo keessatti waan guddaa akkan arguufi qorannoo kana hojjadhee beekumsa koo akkan gabbiffadhu nataasise Waaqayyoof galanni koo olaanaadha.

Itti aansuun nuffi tokko malee nabarsiisuu bira darbanii, beekumsa ogummaa naaf laachuun yeroo hundaa bilbilaafi qaamaan hangan qorannoo kana fiixaan baasuutti nacinaa dhaabbatan gorsaa Dr. Taayyee Guddataafi Dr. Alamituu Olii guddaan galateeffadha.

Dabalataan maatii koo jireenya baadiyyaa keessa taa'anii nabarsiisaa, maatii isaan kaan immoo guddisaa akka sadarkaa kanarraa gahu nagodhaniifi haadha manaa koo waa hundaan na utubdee akkan sadarkaa kana gahu na goote barsiistuu Alam Moosisaafi hiriyoota koo nabira dhaabbatan hundaan galatoomaan jedha.

Kan biroo barreessituu Hawwii Gonfaa kitaabota kana fakkaatu barreessuun uummataaf gumaacha olaanaa gochuu keetiif qorataan kunis irratti qorannoo isaa gaggeessuuf haala miijataa argachuu isaatti nuuf jabaadhu !Qalamni kee haa mirgisun jedha.

Dhumarratti hiriyoota kootiifi namoota qorannoo kana irratti yaada garaagaraa naaf kennuun akkan jabaadhee hojjadhee galma ga'u nataasisan hunda osoo hinglateeffatin bira hindarbu.

Axareera

Kitaabileen asoosamaa qorannoon kun irratti adeemsifaman lama yoo ta'an, isaanis Hiree Galgalaafi Rirriittaa yoo ta'an, mata duree qorannoo isaa immoo Qeeqa Dubaratummaa Asoosama Dheeraa *Rirrittaa*fi *Hiree Galgalaa kan jedhu, ka'umsi qorannichaas asoosama kanneen lamaan irratti kanaan dura qorannoon biroo ija yaaxina dubartummaatiin kan hinadeemsifamne ta'uu, kitaabilee lachuu namfakkii dubartii kanaan barreeffame kallattii yaaxina kanaatiin kan irratti hingaggeeffamne ta'uu, barrreessituun asoosama kanaa dubartii ta'uu irraa kan ka'e hangam rakkoowwaan gama siyaasaa, dingdeefi siyaasaatiin dubartoota irra gahu haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun loogii tokko malee kaasuufi hariiroon dhiiroraafi dubartootaa illee asoosamoota kanneen keessatti maal akka fakkaatu xiinxaluun ibsuuf qorannoon kun akka irratti adeemsifamu ta'ee jira. Kaayyoon qorannichaas kallattii hawaas dinagdeen namfakkiin dubartootaa maal akka fakkaatan addaan baasuu, hariiroo dhiirotaafi dubartootaa ibsuufi akka bu'aa ogbarruutti dhiibbaa isaan gama namfakkii dubartummaatiin dubbistoota irraan gahan asoosamoota lachuu keessatti addeessu yoo ta'u, malli qorannichi ittiin gaggeeffames mala akkamtaati, meeshaaleen funaansa ragaa immoo sakatta'a dokumentiitiin raawwatame. Dhumarrattis argannoon qorannichaas kitaabilee lachuu keessatti dubartoonni kallattii hawaas dinagdeen miidhamoofi olaantummaa dhiirotaan kan jiraatan ta'uu, Rirriittaa keessatti gama siyaasaan mirgi namummaafi jiraachuullee kan sarbame ta'uun ibsameera.Dubartoonni hojii manaafi alaa keessatti humni isaanii miidhamuu, haadhummaafi ijoollee guddisuun rakkoo garaagaraa keessa akka isaan darban gochuufi asoosama lachuu keessatti miidhaan qaamaa, xiinsammuufi saalaa namfakkii dubartootaa irra kan gahe ta'uun hubatameera. Gama biroon immoo hariiroon dhiirotaafi dubartootaa kallattii hawaas dinagdeen cimaa ta'uun kan ibsame, gama abbootii qabeenyaafi kanneen mana isaanii keessa hojjechiifataniin miidhaan irra gahuun hubatameera.Akka Bu'aa ogbarruu tokkotti dubbistoonni akka keessa seenanii waa hubatan, xiinxalan, bakka ofbuusanii yaadan, wantoota miira nama tuqu hunda ilaalaniifi barreessituun kun akka dubartii taateetti loogii tokko malee dhiibbaa dubartoota irra gahu haalaan kan kaaste ta'uu hubachuun danda'ameera.*

Gabatee Baafataa

Qabiyyee **Fuula**

Galata.....i

Axareera.....ii

Gabatee Baafataa.....iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....1

1.1. Seenduubee Qorannichaa.....1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....3

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa.....4

1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....4

1.3.2. Kaayyoo Gooree.....4

1.4.Faayidaa Qorannichaa.....4

1.5. Daangaa Qorannichaa.....5

1.6 Hanqina Qorannichaa.....5

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU.....6

2.1. Qeeqa Ogbarruu.....6

2.2 Faayidaa Qeeqa Hogbarruu.....7

2.3. Dubartummaafi Qeeqa Dubartummaa.....8

2.4. Ogbarruufi Dubartummaa.....10

2.5. Ilaalcha Dhiirri Dubartootaaf Qabu.....12

2.6. Namfakkii Dubartootaa Asoosama Keessatti.....13

2.7. Qorannoowwan Walfakkii.....14

2.8.Yaaxxinaalee Qorannoo.....15

BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA.....17

3.1. Gosa Qorannichaa.....17

3.2. Madda Ragaalee.....17

3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu.....17

3.4. Mala Funaansa Ragaalee.....18

3.5. Tooftaa Qaacceessa Ragaalee.....18

BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAA.....19

4.1 Sabseenaa Asoosama Hiree Galgalaa..... 19
4.1.1 Xiinxala Asoosama Hiree Galgalaa Markizimii Dubartummaan.....21
4.1.1.1 Dhiibbaa Gama Hawaasummaan Gitni namfakkii Dubartoota Irraan Gahe..... 21
4.1.1.2 Dhiibbaa Dinagdeen Namfakkii Dubartoota Irraan Gahe..... 27
4.1.1.3 Hariiroo Dhiirotaafi Dubartootaa.....31
4.1.1.4 Saamama Humna (dafqa) Namfakkii Dubartootaa.....34
4.1.1.5 Daa'imman Guddisuun Dhiibbaa Namfakkii Dubartootaarraan Gahe.....36
4.1.1.6 Miidhaa Qaamaa, Saalaafi Xiinsammuu Dubartootaarraa Gahe.....37
4.1.1.6.1 Miidhaa Qaamaa..... 38
4.1.1.6.3 Miidhaa xiinsammuu.....40
4.1.1.7 Dhiibbaa Asoosamni Hiree Galgalaa kallattii Dubartummaatiin Dubbisaa Irraan Gahe.....42
4.2 Sabseenaa Asoosama Rirriittaa.....47
4.2.1 Qeeqa Asoosama "Rirriittaa" Markisistii Dubartummaan.....47
4.2.1.1 Dhiibbaa Gama Hawaasummaan Gitni Namfakkii Dubartoota Irraan.....48
4.2.1.2 Hiyyummaan Namfakkii Dubartootaa Irraan Gahe.....52
4.2.1.3 Dhiibbaa Siyaasni Namfakkii Dubartootarraan Gahe.....54
4.2.1. 4 Hariiroo Dhiirotaafi Dubartootaa.....59
4.2.1.5 Saamama Humnaa (dafqa) Dubartootaa.....61
4.2.1.6 Miidhaa Qaamaa, Saalaafi xiinsammuu Namfakkii Dubartootaa Irra Gahe..... 62
4.2.1.6.1 Miidhaa Qaamaa..... 62
4.2.1.6.2 Miidhaa Xiinsammuu.....64
4.2.1.7 Akka Bu'aa Ogbarruutti Dhiibbaa Asoosamni Rirriittaa kallattii Dubartummaatiin Dubbisaa Irraan.....65
4.3 Asoosamoonni Lamaan Walbira Qabamanii Yoo Madaalaman.....66

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO, YABOO..... 68
5.1 cuunfaa..... 68
5.2 Argannoo..... 69
5.3 Yaboo..... 71
Wabilee..... 72

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Og-barruun hojii uumee sammuu ilma namaa ta'e, ogummaa kalaqa waa uumuufi muuxannoo jiruufi jireenya hawaasa keessa jirurratti hunda'uun kalaqa sammuu barreesaa dabalatee haala miidhagina qabun dhiyaata. Akkasumaas, mala ittiin waan hawaasummaafi bu'aa qabu tokko waliif dabarsinuufi beekumsa ittiin walii galfannudha.(Asafa,2009).Haaluma kanaan og-barruun kan afoolaafi barreeffamaan jiru haammata. Ogbarruu barreeffamaa kanneen jedhaman kannneen akkka asoosamaa,diraamaafi walaloo yoo tahan,afoola jalattitti warren ramadaman immoo kanneen akka;hibboo,dur durii,weedduu mammaaksafi kanneen kana fakkaataniidha

Haaluma kanaan, Og-barruun barreeffamaa bakka sadiitti qoodama. Asoosama, walaloofi diraamaa(fiilmii)dha. Barruulee kalaqaa kan jedhamaniifis, bifa miidhagina qabuun sammuu namaa hawwachuu akka danda'aniin miijeeffamanii waan kalaqamaniifidha. Haaluma kanaan og-barruun sun waanta qabatamaa ta'e tokko akkuma jirutti kan gabaasu miti. Og-barruun uumee waan qabatamaa hintaane irraa ka'uudhaan yaada uumee qindeessee, miidhagsee dhiyeessuudha. Kanaafuu, barruuleen kalaqa dhugaa adunyaarraa maddanii kalaqamu.Garuu kalattummaan dhugaa himuuf hindirqamu. Dhugaa jiru haqaaqanii dabarsuu yookaan karaa alkallattiin himuu danda'u.Haata'u malee gabaasaalee dhugaarraa adda. Barruuleen dhugaa himan kanneen akka gaazexaa, kitaabolee barnootaa, barruuleefi kan kana fakkaatan hammam yoo miidhaganillee og-barruu ta'uu hin danda'an. Sababiin isaa dhugaa jiru gabaasuuf qophaa'an malee kalaqa sammuu mul'isuuf miti. Haaluma kanaan qorannoon kun qeeqa ogbarruu keessaa asoosama *Rirriittaf*i *Hiree Galgalaa* jedhu irratti xiyyeeffachuun ija qeeqa dubartummaan kan ilaalamuudha.

Qeeqni dubartummaa yaadiddamaafi falaasama dhimma garaagarummaa koorniyaa, akkasumas, sochii walqixxummaa koorniyaa, mirgaafi fedhii dubartootaarratti kan xiyyeeffate ofkeessaa qaba.Ruth (1998:5) akka jettutti-dubartummaan dhimmotaa gama koorniyaa hinkaaneefi xiyyeeffanno hinkennamnerratti gaaffii kaasuun furmaata kan barbaadu yommuu ta'u, dhimmi ijoo isaas hawaasni dhiirotaafi dubartootaaf hawaas-aadaa keessatti garaagarummaa sadarkaa jiru beekuufi sakatta'uun, garaagarummaa uumamuuf sababoota kan ta'anirratti ibsaafi bu'aasaa kan hubachiisudha.

Hiika oliirraa hubachuun kan danda'amu, dhimmoota mirga dubartootaa kabachiisuu giddugaleessa kan godhataniidha. Qeeqni dubartmmaa, dubartoonnii siyaasaan, hawaasummaan, dinagdeenfi amantaan mirgaa walqixaa dhiirotaa wajiin qabaachuu qabu ilaalchaa jedhu qaba." (Pater, 2010:30)

Sochii dubartummaa keesatti, kaayyoon dubartummaa inni guddaan, sirna olaantummaa dhiirotaa keessatti miidhama hawaas-aadaan irraan ga'aa tureefi irraan ga'aa jiru, ofuma isaaniin akka hubatan kan tasiisuufi jijjiiramaaf kan kakaasu, mirga isaaniif sagalee isaanii akka dhaggeessisan kan taasisudha.

Sochiin yaaxina kanaa dubartoota kaayyoo godhachuun, dubartoonni hawaasa keessatti kaka'umsa keessatti uumuu, maalummaafi eenyummaa isaaniif haala jiireenya isaanii akka of hubatan, sirna olaantummaa sadarkaa hawaas-aadaan murteesseef falmachuuf, ofuma isaanii akka murteeffatan kan kakaasu, hariiroo hawaasa wajjin qaban murteeffachuu qabanirratti sagalee falmii kan qabudha.

Yaada kana cimsuun, Evans (1997), Baker (2008) fi Anderson (2005) jecha qeeqa dubartummaa hiikuun hojii salphaa akka hintaane ibsu. Kunis, jechoonni baay'een kan baaqqee hinta'in hiikni murtaa'aan kan yaadotaafi ilaalchota dubartoonni hundi qaban kan mirkaneessan heddumminaan waan jiraniif. Kanaafuu, ibsaafi haala dubartummaa walxaxaa ta'e kana hubachuun,Evans (1997:63) haala armaan gadiitiin kaa'eera:

> Dubartummaan aadaa isaa keessatti, walxaxaa ta'aa kan dhufeefi jechicha amma kan barbaadu safartuu diiggaa ijaarsaa jiruuti. Kunis yoo nuti ilaalcha kana keessaa baanedha. Oliyyannaan garaagaraa kan sochiin kun uumu gara sagalee kennuu filannaa bakka bu'ootaatti yoo ce'eedha.

Ibsa oliirraa kan hubatamu, yeroo ammaa kana dubartoonni iddoo garaagaraa jiran gareexixiqqoo adda addaatti qoqqoodamanii waan jiraniif, hiika qeeqa dubartummaa kan hunda isaanii ilaaluun ofkeessatti haammatu argachuu kan danda'amu ta'uu dhiisuu mala.Qorannoo kana keessattis asoosamoota lamaan irratti xiyyeeffachuun ija dubartummaan haala kamiin barreeffaman gaheen dubartoota kallattii hundaan maal fakkaata dhimmoota jedhan irratti kan xiyyeeffatuudha

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Ogbarruu Afaan Oromoorratti qorannoowwan taasifamaa jiru.Keessumattuu afaaniirraatti bal'inaan gaggeeffamaa jira.Haata'uyyuu malee, oguma kalaqaa yeroo ammaa kana Afaan Oromoon barreeffamaniifi bareeeffamaa jiran guddinaan qeeqamaa hinjiran. Kunis gama ciminaafi dhadhabina addaan baasuun bifa qorannoon dhiyaatanii hinmul'atan.

Fiqaaduu (2012:30) Showlter, (1986:303) wabeeffachuun yemmuu ibsu:

> Hojiilee kalaqaa qeequun haala qabatamaa seenaa tokko baruuf, haala jireenya barreessaa addaan baasanii beekuu, ergaa qabiyyee hojii sanaa hubachuuf gargaara. Tooftaa yookaan mala ittiin barreessaan namfakkiiwwan uumuuf yaale, ergaafi akkaataa itti fayyadama afaaniifi kan kana fakkaatan fa'i. Dubbistoonni addaan baasanii akka hubataniif gumaacha olaanaa qaba.

Yaadni armaan olii kun kan inni ibsu hojii kalaqaa qeequun guddina ogbarruutif murteessa akka ta'eefi barreessaan akkaataa namfakkii itti uumufi dubbisooni haala salphaa ta'een akka amala, xinsammuu, jireenya hawwaasummaa isaanii baran ni gargaara yaada jedhu lafa kaahe.

Asoosamoonni Afaan Oromoon barreeffaman babal'ataa jiraatanis qorannoon firiiwwan asoosamoota kanarratti adeemsifame bal'inaan hinmul'atu.Ka'umsi qorannoo kanaas qaawwaa kana guutuuf yaadameeti. Kana gochuuf qorataan hojii kalaqaa Hawwii Gonfaa *Rirriittafi Hiree Galgalaa* ija yaaxinna dubartummaan qeequuf filateera.Kanaafuu, dubartummaa ilaalchisee qorannoo gaggeeffamu kanaaf asoosamoota kanneen irratti yoo hojjetame bu'aa gaarii argamsiisa jedhamee waan yaadameef asoosamoota kanneen filachuuf danda'eera

Haaluma kanaan, hojii oguma asoosama *Rirrittaa*fi *Hiree Galgalaa* ija yaaxinna dubartummaan gargaaramuun gahee dubartoonni siyaasaan, aadaan, sochii diinagdee, shoora hirmaannaa isaan hojii adda addaa keessatti qaban; dhiibbaafi cunqursaa isaanirra ga'u, mirga hiree ofiin murteeffachuu uummata Oromoo keessatti qaban calaqqisiisuuf yaalame qaaccessuun xiyyeeffannoo kenneera. Qorannoo kana immoo qoraannoowwan mataduree kanan wal fakkaataan kanneen akka asoosama Imimmaan Haadhaa, Imaanaa Imaltuu fa'aa irratti hojjetaman irraa wanti adda godhu asoosamoota garagaraattii waan xiyyeefateef namfakkiin dubartummaa asoosamoota hunda keessa jiran amala walfakkatu qofa qabaachuu hin danda'an.Qorannoon kunis akkumma qorannoon darbanii qeeqa dubartummarratti xiyyeeffachuun asoosamoota *Rirriitta*fi *Hiree Galgalaa* keessattii fakkiin dubartii gama

siyaasaan, diinagdeefi hawwaasummaan akkamitti akka kalaqaman addaan baasuuf kan karoorfateedha.

Gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaas kanneen armaan gadiiti.

1. Gahee dubartiin asoosama Rirrittaa fi Hiree Galgalaa kallattii siyaasa, hawaasummaafi, dinagdeetiin akkamitti mul'atan?
2. Asoosama *Rirrittaa* fi *Hiree Galgalaa* keessatti hariiroon dubartootaafi dhiirotaa akkamiin mul'ata?
3. Akka bu'aa ogbarruutti asoosamonni *Rirrittaafi Hiree Galgalaa* kallattii dubartummaatin dhiibbaan isaan dubbisaarran geessisuu danda'an maali?

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa asoosama dheeraa *Rirrittafi Hiree Galgalaa* jedhu ija yaaxxina dubartummaan xiinxaluudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadii ta'u.

- Gahee dubartoonni asoosama *Rirrittafi Hiree Galgalaa* keessatti kallattii hawaasummaan ,siyaasaafi, dinagdeen qabanii addaan baasuu.
- Asoosama *Rirrittafi Hiree Galgalaa* keessatti hariiroo dubartootaafi dhiirotaa ibsuu.
- Akka bu'aa ogbarruutti asoosamonni *Rirrittaa* fi *Hiree Galgalaa* kallattii dubartummaatin dhiibbaan isaan dubbisaarran geessisuu danda'an ibsuu.

1.4.Faayidaa Qorannichaa

Ogbarruun bakka bakkatti faayidaa garaagaraa qaba. Asafaa (2009:20) waa'ee ogbarruu yemmuu ibsu, "Ogumi waa'ee jiruu-jireenya dhala namaa ta'ee, namootaan qindeeffamee namootaaf dhiyaata"jedha. Kanaafuu, hojii hogbarruu tokko qorachuun dhimmoota hawaasa keessa

jiraannu beekuufillee nugargaara. Seenaan asoosama qeeqni irratti gaggeeffamu kunis, jiruufi jireenya uummata Oromoo mara kan haguuge yoo ta'uu baatellee, gamisaan kan dhuunfateedha. Kanaaf, bu'aa qorannoo kanaatti namoonni garee garaagaraa gargaaramuu danda'u. Walumagalatti qaamota qorannoo kana irraa fayyadamu danda'u jedhaman haala armaan gadiitiin taa'ee jira.

- Guddina ogbarruu oromoo kan dura jiru irraaa hamma tokko fuulduraaatti siqsuu danda'a.
- Barreessitoonni asoosamaaa afaaan Oromoo haala namfakkii durtootaa dhiyeessannirratti hubaannoo argachuun itti dhimma bahuu danda'u.
- Xiinxala asoosama kanatti fayyadamuun, asoosamoota Afaan Oromoon barreeffamaa jiran ija yaaxinna dubartummaan qeequufillee nigargaara.
- Dubbistoonni xiinxala asoosama kanatti dhimma ba'an salphaatti akka firiiwwan asoosamichaarraa argame bu'uureffachuun, kanneen biroo hubachuufillee nitajaajila

1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaa Qorannichaan walqabatee, asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman keessaa, asoosama dheeraa *Rirritta*fi *Hiree Galgalaa* kan jedhu, yaaxxina asoosamni tokko ittin xiinxalamuu danda'u keessaa yaaxxina dubartummaa qofa fayyadamuun xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatuudha. Sababni isaas asoomamoota hedduu bakka tokkootti xinxaluun yeroo dheeraafi baajeta guddaa waan gaafatuuf kitaabilee kana qofarratti xiyyeefachuun akka daaga'u ta'eera.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti hanqinoonni qorataa muudatan niuumamu. Wayita kana qorannoon kun adeemsifamu, hanqinoota qorataa kana muudatanis hanqina yeroo sababa hojii mana barumsaa hojjadhuuf addatti yeroo kanaa qorannoo kenname dhabuu, fageenya irraa kan ka'e yeroo yeroon mooraa yuunivarsiitiitti deddebi'ee haala barbaachisaa ta'een kitaabolee argachuu dhabuun fa'aa qorataa kana kan muudate yoo ta'u, qorataan kunis, hanqina yeroof haala barbaachisaa ta'een yeroo boqonnaafi eeyyama garaagaraa fudhachuun kanaan fayyadame yoo ta'u, hanqina kitaabilee wabiif immoo bituufi naannoo yuunivarsiitiitti deddebi'uun qorannoo kana galmaan ga'uu danda'eera.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

2.1. Qeeqa Ogbarruu

Hanga hojiin kalaqa asoosama dheeraa jalqabutti barreeffamni hundi akka ogummaa kalaqa waliigalaatti ilaalamaa ture.Kanaafuu, qeeqni jaarraa 18ffaa dura hojii barreeffamaa qeeqamaa ture hafuun qeeqni ogbarruu akka eegalamu ta'eera. Yaada kana Dutton (1984:15) akka ibsutti, "Any criticism written before approximately 1800 may be criticism of creative literature in general" jechuun yaada kana ibsa.

Adeemsa barnootaa keessatti qeeqni ogbarruu hojii kalaqa tokkoo hiika kennuu, gareetti qoqqooduun ibsuufi madaaluu of keessatti qabata. Hogbarruun dubbisaafi yaadiddamoota fooyya'u maddisiisuu keessatti gaaffilee hedduu waa'ee hiikaa ilaallatan, ilaalcha haqummaa, qooda dubbisaa, galumsa barruufi kan kana fakkaatan bu'uureeffatu. Akkuma armaan olii hubatamuu danda'amutti qeeqni ogbarruu durii kaasee kan gaggeeffamaa tureefi barnoota ogbarruu keessatti hiika xiinxalaa, qeeqoofi madaallii barruulee kalaqa (creative literature) raawwachuuf kan gargaaruudha.Bifuma kanaan Carter (2006:14) qeeqa ogbarruu ilaalchise:

> The problem is that defining what counts as theory and what one means by literary is not an easy task. More critics and theorists have grappled bravely with the problem but have finally given up declaring that it does not matter analyze some theories the denote conclusion that literary theory does not real exist as an independent discipline, there is many claim just' theory about every thing.

Barreeffama kanarraa hubachuun akka danda'amutti maalummaa yaadidama ogbarruu hiika salphaafi gabaabaa kennuun rakkisaa akka ta'e kan agarsiisuudha. Haaluma kanaan namoonni yaaxina garaagaraa hundeessuun hojiilee ogbarruu qeequunis maalummaa isaa ibsuun salphaa akka hintaane ibsaniiru.Haata'u malee, yaada hayyoonni kaasan irraa maalumaa qeeqa ogbarruu ibsuun nidanda'ama.

Haaluma kanaaan Abrams (1981:35) maalummaa qeeqa ogbarruu yoo ibsu"Literary criticism is the study, concerned with defining, classifying, analyzing, and evaluating works of literature" jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti qeeqni ogbarruu hojii ogbarruu tokko ibsuu, hiikuu, qoqqooduu madaaluufi, qaaccessuu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Dabalataanis, maalummaa qeeqaa ilaalchisee Baldick, (2001:43)

> Criticism is analysis of its structure and style, judgment of its worth by comparison with other works, estimation of its likely effect on readers and the establishment of general principles by which literary works (individually in categories or as a whole) can be evaluated and understood.

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti, qeeqni hojii ogbarruu haala caafeffama isaa, haala ittiin dhiyaate, ilaalcha inni dubbistoota irraan gahuufi qajeelfama waliigalaa waan tokko ittiin madaalaniifi hubannoo waa'ee isaa ittiin cimsatan kan of keessatti hammateeedha. Gabaabumatti haala waliigalaa ogbarruu tokkoo xiinxaluun ciminaafi hanqina isaa addaan baasuuti. Haaluma kanaan, Lodge, (1988:63) qeeqa ogbarruu yoo ibsu:

> Criticism consists of judging and appreciating recent works with a view to helping the public make up its mind, and scientific function which consists of a positive study, closely with a view of knowledging of the conditions of existence of literary, works or the materiality of the text, source, psychological or historical origins, etc.

Barreeffama armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti, karaalee hojiilee ogbarruu tokko ittiin madaalan, dubbistoota keessatti miira dhageettii uuman, karaa ittiin karaa saayinsaawaa ta'een waan tokko ittiin qoratan, karaa ittiin beekumsa hawaasa keessatti mula'tu gama ogbarruun ibsan, maddafi seenaa waan sanaa illee ittiin qorataniidha yaada jedhu qabata.

2.2 Faayidaa Qeeqa Hogbarruu

Hojiileen hogabarruu tokko karaalee adda addaatiin qeeqamuun faayidaan inni qabu ibsama. Bu'uura bareessaan tokko qabatee ka'e, ergaa dabarsuu barbaade, yaaxinaalee dhimma itti bahe, waan darbe, keessa jiruufi itti fufuun dhufu keessatti jiruufi jireenya hawaasaa ilaaluuf illee faayidaa qaba. Faayidaa qeeqa ogbarruu faana walqabatee yaadota garaagaraatu jira.Toora intarneettii, [www.members. tripod.com] faayidaa qeeqa hogbarruu yoo ibsu, "Literary criticism helps us to go inside of text and undersand the written work from many different view points,'' jedha. Akka yaada kanaatti qeeqni hogbarruu, barru tokko kallattii adda addaatiin gadifageenyaan ilaalanii hubachuuf akka gargaaru ibsa. Ellis (1974: 54) faayidaa qeeqa hogbarruu akkaataa armaan gadiin kaa'a. "It has often been said that the purpose of criticism is to render the text more enjoyable to the reader, to encourage and excite his appreciation of the text, to explicate it, and to point out to him what he might have missed''Barreeffamni kun akkuma ibsu faayidaan qeeqni ogbarruu qabu, dubbistoota gammachiisuu, barreeffachi akka fudhatama argatu taasisuufi hanqina isaa illee adda baasuun kallattii kaa'uuf illee kan gargaaru ta'uu agarsiisa.

2.3. Dubartummaafi Qeeqa Dubartummaa

Yaadrimee dubartummaa hiikni adda addaa hayyoota garaagaraan kennemaa tureera, Kennamaas jira. Kanneen keesaas, Ruth (1998:5) akkana ibsiti.“Feminism is a range of social movements and ideologies that share a common goal: to define, establish, and achieve the political, economic, personal and social equality of the sexes”. Akkuma barreeffama kanarraa hubachuun danda’amutti dubartummaan dhimmoota sochii hawaasaafi ilaalcha hawaasaa keessatti gama hawaasummaan, siyaasaafi dinagdeen gama koorniyaan hawaasaa keessatti mul’atan walqixxeessuuf yaaluudha. “Qeeqni dubartummaa, dubartoonnii siyaasaan, hawaasummaan, dinagdeenfi amantaan mirgaa walqixaa dhiirotaa wajjiin qabaachuu qabu ilaalchaa jedhu qaba.”(Pater, 2010:30)

Sochii qeeqa dubartummaa keessatti, kaayyoon dubartummaa inni guddaan, sirna olaantummaa dhiirotaa keessatti miidhama hawaas-aadaan irraan ga’aa tureefi irraan ga’aa jiru, ofuma isaaniin akka hubatan kan tasiisuufi jijjiiramaaf kan kakaasu, mirga isaaniif sagalee isaanii akka dhaggeessisan kan taasisudha.

Sochiin dubartummaa, dubartoota kaayyo godhachuun, dubartoonni hawaasa keessatti kaka’umsa keessatti uumuu, maalummaafi eenyummaa isaaniif haala jiireenya isaanii akka of hubatan, sirna olaantummaa sadarkaa hawaas-aadaan murteesseef falmachuuf, ofuma isaanii akka murteeffatan kan kakaasu, hariiroo hawaasa wajjin qaban murteeffachuu qabanirratti sagalee falmii kan qabudha.

Baker (2008) waa’ee dubartummaa yemmuu ibsu, muummee yaadiddamaafi siyaasaa kan ilaalchota hojii kanaa ofkeessatti qabatudha jedha. Dubartummaa hiikaafi yaada garaagaraa qabaachuu isaa akkuma Evans fi Bekar (2008) kaa’an ta’uu isaa Cuddfi Andreason mirkaneessu. Hiikni garaagaraa kun riqicha ce’umsaa seenaa yaada feeministii ta’aniiru. Cuddfi Andearsonitti gama isaaniitiin yemmuu ibsan, hiikkaaleen garaagaraa dubartummaa wajjin walqabatan kan isaan bu’uureffatan, qabsoo sochii waliigalaa walabummaa dubartootaaf yeroo garaagaraatti taasifamanirratti ture.

Haaluma kanaan Akka Josephine(1989) jettutti, sababni adeemsa haaraa kana fudhachuun barbaachiseef, ogbarruufi qeeqni ogbarruu ilaalcha dhaabbataa durii olaantummaa dhiirotaa leellisuufi duudhaalee aadaa keenyaa sadarkaa dubartootaa gara fuulduraatti fiduun kan

guutamanidha. Kanaafuu, feeministoonni qabxiilee kaa'aman kana dhugummaa isaa fudhachuu qabu.

Ilaalchi qoodiinsa koorniyaafi ilaalcha durii yookaan gadaantummaa dubartootaa, seerota yookaan naamusoota ogbarruufi qeeqa ogbarruu akkasumas, hagam muuxannoon dubartootaa akka dhiibamu hubachuun Josephine (1989:10) Rjister (1989) waabeeffachuun akka ibsituttu muuxannoo dhiirotaa qofaatu akka beekamtii waliigalaa qabutti fudhatama yookaan dhalanamaa hundaaf barbaachisaa ta'etti ilaalama. Muuxannoon dubartootaa dhimma giddugaleessummaa ogbarruu keessatti akkuma haguuggii gadaanaatti fudhatama. Kunis, qabsoo dhiirotaa uumama wajjin, Waaqaa wajjin, carraa jireenyaa wajjin, matuma isaa wajjin, walitti fufiinsaan yoo ta'uu baateyyuu dubartootaa wajjin gaggeessuudha. Kunis waan sirriitti dubartoota bakka hinbuuneef, hojii ogbarruu kallattii garaagaraatiin jiru ilaaluu filata. Brownfi Karen (1976) akka ibsanitti, adeemsi kun kan inni irratti xiyyeeffatu, keessa deebii hojii gara boodaa hubachuu, ija haaraadhaan ilaaluu, barreeffamoota durii ilaalcha kallattii haaraan bakka buusuu akka ta'e agarsiisa. Qeeqa ogbarruu dubartummaan walqabatee,Josephine (1989) akka ibsitutti, qeeqni dubartummaa akka waliigalaatti, ogbarruufi qeeqa barruu waggoota dheeraaf yaada olaantummaa dhiiraa itti fufsiisuuf, tooftaaa akka ture amanu.

Dabalataanis ilaalchi yookiin yaadni kun kitaabilee qeeqxota dubartummaa adda addaa kanneeen akka Josephine Donovan, Catherine Belseyfi Jane Moore keessatti ibsamaniiru. Josephine (1989) dubartootni dhugaa jiru utuu hin beekin ilaalcha yookiin barsiifata dhiiraan hoogganamu akka liqinfamaa turanittti amanujechuun yaadaa ofii lafa keessi.

Bifuma walfakkaatuun Bryson (2003) yemmuu ibsu ogbarruuun qajeelfamoota yookaan soonawwan olaantummaa dhiiraa sammuu dhiiraafi dubartii keessatti gadifageenyaan akka hubatamuuf sababa yookaan karaa guddaadha.

Bu'aa argannoo kanaan, dubartoonnii waa'ee ogbarruufi qeeqa-barruu yaada haaraa gabbifachuutti dhufani. Ilaalchi yookaan yaadni ogbarruun akka kuusaa dhugaa hawaasa keessa jiru bilisa kan ta'eefi agarsiistuu dhugaatti fudhatamaa akka ture sun sirrii kan hintaaneefi bakka isaa ogbarruun uumamtee aadaa ta'uusaarraan kan ka'e, miidhaafi ilaalcha hawaasni waliif qabu kan agarsiisudha. (Catherinefi Belsely, 1997).

Muuxannoofi yaada dubaartootaarratti kan xiyyeeffate erga qeeq-barruun haaraan kun mul'atee, akka faallaatti ilaalamuu nidanda'a. Anderson (1977) fi Donovan (1989) sababa kanaaf qeeqa barruu durii akka ta'etti kaa'u. Kanuma kan dhugoomsu, Rjister (1989) ogbarruun durii waa'ee dubartoota gaariifi badaan kan guuteefi akkasumas qeeqa barruun durii barreessitoota dubartootaa akka barreessitootaatti kan hinlakkoofne ta'uu isaa ibseera

Bifuma kanaan Steven (2004) barreessetti, barreeffamni dubbisa ogbarruu haaraa, qeeqni dubartummaa kan madde, ilaalcha nuti koorniyaaf qabanurraati. Dabalataanis, akka ibsa hayyuu kanaatti, sababa qophiifi fudhannaan ogbarruu garacaalu dhiirotaan to'atamuuf, ga'een koorniyaa dubbisuufi barreessuu keessatti xiqqaatee waan mul'ataa tureefi.Kanaafuu, wanti qeeqni dubartummaa hojjetu hojiiwwan dubartootaan barreeffaman dandammachiisuu qofa osoo hintaane, dabalataan barreeffamoota ogbarruu biroo kanneen gadi fageenyaan waa'ee cunqursaa koorniyaa, ilaalchotaafi yaadota dubartoota miidhan saaxiluu dubbisuu qabu jechuun ibsa.itti dabalees, Showalter (1986:23)akkaarmaan gadiitti ibsiti:

> Feminist theory within literary studies has followed at least three phases. The first phase concentrated on exposing the misogyny of literary practice, emphasizing the relationship between the social treatment of women and their literary treatment. The second phase focused on finding women writers and lauding their accomplishments and artistic validity. In its third phase, feminist literary criticism "demanded a radical rethinking of the conceptual grounds of literary study, a revision of the accepted theoretical assumption about reading and writing that have been based entirely on male literary experiences.

Akka waraabbii armaan olii kanaatti yaaddiddamni dubartummaa qo'annoo ogbarruun walqabatee dhimmoota gurguddoo sadirratti xiyyeeffata. Inni duraa waa'ee jibbiinsa dubartootaa yoo ta'u,kunis akkaataa dubaroonni hojii ogbarruufi dhimmoota hawaasummaa keessatti mul'atan gadi buusanii ilaaluun wal qabata. Inni lammaffaan hirmaannaa dubartootaa karaa sirrii ta'een hojiiwwan ogummaafi aartiwwaan keessatti hirmaachisuudha. Sadaffaan yaaxinni dubartummaa barreessitoonni dhiiraafi hojii isaaniin wal qabatee, wwaa'ee dubartummaa ilaalcha sirriifi akkkataa sirrii ta'een akka yaadan, akkasumas hojiiwwaniifi ilaalchota isaanii akka madaalaan taasisa jechuun ibsa.

2.4. Ogbarruufi Dubartummaa

Qeeqa dubartummaa irratti hayyoonni garaagaraa yaadota garaagaraa kennaniiru.Tyson (1999, f. 83) akkana jechuun dubartummaa ibsiti,"Feminist criticism is concerned with the way in which

literature and other cultural productions reinforce or undermine the economic, political, social and phychological oppression of women" Yaada hayyuu kanarraa wanti hubatamu, qeeqni kallattii yaaxinaa dubartummaa irratti xiyyeeffatuun ogbarruu madaaluu. Ogbarruu kallattiiwwan siyaasaa, dinagdee, hawaasummaafi gama xiinsammuutiin dhiirota waliin yoo walbira qabnee ilaalle haala dhiibbaa irratti godheen yookaan haala ittiin jajjabeesseen ilaallata."Feminist criticism is also concerned with less obvious forms of marginalization such as exclusion of women writers from the traditional literary canon…Unless the critical or historical point of view is feminist, there is a tendency to underrepresent the contribution of women writers." (Tyson, 1999:84), akka yaada kanaatti ga'ee barreessitoonni dubaraa gadi qabuuniifi dhiiraan walqixa ilaalamuu dhiisuun dubartootaaf qoqqobbii kallattii garaagaraan dubartoota muudatu qeequu irratti kan bu'uureffateta'uu kan ibsuudha.

Kolodny(1997), Brownsfi Olson (1977) keessatti ibsetti, hojiiwwan qeeqa barruu dubartummaa jedhaman kan ofkeessatti haammatu: qeeqni kamiyyuu yoo mataduree dhimma dubartootaan barreeffameera ta'e: qeeqni dubartiin dhimma dhiiraarratti gama siyaasaan barreeffame, qeeqni dubartiin dhimma aangoo dubartirratti barreeffame. Akka Annetteetti (1977), hojiin qeeqa barruu dubartummaa guutummaa guutuutti dhimma tokkorratti dhufeedha. Innis, qeeqa dubartiin barreeffamedha.qeeqxonni dubartummaa muuraasni yaada Annette yemmuu deeggaran kaan immoo hindeeggarani.

Ibsi Annetteen qeeqa ogbarruurratti kan dhimma tokkorratti xiyyeeffateedha. Innis, qeeqa barruu dubartootaan barreeffamanidha. Qeeqxonni dubartummaa muuraasni, yaada Annettee kana fudhataniyyuu, kanneen hinfudhannes jiru. Fakkeenyaaf, Ruthven, qeeqni dubartummaa akka hojii dubartii qofaatti fudhatama osoo hinta'iin qeeqa dhiibbaa dubartootaarra jiru maqsuuf tattaaffii godhuutti ilaalamuu qaba jedhee falma. [www.members. tripod.com]

Annetteefi faana buutonni ishee qeeqa barruu dubartummaa akka dubartoota qofaan barreeffametti ilaalan malee, kitaabileen qeeqbarruu dubarummarrattii dhiiraaf dubartiin barreeffaman hedduun nijiru. Haata'u malee, hojiin kunneen dhimma tokkorratti kan xiyyeeffatan miti. Kanneen keessaa muraasni gahee dubartoonni ogbarruu keessatti qaban kan madaaluurratti kan fuulleeffatanidha.

> The term 'feminism' itself is used to describe a cultural, political or economic movement aiming for equal rights for both women and men. Nonetheless, the terms 'feminism' and

> ‘feminist’ did not gain widespread meaning until the 1970s when they started to be used in the public parlance more frequently.

Akka yaada armaan olii kanarraa hubachuun danda’amutti, jechi ‘feminism’ jedhu jecha Afaan Faransaayi kan ‘feminisme’ jedhurraa kan maddeedha. Innis yaada dubartootni dhiirotaan qixa mirga, humnaafi carraa addaa addaa argachuu qabu kan jedhuudha. Kanumaan walqabatees yaada aadaa, siyaasaafi dinagdeedhaan dubartootni dhiirotaan qixa ta’uu qabu ejjennoo jedhu qaba.

> The feminist movement involves sociological and political theories concerning with gender difference issues. The movement has been here for many decades, and British women have started to fight against the oppression during mid 1850s when the first feminists started to advocate their thoughts about inequality and when the first suffragette movement emerged, since then women have started working on accomplishing their goals to have the same rights and to have the same position in society as men. (Virginia, 2015:51).

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda’amutti, sochiin dubartummaa dhimmoota hawaasummaafi siyaasaatiin kan walqabatu ta’ee garaagarummaa koorniyaa irratti kan bu’uureffatuudha. Waa’een yaada dubartummaa erga jalqabee kan ture yemmuu ta’u, garaagarummaa kana mormuun dubartootni biyya Biriitiish, kan garaagarummaa dhiirotaafi dubartootaa gidduu jiru dhabamsiisuuf walqixxummaan hojiirra akka ooluuf naannoo bara 1850 sochii eegalan. Kana boodas kaayyoo isaanii kana galmaan ga’uuf carraa dhiirotaan qixaa argatanii akkuma dhiirotaa hojiitti bobba’uudhaan hojjechuu jalqaban jaarraa kana keessa akka ta’e hubachuun nidanda’ama.

2.5. Ilaalcha Dhiirri Dubartootaaf Qabu

Dhiirri dubartiif ilaalcha gadaanaafi akka meeshaa jireenya isaa waliin qofa walqabachuun jiraatuutti ilaala. Hanga yeroo dhihootti, asoosama dheeraa Afrikaa keessatti barreeffaman hedduun isaanii kan barreeffaman dhiirotaan yoo ta’an, barreeffamoota kanneen keessattis akkaataa dubartootni ittiin ibsaman, walitti dhufeenya dhiira waliin qabaniin qofa ta’ee, innis intala nama tokkoo, haadha manaa yookiin jaartii namaafi haadha taatee, yeroo biraammoo, eenyummaan ishee mulqamee, akka guddiftuu daa’immanii, hojjettuufi bilcheesituu nyaataa akkasumas, callusma jettee kan of bareechuu jaallattu godhamtee ibsamti jechuun Fergusen (1977) ibsee jira.

Hayyuun kun yommuu ibsu, dubartoonni walitti dhufeenya dhiira waliin qabaniin, akka haadhummaatti, niitummaatti, qofa galeettiifi akka meeshaa quunnamtii saalaa itti raawwatanitti ilaalamti. Haata'umalee, dhiirris gahee inni gama koorniyaatiin qabuun mul'ifamuu danda'a. Garuu, kan shoora dubartootaa waliin yoo walbira qabamee ilaalamu, walhinmadaalu.Sababni isaas, dhiironni gahee isaanii kanaan qofa waan hinibsamneefi. Fakkeenyaaf, dhiirri kan ibsamu, walitti dhufeenya inni hawaasummaa yookiin Rabbi uumamaafi addunyaa alaa waliin qabaniin yommuu ta'u; dubartootni garuu walitti dhufeenya isaan dhiira waliin qabaniin ibsamu.

Karaabiraatiin, dhiironni gaheefi qooddannaa waliin walqabatee dubartootaaf ilaalchi qaban, Fergusen(1977) akka ibsutti, dhiirri yeroo baay'ee yeroo isaa dabarsuu kan irraa eegamu, akka dhirsaa yookaan jaarsaa, abbaafi jaalalleetti osoo hintaane, akka hojjetaatti, shoora irraa eegamu bahuuni. Waan kanata'eef, warra dhiiraatiif shoorri isaan bahan itti baay'atus, dhimma isaanii miti.Kun garuu, dubartootaaf rakkooguddaadha, jechuunibsa.

Sababiinisaas, warri dhiiraa hojiin itti baay'atullee, waan ala bahanii turaniif yeroo sammuu isaaniitti boqochiisan argatu. Waan argataniin bashannananii, dhuganii galuu danda'u.Kun garuu, shamarraniif baay'ee cimaadha. Sababiin isaas, ilmaan guddisuu, hojii mana keessaa, hojjechuu, hojii haraqeefi farsoo gochuun jireenya isaanii jijjiiruufi carraaqu.Waan kana ta'eef, yeroo tokko tokko yeroo haara galfannaallee dhabanii cinqaman jiraachuu danda'u.

> Women are not valued as literary characters or writers. Most well known and well respected writers throughout history have been men, resulting in "images of women in literature that are products of a creative process that has a limited perspective." (Osterhaus 1987)

Akka waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti,dubartoonni akka warreen dhiirotaa hojiilee kalaqaafi barreessuu keessatti qooda akka hinqabneedha. Akkuma seenaa irraa hubachuun danda'amutti haalan kan beekamaniifi kabaja kanneen qaban dhiirota. Haalli kun immoo hirmaannaa dubartoonni hojiilee ogbarruu keessatti akka daanga'an taasise.

2.6. Namfakkii Dubartootaa Asoosama Keessatti

Barreessitoonni asoosama garaagaraa namfakkii isaanii haala garaagaraatiin kalaqu, kan goota taasisuun, kaan immoo sodaataan, kaan gamna kaan immoo gowwaa homaa hinbeekne, kaan beekaa kaan immoo wallaallaafi kanneen kana fakkaatan taasisuun addunyaa kana roga garaagaraa qabsiisee bu'aa ba'ii addunyaa kanaa dhamdhamsiisuun boca. Haala kana keessattis

namfakkilee addunyaa dhugaa kana agarsiisuuf nafayyadu jedhu dhiirotaafi dubartootaaf maqaa garaagaraa moggaasuun dhimma itti baha. Namfakkiin dubartootaa asoosama keessatti haala kamiin akka bareessitoonni dhimma itti bahan irratti yaanni hayyoota garaagaraa dhiyaateera.

Bileen (1992) namfakkiiwwaan dubartootaa bakka lamatti hiruu yaalti. Isaanis: dubartoota kaayyoo qabaatanii kan xiinyaada cimaa qabaniifi dubartoota xiinyaada dadhabaa qabanidha. Dubartoota xiinyaada cimaa, kan kaayyoo qaban kanneen jedhaman, kaayyoo isaanii galmaan ga'achuuf guyyaafi galgala carraaqan, ilaalchaafi murtee mataa isaanii qabanidha. Kanneen jaalalleefi maatii isaaniif amanamoo ta'an, rakkoo isaan irra gahu hunda ciminaan keessa darbuun mo'achuu kan danda'anidha.Kanneen kaayyoo dhabeeyyii xiinyaada dadhabaa ta'an immoo, faayidaa guyyaa tokko qofaa ilaaluun salphumatti bitamuu danda'an,kan gara fuula duraatiif yaaduu hindandeenyedha. Kanneen waa'ee maalummaa jireenyaa hinhubanneefi lubbuu mataa isaaniitiin tapha taphatanidha jechuun Bileen (1992) ibsiteetti.

Dabalataanis,namfakkiin maxxantummaatti, qoodni yeroo baay'ee kennamu dubartootaafi. Innis, akkamiin ifa jennee yoo ilaalle, yeroo asoosonni asoosama barreessan dubartootaan akka nama hojii dhabetti, rakkattootaafi kan xiinyaada cimaa hinqabne godhanii waan kaa'aniif; mirga isaanii dabarsanii akka kennan isaan taasisa. Haaluma kanaan, mirgi isaanii sarbamuu, yaada namoota birootiin deemuun, jireenya hintaaneef akka saaxilamaniif waan itti hinamanne tokko fedhii isaaniitiin alatti akka raawwatan dirqama akka itti ta'u isaan taasisa. Dhimmoota hawaasummaa keessattillee, akka murtee ofii isaaniitiif murteessuu hindandeenyetti bocamu.

2.7. Qorannoowwan Walfakkii

Soorettii (2014) mata duree qorannoo "Xiinxala Asoosamoota Dhaamsa Abbaa, Kuusaa Gadoo, Fedhii Gamtokkeefi Asoosamoota gaggabaaboo Biroofi Namummaa Gaaddisaa Birruu Barreesse"ija yaaxina dubartummaan" jedhu yoo ta'u, qorannoon kunis Yuunivarsiitii Finfinneetti Digirii lammaffaa guuttachuuf kan dhihaate yoo ta'u kaayyoon qorannichaas, kitaabota kanneen keessatti gosoota dubartummaa kamitti akka qoodaman, hariiroo namfakkii dhiirotaafi dubartootaa addaan baasuu, ciminaafi hanqina namfakkiiwwan dubartootaa tarreessuufi gahee dubartoonni jireenya hawaassummaa,siyaasaafi dinagdee keessatti qaban ibsuu kan jedhu yoo ta'u, argannoon qorannoo kanaas dubartummaa kallattii garaagaraan kan ibseefi dhimmoota mirga dubartootaa kabachiisuu,dubartoota siyaasaan, hawaassummaaf,

dinagdeefi amantaan mirga dhiirota waliin walqixa argachuu qabu dhimmoota jedhu kan kaasu yoo ta'u, garaagarummaan qorannoo qorataa kanaa waliin qabu immoo, kitaabilee asoosamaa "Rirrittaaafi Hiree Galgalaa" jedhu irratti xiyyeeffachuun fakkiin dubartii gama siyaasaa, hawaasumman akkasumas hariiroon dhiirotaafi dubartoota xiinxaluu irratti kan fuulleffate yoo ta'u namfakkiin dubartii asoosama kana keessatti argamanii siyaasaan dinagdeenfi hawaasumaan akkasumas ciminniifi haqinni isaanii tokko ta'uu waan hin dandeenyef argannoon isaanis garaagara ta'a. Tokkummaan isaanii immoo kitaabileen asoosamaa kunneen ija yaaxina dubartummaan xiinxalamuu isaaniti.

Qorannoo biraa mata duree "Xiinxala Gooban Galeessa Asoosama Yoom Laata?", Ahimed Abdiin bara 2011, digirii jalqabaaf qorannoo dhiyaatedha.Qorannichis, namfakkii gooban galeessa asoosamichaarratti kan kaayyeffate ta'uusaa hubachiisa.Gaaffii" Gama kamiin?" jedhu deebisuu haadhiisu malee, keessa isaatti namfakkiilee afur eeruun haala keessaafi alaan, itti fufiinsafi amanamummaa isaanii ibsuun boqonnaa dhumaarratti akka ibse arguun nidanda'ama.

Garaagarummaan qorannoo kana waliin qabu immoo xiinxala yaaxina dubartummaa kitaabilee asoosamaa Rirrittaafi Hiree Galgalaa jedhu irratti xiyyeeffachuu yoo ta'u, tokkummaan isaanii sabseenaa keessatti goobangaleessis ibsamuu isaati.

Waaqumaa Bokkee (2011) mata duree "Xiinxala Asoosamoota Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa Ija Yaaxina Feeminizimii" jedhuun kan qoratame yoo ta'u, kaayyoon isaas dubartoota kallattii siyaasaan, dinagdeen, hawaasummaan ilaaluu, ciminafi hanqina dubartootaa adaan baasuu, jechootaa barreessitoonni asoosamoota sunneen itti fayyadaman ibsuu yoo ta'u, garaagarummaan qorannoo kana faana qabu, kitaabilee asoosamoota Hiree galgalaafi Rirrittaatti fayyadamuudha. Tokkummaan isaa immoo ija dubartummaan xiinxalamuu isaaniti.

2.8.Yaaxxinaalee Qorannoo

Yaaxinaalee qorannoon tokko irratti xiyyeeffatuun walqabatee yaadota garaagaraatu jiru. Haaluma kanaan, ragaan toora intarneetii http//www.smu.ca/ irraa argame akka ibsutti, yaaxxina jechuun adeemsa hogbarruun tokko ittiin hubatamuufi xiinxalamu yemmu ta'u faayidaa hog-baruu, walitti dhufeenya barreessaafi barreeffamichaa, dubbisaa, hawaasaa, seenaafi afaan ittiin barreeffamee kan agarsiisu ta'uu isaa yaadni toora intarneetiirraa argame akka itti aanutti ibsa."Theory is the process of understanding what the nature of literature is, what functions it has,

what the relation of text is to author, to reader, to language, to society, to history. It is not judgment but understanding of the frames of judgment'' jedha. Carter, (2006:14) yaaxxina qeeqa ogbarruu yemmuu ibsu:

> The problem is that defining what counts as theory and what one means by 'literary' is not an easy task. More critics and theorist have grappled bravely with the problem but have finally give up declaring that it does not matter analyze some theorists head one to the conclusion that literary theory; theory does not reall exists as an independent discipline, there is many claim just 'theory', theory about everything.

Waraabbii armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti, hojiilee ogbarruu kallattiifi haala ilaalcha namootatiiin qeeqaafi yaaxxina ogbarruu ibsuun hiika salphaafi gabaabaa ta'e kennuun rakkisaa akka ta'e agarsiisa. Bifuma kanaan, namoonni yaaxina garaagaraa hundeessuun hojiilee ogbarruu qeeqanis maalummaa isaa ibsuun ifaafi salphaa akka hintaane kaa'aniiru. Yaadni kun hojii hogbarruu tokko xiinxaluuf, yaaxxinaalee qeeqa hogbarruu bu'uureffachuun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa. Qeeqni ogbarruu kunis yaaxinaalee garaagaraa kan of keessaa qabu yoo ta'u, hojii qorannoo kanaaf kan filatame yaaxina markisizimiiti.

Wekipedia Encyclopidia (*WWW.Welipidia.org*) akka ibsutti, Maarkistii dubartoota birmadummaa gonfachiisuuf sirna abbaa qabeenyaa balleessuun yookiin hambisuuurratti kan xiyyeeffatuudha. dubartoonni Maarkistii dhabamuu, walqixxummaan dubartootaaf sababa buu'uraa kan ta'u sirna bulchiinsa abbaa qabeenyaati jedhu. Sirna Kaapitaalizimii keesatti, dubartoonni akkuma dhiirotaa namoota sadarkaa olaanoorra jiran tajaajiluufi fedhii isaanii guutaa waan turaniif walqixxummaan dubartootaa kennamurraan kan ka'e sarbame jedhu. Dhibamuu walqixxummaa dubartootaaf sababa kan ta'u, sirna kaapitaalizimiidha yaadni jedhu kun yaada dubartummaa maarkistiin burqe miti. Sararri weebisaayitii, (www.Syl. com) akka ibsutti, dubartummaan maarkistii yaada amantaa Kaal maarkirraa akka fudhatan ni ibsa.

BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

3.1. Gosa Qorannichaa

Malli bu'uuraa qorannoon kun ittiin gaggeeffamu mala qorannoo akkamtaatiin ta'ee kitaabilee asoosamaa *Rirrittaa* jedhuufi *Hiree Galgalaa* jedhu yaaxina irratti xiyyeeffachuun sakatta'uufi xiinxaluudhaan kan ibsu ta'a. Kunis asoosamoota kanneen dabaree dabareen dubbisuun kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uudhaan erga kophaatti cuunfamee booda gara qindeessuutti jijjiiruun kan kaa'ameedha.

3.2. Madda Ragaalee

Qorannoo kanaaf madda raga tokkoffaa kan ta'an asoosama dheeeraa *Rirrittaa* jedhuu fi *Hiree Galgalaa* kan jedhudha. Asoosamaa kanneen lamaan irra deddeebiin dubbisuun haala kaayyoo qorannoo kana faana walqabateen ilaaluu irratti kan xiyyeeffateefi madda ragaa tokkoffaa kitaabilee kanneen kan fayyadame yoo ta'u akka madda raga lammaffaatti kitaabilee yaaxina kana bu'uura godhatanii qophaa'anis sakatta'uun danda'ameera.

3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Irraawwatamtoonni qorannoo kanaa asoosama dheeraa *Rirrittaa* jedhuufi *Hiree Galgalaa* kan jedhu yoo ta'an, asoosamni kunneen kan filatamanis isaan lachuu nama tokkoon barreeffamuufi keessattuu dubartiin barreeffamuun hangam ija dubartummaatiin haala qabatamaa hawaasa keessa jiru kaaste kan jedhuufi dubartoonni biroollee xiinxala haala kanaan godhamu irratti hundaa'uun bu'aa buusuu haala kamiin akka danda'aniifi fakkeenyummaa dubartii kanaallee baasanii mul'isuuf gahee qabaachuu isaanii ilaaluufi Kanaan duraa kallatti dubartummaan xiinxalli kan irratti hingaggeeffamnee ta'uu akkasumas barreessituun kitaabilee kanneenii akkamiin akka ibsite ilaaluuf illee kan filatamaniidha. Tooftaa iddaatteessuu kaayyeffataatti dhimma kan bahameedha.Kunis mala kaayyeffataatiin kitaabicha irratti xiyyeeffachuun xiinxalamaniiru.

Sababiin is Singth (2006) iddatteessuun kaayyefataan qorataan ofii isaaf kaayyoo qorannoo isaarratti hundaa'uun akkaataa galma ga'uu danda'uun kan filatuudha jechuun ibsa Kanaaf

qorataaanis odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu kitaabilee kanneen keessaa argachuun ni danda'ama amantaa jedhuu waan qabuuf tooftaa kana filate.

3.4. Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoon kun qeeqa asoosamaa waan ta'eef, tooftaan funaansa ragaa qorannichaa kitaabilee eremaan sakatta'uudhaan. Haalli keessa darbamus dura kitaabilee asoosamaa qorannoon kun irratti gaggeeffamuuf qopheeffame irra deddeebiin dubbisuu, itti aansuun dhimmoota dubartummaa achi keessa jiran kanneen dhimma walfakkaatu qaban kophaa kophaa isaanitti akka dhimma irratti fulleeffataniin qindeeffamaniidha .kunis kitaabilee kanneen irra deddeebi'uun dubbisuudhaan odeeffannoo mataduree qorannichaa wajjiin deemuu danda'an akka fakkeenyaatti keessaa fudhachuudhaan qeeqama.

3.5. Tooftaa Qaacceessa Ragaalee

Qorataan kun qorannoo isaa asoosamoota '*Rirrittaafi Hiree Galgalaa'* jedhaman irratti xiyyeeffachuun qeeqa dubartummaa kan gaggeessu ta'a. Qeeqa isaa kanaan dhimmoonni asoosamoota kanneen keessatti ija yaaxina dubartummaan dhiyaatan haala qabatamaa jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti mul'atu irratti hundaa'uudhaan akkaataa walitti dhufeenya isaaniitiin waljala galchee qeeqa isaa kan gaggeesseedha.

BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAA

4.1 Sabseenaa Asoosama Hiree Galgalaa

Kuulaniin barattuu taatee osoo jirtuu magaalaa irraa gara baadiyyaatti osoo deemtuu Gurmeessaa Lammii nama jedhamuun butamte.“Kuulaniin osoo Gurmeessaan ishii hinfuudhiin dura barattuu turte. Bareedduu simbo qabeettii, ishii ilaalanii deebi’anii lafa ilaaluun kan haalan nama jibbisiisu turte. Ishiinis warra ishiitiif tokkittiidha.Dhiiras shamarras ishuma qabu. Kuulaniin waa’ee barachuufi heerumuu ishee irratti walfalmaa turan. Abbaan akka barattu yoo barbaadu, haati immoo heerumsifachuu feeti. Haa ta’u malee haati ishee jaarsummaa itti yaamtee amansiisuuf yaalte. Kuulaniin osoo warri manaa waldhabanuu kutaa 9ffaa aanaa Dandii mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Giinciitti barachuu eegalte. Haa ta’u malee yaannifi qalbiin ishee bakka kudhan ta’e.Yaadaan waliigaluu dhabuun warra ishee yaaddoo cimaa sammuu ishee keessatti uume.” Gama biroon Oliiqaanis barataa mana barumsa kanaa yammuu ta’u, adeemsa keessa Kuulanii waliin jaalala keessa galan.Bakkeewwan bashannana garaagaraa kan akka bosona cillimoo fa’aa deemuun qilleensa qulqulluu waliin fudhachuun jaalalli isaanii guyyumaa guyyaatti lalisaa adeeme. Naannoo maatii irraa fagaatanii magaalaatti galanii baratanitti mana jireenya walii isaanii deemuunis jaalala isaanitti lubbuu horaa adeeman.

Haa ta’u malee hanga yoonaa jaalala obbolummaa waliin dabarsaa turan. Adeemsa keessa garuu afaanii baafatanii jaalala hiriyummaa waliin jaalalee walii ta’uuf walgaafachuu baatanis onneen isaanii erga walitti bilbiltee oolee buleera. Haa ta’u malee Oliiqaan, guyyaa tokko onneen jaalalaa isheen dhiphatte kana isheef ibsuuf murteesse.Yaanni ishees isa dirqisiise.Haa ta’u malee Oliiqaafi kuulaniin daree tokko keessatti waliin waan barataniif yeroo hundaa jaalala isaanii waliif ibsu. Yaaddoo maatii irraa kan ka’e Kuulaniin miidhamuu eegalte. Haalli kun immoo Oliiqaa baay’isee yaaddesse. Garuu Kuulaniifi Oliiqaan waliin bakka bashannanaa garaagaraa deemuun doowwachuun isaanii akkuma itti fufetti jira. Namoonni garaagaraa miidhagina ishee irraa kan ka’e qoccoolloo adeemsisanis jiru. Garuu haalli kun keessa Oliiqaatti shakkii waan uumeef yeroo jalqabaaf Kuulanii waliin buluu murteesse. Kuulanis guyyaa kanarraa kaasee garaatti hafe.

Haaluma kanaan osoo jiranuu isaan lachuu baadiyyaa maatii ofii bira deemuuf murteessan. Guyyaa deebi'anis waliif galan. Daandiin isaanii gargar waan ta'eef addumaan deeman.Karaatti garuu kuulaniin nama Gurmeessaa jedhamuun butamtee fudhatamte. Haalli uumame garuu maatii isheefi Oliiqaaf ifa miti. Adeemsa keessa maatiin kuulanis baran warri Kuulanii akka isheen butamte hin dhageenye. Garuu, yoon qormaata xumurre nan dhufa waan jetteef yaadaan ishee eegaa jiru. Haa ta;u malee isaan kan eegan kuulanii osoo hintaane warra ishee bute ta'ee argame. Erga araarrifi waliigalteen maatii isaanii lamaaniin raawwatamee booda Gurmeessaafi kuulaniin jireenya waliin adeemsisuu eegalan.

Kuulaninis godaannisa keessa isheetti baattee Gurmeessaa waliin jiraachuu eegalte.Mucaa dhalates abbaan biddeenaa akka abbaatti haa fudhatu malee haadhaaf garuu mucichi iccitiidha. Dabalataanis ijoollee lama Gurmeessaaf deesse. Fayyisaafi seenaa erga Kuulaniin deesseefi booda Gurmeessaan sababa dhukkubaatiin ijoollee isaafi Kuulanii karaa gubbaatti gatuun du'aan boqote.Guyyaa kanarraa kaasee jireenyi maatii kanaa gaddisiisaa ta'e. Mana namaa hojjachaa, cilee gubaa Biqilaa barsiisuu itti fufan.Oliiqaanis hanga ammatti eessa akka jirtuufi hinjirre addaan baasuu hindandeenye. Garuu jaalala birofis bakka hinkennine. Adeemsa keessa xalayaa hinyaadamne harka Oliiqaa galte.Xalayittinis kuulanii irraa kan ergamteedha. suurri ani siif erge kan kiyyaafi kan mucaa keetii kan Biqilaati. Ilma kee anaafi sirraa uumame ta'uu dursitee akka bartu sihubachiisuufi. Yoo Rabbi jedhemmoo ilma kee ija dhugaan arguu dandeessa. Har'aaf naga'e. jechuun xalayaan Kuulaniin ergite Oliiqaan dubbifamte.

Oliiqaan kuulanii ijaan arguuf haa hawwu malee, guyyaa kanaa kaasee osoo ijaan wal hin argin Oliiqaan barnoota isaa xumuree hospitaala xiqur Anbassaatti dooktara ta'ee hojii eegale. Kuulaniifi ijjoollee isheetti garuu,jireenyi guyyumaa guyyaatti itti cime.Biqilaas kan barsiisan cileedhuma kana gurguraniiti. Biqilaa Gurmeessaas barataa cimaa waan ta'eef qabxii gaari fiduun yuunivarsiitii Finfinneetti barnoota fayyaa eegale. Dr.Oliiqaanis yuunvarsiitiidhuma kanatti haa barsiisu malee Biqilaan ilma isaa ta'uu hin beeku.Garuu akka nama tokkotti, Biqilaan barataa cimaa ta'uu waan hubateef Dr Oliiqaan gargaaraa ture. Namoonni baay'een walfakkaachuu isaanii akka obbolaatti haa ilaalan malee abbaaf ilma ta'uu isaanii kuulanii malee namni beeku hin jiru. Biqilaanis haaluma kanaan barnoota isaa itti fufee guyyaan eebbaa ga'e.Kuulaniinis eebbisuu baddiyyaadha gara Yuunvarsiitii Finfinneetti qajeelte.Guyya eebba isaa kanas Dr Oliiqaa affeere. Sagantaan eebbaa erge raawwatee booda ijoolleen maatii isaanifi hiriyoota waliin suuraa ka'aa jiru. Biqilaanis haadha cileen guddisaa turte waliin walbarsiisuuf

murteesse. Kuulaniifi Dr Oliiqaan erga yeroo barattoota turanii addaan bahanii guyyaa eebbaa kana waan wal arganiif dafanii wal hubachuu hindandeenye. Kuulaniinis naatee adoodde.Of wallaaltes. Haalli kun immoo Dr Oliiqaafi Biqilaa naasise. Kuulanis erga hospitaala geessanii of bartee booda olii jettee waamuu eegalte. Kun immoo yeroo dheeraaf addaan waan turaniif Dr. Oliiqaa rifachiise. Biqilaanis akkasuma. Kuulaninis abbaa isaa dhugaa ta'uu Dr Biqilaatti himte.

4.1.1 Xiinxala Asoosama Hiree Galgalaa Markizimii Dubartummaan

Asoosama Hiree galgalaa kallatii Markizimii dubartummaatn maal akka faakkatu haala armaan gadiitii taa'anii jiru.

4.1.1.1 Dhiibbaa Gama Hawaasummaan Gitni namfakkii Dubartoota Irraan Gahe

Hawaasa keessatti dubartoonnii kallattii garaagaraan ibsamu. Akka aadaattis dhiira gadi akka waan ta'aniitti fudhatamu. Hojiin dubartoonni hojjataniifi dhiironni hojjatan uumamaan akka waan garaagara ta'eetti ilaalama. Haaluma kanaan asoosamaa Hiree Galgalaa keessatti namfakkileen dubartootaa haala armaan gadiitiin fudhatamaniiru.

> Gurmeessaa Lammii dhukkuba dhukkubsatee erga itillee irratti hafee waggaa tokko guutee jira. Itillee gubbaa ciiseetti ijoollee isaa reefu kurkuruu jalqabde ija jaalalatiin ilaala.“ Ani bade yaa leenca lammii ijoolleen koo osoon abidda bira hin dabarfatin na qabdee” jedhee ciisee aada. Kuulaniinis haati manaa isaa mana yaalaa meeqaan ittiin joortee dadhabnaan manumatti haa du'u jettee gara mana isaanitti deebifte.Qabeenyi hiree galgalaa isaan qabanis yaalii isaatti dhume.Kuulaniin ijoollee sadi ,lama kan abbaan afaan lubbuun afaan boollaa qarqara geesseefi tokko immoo kan abbaan bakka jiru hinbeekne qabattee dhukkubbii Gurmeessaatiin yaaddoo hamtuu keessa seente. (Hawwii Gonfaa, 2014: 9)

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti haatifi abbaan maatii tokkoof murteessaadha.Waldeeggaranii ijoollee ofii guddifachuuf taattafatu. Haa ta'u malee Obbo Gurmeessaan du'uu isaa erga beekee asitti haala itti haati manaa isaa ijoollee isa guddisuu dandeessu dhaamuufiitti ce'e. Kun immoo Kuulleen ba'aa dabalataa baattee akka teessu taasise. Qabeenyi isaan waliin kuufatanillee sababa kanaan waan dhumeef Kuulleetti hojiin dabalataa dabalame. Gama biroon dubartoonni murtee mataa isaaniitiin osoo hin taane giddu seentummaan maatiifi olaantummaan dhiirotaa hangam jireenya dubartootaa miidhuu akka danda'u kan ibsu yoo ta'u, erga ilmaan argatanii booda irra caalaatti dubartoonni jireenya mana keessaa fooyyesuu, ijoollee guddisuu, ijoollee da'uu, huccuu miiccuu, nyaata bilcheessuu, hojii mana keessaa guutummaatti hojjachuu irratti xiyyeeffatu. Haalli kun immoo umrii isaanii guutuu jireenya biroo

gama barnootaan argamu kan haala horannaa daa'imaa illee murteessuuf gargaaran osoo hinbarin qisaasama humnaafi xiinsammuun miidhamu. Haalli kun immoo qabatamaan hawaasa keessatti kan mul'atuufi olaantummaan dhiirotaa jiraachuu barreessituun kun walqabsiisuun loogii tokko malee ibsuu ishee namfakkattii dubartii muummee kan taate Kuulanii irraa hubachuun nidanda'ama. Gama Markizimii feminizimiitiin yoo ilaalle dubartoonni akka tajaajiltootti malee aangoo olaanaa qabaatanii hinmula'atan.

Haaluma kanaan namfakkiin dubartii kunis bakka abbaan manaa hinjirreetti haati manaa qooda abbaa manaas baattachuu akka dandeessu kan agarsiiseedha. "Ehi! Ehi! Kuulanii kan koo dhumatee jira. Ilmaan koo Rabbi waliin sitti dhiise. Atuu jajjabaa ilmaan koo jabaadhuu guddisi. Firris nijiraa kan dantaa dhuunfaa isaaf qofa kaatutu guute malee. Utubaa qe'ee kiyyaas hinjigsinaa, akeekaafi kaayyoo koo galmaan ga'aa" jedhee yeroo dhumaaf dubbate.(Hawwii , 2014:11) waraabbii kana keessatti utubaan abbaa bakka olaanaa qabaachuu agarsiisa. Haati immoo utubaa abbaa ilma hangafatti dabarsuu qabdi. Kun immoo haati hanga ilmoon geessee utubaa abbaa qabachiiftuutti dirqama namummaa akka hawaasaatti qabaachuu ishee agarsiisa. Kuulaniin bakka barumsa barachaa jirtuu deemtee gara mana isheetti maatii biratti yammuu galtu harmee isheen kabajamuu agarsiisa kun immoo gara laafinni dubartoota dhiira caalaa jiraachuu argina.

> Harmeen ishii daddaftee nyaata fiddeef. Nyaata harmeen ishii kenniteef nyaachuu eegalte.Kuulaniin osuma nyaata nyaachaa jirtuu abbaan ishii ija dura dhufe. "Harmee abbaan hoo?" jettee gaafatte. "Mee dhiisi yaa intala koo abbaan kee erga gidduu kanaatii anumatti isa kaasee amma garuu gara warra obbo Dachaasaa kana dhaqe natti fakkaata jettee maddii ishii lamaan qabattee fuuldura Kuulanii teesse. (Hawwii Gonfaa, 2014: 30)

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti, garaaragarummaa maatii ishee gidduu jiru Kuulaniif guyyaadhaa guyyaatti boqonnaa kan kennuuf hinturre. Abbaan akka barattu yoo fedhu haatii immoo heerumsisuuf tattaaffachuun Kuulanii yaaddoo birootiif yeroo hundaa akka saaxilamtu taasise. Gitni namfakkii kun hawaasa keessatti sababuma dubartii taateef fedhii isheen ala heerumsiisuuf haati haa yaaddu malee osoo dhiira taatee umriinis fuudhaaf gahuu qaba. Sammuunis mana bulchuuf bilchaataa ta'uu qaba jedhamee waan yaadamuuf yeroon osoo hinga'in fuusisuuf hinmuddaman. Kanaafuu dubartummaa rakkoo kanaaf akka kuulaniin saaxilamtu taasisuu isaa mul'isa. Gama biroon immoo Kuulaniin baafattee dubbachuu haa baatuyyuu malee barataa Oliiqaa jaalattee yeroo cinqamtutu mula'ata.Waraabbiin itti aanee jirus kanuma agarsiisa."…Kuulaniinis afaanii baafattee jaalala oliiqaaf qabdu himuu baattuyyuu isaaf

onnee ishee erga bantee ooltee bulteetti. Yeroo yaada isaa kana dhageessu ninaate. Naasuu gammachuuti." (Hawwii , 2014: 38)

Dubartoonni akkuma warra dhiirotaa jaalallii keessa isaanitti yammuu dhaga'ame dabarsaanii himachuu keessatti dhiibbaan hawaassummaa waan jiruuf ni sodaatu,ni qaana'uus, kanaaf jecha yeroo hundaa akka hawaasatti akka warri dhiiraa gaafatantu tilmaamama. Kun immoo shamarran gadaantummaa dhiiraa jalatti akka kufan taasise. Dubartoonni fedhii isaanii haala barbaadaniin ibsachuuf haallifi barsiifanni hawaasaa ni daangessa. Mirga uumamaan garaagarummaa saalaa malee kanneen biroo dhiiraafi dubartoota gidduutti jiru haalli hawaasaa nidaangessa. Gaafataan, ija jabeessi, murtee gurguddaa kennuun murteessuun, qe'eetti hafee qe'ee abbaa dhaaluun akka gahee dhiiraa qofa ta'etti waan fudhatamuuf dubartoonni heerumuun gara biroo akka deeman taasise. Kun immoo dhiibbaa namfakkii dubartoota irraan gama hawaasummaan geessise jechuun fudhachuun nidanda'ama. Barreessituun asoosama kanaas dubartiin jaalalaaf gaafatamuu malee fedhii ishee baastee dhiiraafi maatii isheef ibsachuu akka hindandeenyeen kalaqxe. Dhugaa hawaasa keessa jiruun namfakkiin kun kan kalaqamte ta'uu waraabbii armaan olii irraa mirkaneessuun nidanda'ama. Kun immoo akkuma Markizimii dubartummaa dubartoonni warreen dhiiraan durfamuu isaanii ibsuuf kan gargaaran ta'uu isaanii ibsa. Sababa barnootaan walitti haadhiyaatan malee keessa Oliiqaafi Kuulaniitti jaalalli waan uumameef osoo fedhii barnootaa qabanii jaalalaan taakalamuun isaanis taatee hawaasummaa keessatti dhiironnifi dubartoonni waliin dubarsaniidha. Kun immoo jireenya uumamaa keessatti kan argamu ta'ullee akka hawaasummaatti waan hundi yeroo qaba waan jedhutti hawaasa keessa jira. Kunis intalli geessefi ilmi gahe tokko akka heerumtuufi fuudhu akka hawaasatti nijajjabeeffamu. Kun immoo kan raawwatu abbaan ilma fuudhuu maatii intala heerumtuu waliin waliigaltee erga taasisanii booda kan ta'uudha. Haa ta'u malee bifa kanaan osoo hinraawwatin Kuulaniin oliiqaa waliin jaalala keessa waan seenteef akka fedhii foonii raawwatan ta'eera. Akka dhugummaa hawaasa keessa jirutti shamarri durbummaan erga irraa fudhatamee booda heerumtu kabaja hinqabdu, hawaasa biratti jibbamtuudha. Kun immoo guyyaa sanaa kaasee akka garaa isheetti hafu ta'eera. Hawasa keessatti shamarri tokko osoo hinheerumin yoo ulfoofte, kabaja hinqabdu, qaanii guddaadhas.Haala kana keessatti immoo kuulaniin rakkoo biroof hawaasa keessatti akka saaxilamtu taasise.

Uummanni Oromoo safuufi seera mataa isaa qaba.Walkabajee waljaalatee akka hangafummaafi quxisuutti gahee walii qoodee jiruufi jireenya isaa adeemsifata.Ilmi tokkofi intalli tokkoos osoo

gaa'ilaaf geesse seera ittiin abbaan ilma fuudhuu warra intalaa heerumtu seeraan waraqaa ergee margaafi qarshii erguun kaadhimmata. Kun gama kaadhimmachuun kan raawwatamu yoo ta'u, kan immoo butiin walfuudhuus jira. Kuulaniinis erga butamteen booda akka aadaa hawaasaatti jaarsota wantoota safuu ta'an waliin ergan. Akka aadaa hawaasaatti meeshaaleen safuun kun kabaja olaanaa qaba. Hinqolamus. Haa ta'u malee shamarran bifa kanaan hawaasa keessatti osoo hinjaalatan akka bultii horatan taasifama.

"Naannoo kanatti yoo shamara butan warri mucayyoo bute, bokkuu, kallachafi farda luugamanii warra intalaa deemuun mana irraa xiqqoo fagaatanii kadhachuu eegalu. "Balleessinee nuuf araaramaa!" balleessaa isaanii himachaa" gatii baafna!"jedhu."(Hawwii Gonfaa, 2014:51).Haala armaan oliitiin hawaasa keessatti akka araarri raawwatamu taasifama.

Dubartiin tokko fedhiinis haa ta'uu, fedhiin ala yoo fedhii foonii raawwatte, garaatti hafuu danda'a. Kuulaniis kan muudate dhimmuma kana yoo ta'u, isheenis mucaa oliiqaaf garaatti hafe baattee Gurmeessaa waliin jiraachuun yaaddoo gara lamaa ta'ee itti dhufe. Tokko, Oliiqaatti deebitee jiraachuu, gama biroon immoo Gurmeessaa waliin jiraachuun jireenyi ishee gara lamaan akka walxaxuu ishee taasise. "…Kuulaniin erga gaafa Oliiqaan osoo hinjaalatin dirqamni gargar isaan baaseetii godaannisni keessa ishiitti uumame baattee jiraachuun dirqama ishiitti ta'e. Mucaa ishii Biqilaas erga deessee garaa murtee deemuu hindandeenye."(Hawwii Gonfaa, 2014: 54). Erga Biqilaa deesseen booda gara Oliiqaatti deebi'uun gama maatii isheen hawaasa keessatti safuu cabsuu yoo ta'u, gama biroon immoo mucaa garaatti hafe ifa baasuun rakkoo biroo ta'ee mul'ateera. "…kuullee bareedduu qal'oo mudhiin sonsaa kan luuccaan ishii dugdarraa ciisu kan kaarruun ishii nama naasisu har'a jaartii waggaa shantama fakkaatti."Hin amanu" kuulleen akkana taatee jechuun lubbuun jiraachuun gatii wayiituu hinqabu".(Hawwii ,2014:57). Kuulaniin sababa jireenya gadadoo hawaasa keessatti adeemsisaa jirtuun umrii malee dulloomuu ishee yeroo itti ibsamutu mul'ata. Kun immoo namni tokko jireenya hawaassummaa keessatti haala miijataa yoo dhabe, jireenyi guyyuu isaa rakkisaa yoo ta'e dulloomuu dhiisee sadarkaa du'aa irraan gahuudhaa nidanda'a. Sadarkaa yuunivarsiitiitti immoo barnoonni cimaafi ifaajii guddaa kan barbaaduudha. Barataa/ ttuu jabaatee yookiin jabaattee qo'attetu galma barbaaddee gahuu dandeessi yookiin danda'a. Garuu kan waa lama dhabee asiifi achi morma mirmirsus hindhabamu. Akka barreessituun kun bakka kanatti kaa'uuf yaalteetti shamarran dhiirota barnoota isaaniitiin cimoo ta'an dogoggorsuun kiyyoo jaalalaatti yemmuu galchuu deeman mula'atu. Tooftaa isaanii keessa tokko immoo qarshiin gowwoomsuuf yaaluu isaaniiti. Kanaafuu

shamarran dandeettii gahaa akka hinqabneefi hirkattummaan sadarkaa yuunivarsiitiitti mul'achuu isaanii argina. Kun immoo dubartoonni jireenya hawaasummaa keessatti hirkattummaa qabaachuu isaanii kan itti ibsameedha. Kun immoo dadhabina dubartootaa waan agarsiisuuf haala itti dorgomtuu taatee mul'achuu dandeessu irratti xiyyeeffachuun barbaachisaa ture. Gama yaaxina Markistii dubartummaa yoo ilaalle dubartoonni tajaajiltoota warra aangoo qabanii, qabeenya qabanii isa jedhuun dhugummaan hawaasa keessa jiruun bu'uureffamaniiru. Waraabbiin armaan gaditti taa'es kanuma agarsiisa.

"Biqilaan waan barataa cimaa ta'eef shamarraan hedduun yeroo baay'ee qarshiidhaan isa dogoggorsuu barbaadu. Inni garuu yeroo hundaa kan isatti mul'atu barumsaa waliin kaachuudha.Yeroo deemu, yeroo taa'u, yeroo nyaatu yaanni isaa biraa hinfagaatu."(Hawwii Gonfaa, 2014: 60).Biqilaan kaayyoo manaa baheef beeka. Haala maatiin isaa keessa jiranis nama sirriitti hubatee xiinxaleedha. Barattoonni kamiyyuu kaayyoo barnoota barataaniif qabu. Kunis ofjijjiiruu bira darbanii maatiifi biyya isaanii jitreenya rakkisaafi gadadoo keessaa baasuu yoo ta'u,

Lammiin waliif gaachana; gaachana waa hundaa caalu; kan yeroo rakkoo nama qaqqabu; kan yeroo gaddaafi gammachuu nama bira dhaabbatu. Abdiisaafi Oliiqaan hiriyaa Afaan tokko haasa'aniifi doormii tokko waliin jiraataniidha.Yaanni isaanii waliin waan deemuuf bakka bashannanaas ta'ee bakkeewwan biro waliin deemuun haara galfatu.Kaaffee keessattis dhimmi ta'e kanuma. Mucayyoon mana sana keessatti keessummeessitu afaan ishee dubbachuun waan itti toleef gara isaanitti haala ishee kennite, Abdiisaa keessatti immoo haalli kun gara jaalala birootti jijjiramuu agarsiisa. Kun immoo dubartoonni gara laafummaa qabaachuufi nama ofii barbaaduu akka jaalatan kan agarsiisu yoo ta'u, mana bunaa keessa hojjachuun immoo dinagdeen isaanii gadi bu'aa ta'uutu namfakkii kana irraa mul'ata. Waraabbiin itti aanee dhiyaates dhimmuma kana kan agarsiisuudha."…Mucayyoo magaala bareedduun simboo qabeettiin tokko alaalaa gara isaanitti dhufaa jirti. Yeroo isaan bira geessuus isaan lachuu Afaan Oromootiin walitti haasa'uu isaanii dhageesseetti. "maali isiniif ajajamu?" jettee oliiqaafi Abdiisaa walmaddiitti ilaaltee. Yeroo kana isaan lachuu keessi isaanii sirriitti gammade." (Hawwii Gonfaa, 2014: 68) Waraabbiin itti aanee dhiyaate kun gara laafinaafi eenyummaa ofii karaa ittiin ibsatan keessaa afaan ishee fayyadamuun isaanii akka ittiin boontee kaaffee sana keessallee waan fayyadaman akka kanfaltuuf ishee taasise. Kun immoo dubartoonni hawaasa keessa gara laafummaa qabanis dabalataan kan jiran ta'uu agrsiisa. Haaluma kanaan kallattiin

eenyummaa namaa ittiin ibsamu keessaa afaan ofii fayyadamuufi keessa ofii haala barbaachisaa ta'een waliif ibsuun walitti dhufeenya cimsu bira darbee tokkummaa uumuu keessatti gahee olaanaa qaba.Jaalanneenis mana bunaa keessa hojjachuun haala qabatamaa yeroo baay'ee dubartoonni naannoo jireenya isaaniitii fagaatanii mana bunaa garaagaraa galuun keessummeessituu ta'uun tajaajilu. Humni isaanis bakkeewwan kanatti haala garaagaraatiin qisaasa'a. Dhiironnis kabajaafi bakka barbaachisaa ta'e kennaniif baay'inaan hinargaman. Maddi kanaas hawaasa keessatti mana bunaa keessa hojjachuun gadaantummaafi hojii tuffatamaa ta'ee kan hawaasa keessatti fudhatamuufi dubartoonni mana bunaa keessa hojjatanis miidhaa gama saalqunnamtiif saaxilamoo ta'uu isaanii niargama. Abdiisaa fa'aas eenyummaa ishee beekuun isaaniif gama biroon walitti dhufeenya gama saalqunnamtiif illee haala miijataa akka waan uumeefiitti namfakkiin kun uumamteerti. Waraabbiin itti aanee dhiyaates dhimmuma kana kan ibsuudha."Jaalanneenis gocha isaanii kana argaa jirti. "Herreegni meeqa?Jaalannee" jedhe Abdiisaan qarshii gara jaalanneettii hiixate. " Herreegni har'a isin lachuu bira miti.Herreega keessan anatu kaffala" jettee diddee biraa deemte."(Hawwii Gonfaa, 2014:71).Herrega isaaniis erga bifa kanaan kanfaltee xumuranii booda, yaada garaagaraa waljijjiiruun yeroo karaa isaanii qabatanii deemantu mul'ata.

Kuulaniin jireenya gadadoo hawaasa keessatti dabarsite, qoccolummaa ishee irratti raawwate, humnaan butamuufi sababa dubartii taatee miidhaan gama kanaan irra gaheefi bakka Gurmeessaan abbaan manaa ishee du'ee jirutti ijoollee abbaan irraa du'eefi abbaan bira hinjirre qabattee guddisuuf qoraan gurguraa, gubaa garaagaraa gubaa, ijoolleen mana namaaseenanii akka hojii humnaa hojjatan gochuun dabaree dabareen barsiisuu yaalufi qophaa ishee gargaarsa tokko malee gahee hadhummaa ishee bahuun yemmuu rakkattu, namni harka ishee qabee jabaadhu jedhuun tokkolleen hinargamne. Kanarraa kan madde jireenya jibbisiisaafi nuffisiisaa garaagaraa dabarsaa turte. Garuu akkuma taatu taatee mucaa ishee Biqilaa barsiisuun gaafa sadarkaa olaanaan geessu kan dur eessa jirtaa ishee hin beekne firoomuuf dhufuutu mul'ata. Haalli kun qabatamaa hawaasa keessa jiru kan ibsu yoo ta'u, Kana ibsuufis mammaaksa Oromoon ittiin ibsatu qaba. "Rakkataa haatu hinjaalattu" kan jedhu yoo ta'u, qabatamaatti haati ilmoo ishee jibbiti jechuu osoo hintaane namni tokko yeroo rakkatetti rakkoo isaa kan itti ibsatu, waliin mari'atu, waliin qooddatu dhabuun jira. Kunis namoota hunda ilaallata osoo hintaane qabatamaa hawaasa keessatti namoota tokko tokko biratti mul'atuudha. Barruun kunis haala qabatamaa hawaasa keessa jiru, dubartoota irra kallattii kamiin rakkoon akka muudatu, daa'ima

abbaa malee guddisuun gidiraafi dadhabbii hangamii akka qabuufi rakkoo kana keessaa bahuuf tattaaffii taasiftu kan itti mul'ateedha. Waraabbiin armaan gadiis yeroo rakkoo Kuulaniin fira dhabdee yeroo gammachuu immoo nama ishee barbaadu argachuun faayidaa ofii jecha akka ishee barbaadan irraa hubachuun nidanda'ama.

> Biqilaan, yeroo inni rakkatee baratu sana Hoodhu kanamee qalama tokkoon bitadhu jedheen hinjiru. Amma garuu qabxiin dhufeefi dhageenyaan firri dhokatee taa'ellee fira ta'ee mataa ol qabachuu eegale. Kuulaniin har'a haadha firaa taate. Ishiin garuu har'as fira ishii kana hin abdanne.Rabbi har'aan ishii gahe garuu dagachuu hindandeenye. "Har'as borus abdiin koo Rabbi tokkicha"jette. "Har'an itti mul'adhe fira kootti? Dur eessa dhaqan? Baran har'a nama ta'ee firri nabarbaachaa dhufe kaa! jette Kuulaniin firoota ishii har'a gaaffii dhufan taajjabdee (Hawwii, 2014: 89)

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti, firri kan barbaachisu gaafa gammachuu qofaa osoo hintaane, gaafa gaddaa , gaafa rakkoo, gaafa ormiifi diinni nama jibbe waliif hirkoo ta'uudha. Haa ta'u malee kan namfakkii Kuulanii bifa kanaan hinmul'anne bakka abbaan manaa irraa du'etti fira dhabdee ijollee ishee waliin jireenya gadadoo yeroo adeemsiftutu mul'ata.Gaafa isheen garuu qoraaniifi cilee ishee gurgurtee mucaa ishee Biqilaa sadarkaa kanarraan geessu, firri duraan bakka jirtu hinbeekne fira ta'ee itti mul'achuu eegale. Kun immoo dhimma dhuunfaa ofiif malee kan isheef hindhimmine ta'uu mul'isa. Hawaasa keessatti bakka rakkoon akkanaa jirutti namni fedhii dhuunfaaf malee nama biroofillee kan hinyaanne ta'uullee hubachuun nidanda'ama.

4.1.1.2 Dhiibbaa Dinagdeen Namfakkii Dubartoota Irraan Gahe

Dinagdeen lafee dugdaa nama dhuunfaa hanga biyya tokkoo ta'uun beekama. Namni dinagdee hinqabne hirkattummaa jalatti kufa.Hirkattummaa jalatti gaafa kufe immoo fedhii isaatiin waan barbaade raawwatachuu hindanda'u. Haala kanaan kitaaba asoosamaa "Hiree Galgalaa" jedhu keessatti gama dinagdeetiin namfakkiin dubartootaa maal akka fakkaataan ibsamee jira. Kuulaniin osoo barachaa jirtuu akka obboleewwan Oliiqaa waliin waan wal ilaalaniif maallaqa irraa barbaadde. "…Kuulaniin qarshii geejjibaa kan ittiin gara biyyaa deemtu waan fixxeef Oliiqaa irraa fudhattee deemuuf gara mana isaa gorte.Olii akkam kiisaan kee waa qabdii? Waan gara biyyaa ittiin gallu" jetteen harkaan kiisa isaa qaqqabachaa. Dubaronni yeroo baay'ee harka warren dhiiraa akka eegan ta'uu waraabbii armaan olii irraa hubachuun nidanda'ama. Kuulaniin ofii qarshii dhabdee yeroo oliiqaa gaafattuu, hirkattummaan gama dinagdeetiin jiraachuu isaa agarsiisa. Silaa akkuma oliiqaa qarshii rakkoo garaagaraaf oolu qabaachuu akka qabdutu

eegamaayyu rakkoon garaagaraa gaafa dubartoota qunname, rakkinicha dhuunfaa isaaniitiin furachuu osoo danda'anuu sababa maallaqa hinqabneef iccitii isaaniillee qaama birootti yeroo dabarfatantu mul'ata.Kuulaniis garaatti hafuun akkuma beekameen sababa maallaqa hinqabneef maatii irraa barbaada deemuun hirkattummaa dinagdee namfakkii kanaa agarsiisa.

Kuulaniin erga gaafa butamtee kaatee yeroo murtaa'eef abbaa manaa ishee Gurmeessaa waliin haa jiraattuyyuu malee, erga inni du'een booda jireenyi isheefi kan ijoollee ishee kallattii hundaan harka isheetti kufe. Kana keessaa bahuufis dirqama ishee dadhabe osoo hinjenne human isheetti aarii baatee ijoollee ishee guddisuufyerootattaffatutumul'ata.

Kun silaa osoo qabeenya qabaattee akkuma nama kamiyyuu mana ishee teessee ijoollee ishee barsiifachuu akka dandeessuufi mana namaas kan hingalchineedha. Haa ta'u malee dhiibbaa dinagdee hinqabneen rakkoo biroof saaxilamu isheetu mul'ata. "…Harmeen isaa torban torbaniin ofii qoraan dugdatti baattee galaa isaa seenaa baachiftee karaa sa'aa afurii deemanii geessuuf. Innis qoraan harmeen isaafi obboleettiin isaa guuraniin dugdatti baatanii magaalaa fidanii gurguranii qarshii isaaf kennan dafqa isaanii ilaaluun osoo gadduu irraa fudhata."(Hawwii Gonfaa, 2014: 57)

Barumsi hundee guddinaa biyya tokkoo qofaa osoo hintaane namni addunyaa kana faanallee akka walbaruuf gahee guddaa qaba.Jireenyi beekumsaan hin hoogganamne immoo rakkoof saaxilamaa ta'uun isaa hinoolu.Kuulaniis barumsa ishee dhiiftee akka heerumtu haati ishee taasisaa turte miidhaa ishee bira darbee ijoollee ishee illee muudate ta'uu waraabbii itti aanee dhiyaate kanarraa hubatama.Akka isheen ofii taatee maatii isheefis hintaane taatee human isheen hoogganamuun akka duubatti deebitee maatii ishee illee abaartu ta'eera. "…Kuulaniin harki muka ciruutti isaan luqqa'e, dugda qoraan baachuutti isaan qunca'e ilaaltee ekeraa haadha ishee biyyoo keessatti abaarti..Osoo barumsa koo irratti gufuu natti ta'uu baattee akkuma hiriyoota koo bakka ga'uun ga'uun koo hin oolu ta'a.Har'a ani ijoolleen koos dararamnee namaa gadi taanee jiraanna"jette. (Hawwii Gonfaa, 2014: 62).Hiriyoonni ishees barumsa isaaniitiin bakka gahan yaadattee gaabbiin guggubattti.

Gama biroon immoo Kuulaniin jireenya ofii argate akka ijoolleen ishee illee deebi'anii hinargine gootutu mul'ata. "Anaaf hindhiphatin ilma koo anaallee yoo darbuu baatee isaanumallee osoo darbee kan koo dur darbe, kiyya ganama bade. Carraa koo kan ganamaa sanatu isinillee rakkisaa jira natti fakkaata."jettee biyyoo harka ishiirraa sukkummachaa". (Hawwii, 2014:72) Kunis ofii

akka sadarkaa tokkorraa hingeenye ijoolleen ishees akka hingeenye akka hintaaneef.Haaluma kanaan dubartoonni hawaasa keessatti dhiibbaan dinagdees ta'ee xiinsammuun irraa gahuu danda'u laayyoo miti. Sabani isaas murtee mataa ishee akka kennuu hindandeenye ta'ee sammuu hawaasaa keessatti uumamuu irraa kan maddeedha. Murteen kunis, mirga haala barbaaddeen barnoota ishee hordofuu dhabuu, maatii keessatti qixa warreen dhiirotaa ilaalamuu dhabuu, hojii mana keessaa guutummaatti hojjachuu, boqonnaa malee walitti fufiinsaan hojiilee garaagaraa hojjachuu, daa'imman guddisuu, irraa miiccuu, nyaata haala barbaachisaa ta'een qopheessuu, qoraan guuruu, bishaan waraabuu, dingdee keessatti waan abbaan warraa murteesse malee murtee fudhachuu dhabuun fa'aa dhiibbaa gama kanaan dubartoota irra gahaa tureedha. Markizimii dubartummaan yoo ilaalamanis dubartoonni warreen dhiirotaan wantoota garaagaraan qixa ta'uu dhabuun isaanii haala kanaan mul'achuu agarsiisa. Kuulaniinis akka fedhii isheetti barachuu dhiisuun sababa dubartummaa isheen butamuufi gudeedamuun akkasumas gahee haadhummaa ishee bahuun ijoollee guddisuufi jireenya gadi aanaa dabarsuun ishee mirga murteeffannaa dhabuu dubartoonni hawaasa keessatti gama dinagdeenis ta'ee kanneen biroon qaban qabatamaatti hawaasa keessa fuudhuun hawaasaatti barreessituun kun kan agarsiifteedha. Waraabbii armaan gadii keessatti akkuma hubachuun danda'amu dubartoonni dinagdeen of danda'uuf bakka bakkatti socho'uun hojiilee garaagaraa hojjachuuf yaalanillee rakkoon gama abbootii qabeenyaa hojjachiifataniitiin irra gahuu isaanii kun immoo Markizimii dubartummaa keessatti warroonni abbaa qabeenyaa humnoota dubartootaa qisaasessuun yeroo hojjachiifatan, gadaantummaan ilaalaan, akka dhiirotaa qixa ilaalamuu dhiisan ta'uu waraabbii armaan gadiitiin walqabsiisuun hubachuun nidanda'ama.

> Yeroo inni akkana jedhuun aariin burcuqqoo bishaan keessa jiru teessoo irraa yoo buttu, bishaan Abdiisaa irratti dhangalaafte.Innis bakka taa'uu utaalee kaballaan gurra adooche. Yeroo kana iyyitee waan biraa taate. To'ataan kaaffee sanaa dhufee isaan lachuu qabee maal akka ta'an gaafate.Abdiisaan waan isaanirratti loopha'uu ni arge. Intalittiin maamiloota isaanii irratti gocha akkanaa raawwachuu ishiitiin erga guyyaa sanaatii hojii irraa ni ari'amte (Hawwii, 2014: 82)

Namfakkiin dubartii mana bunaa keessa hojjatan akka barbaadamanitii ergamanii akka jiraatan yeroo itti godhamutu jira.Yoo haala abbaan qabeenyaa achi keessa jiru jedheefi fedhii maamiloota isaanii hinguunne yoo ta'e atattamaan arii'amu. Arii'amuun immoo rakkoo dinagdee biroof saaxilamuu ta'a. Namfakkiin kunis sababa Abdiisaa waliin walitti buuteef rakkoo hawaasummaa bira darbee rakkoo dinagdee biroof saaxilamuu ishee argina. Jireenyi guyyuu ishee ammas qormaata keessa akka galu kan taasisemmoo hanga hojii biroo argattutti achii

arii'amuu isheeti. Gama biroon immoo rakkoo muudate qulqulleessuu irra tarkaanfii fudhachuun mirgi isaanii illee miidhamuun gadi jedhanii akka jiraatan gochuu, xiinsammuun isaanii miidhamuufi kan kana fakkatan jiraachuu qabatamaa hawaasa keessa jiru bifa ibsuun barreessituun kun kan kaafteedha.

> Kan dhufe hunda keessumeessitee gaggeessiti. Haaloo qabachuu hin barbaanne.Garuu harkaa qabaachuufi harkaa dhabuun hangam akka wal caalu fira ishiirraa hubatteetti.Warruma kaleessa yeroo ishiin qoraan dugda ishiitti baattee gabaa geessitu yoo karaatti itti dhufan ishiirraa fuula achi irraa garagalfatanii akka nama ishii hinbeeknee bira darbaniituu har'a fira ta'ee mana ishii dhufe. (Hawwii Gonfaa, 2014: 89)

Waraabbii armaan olii akka ibsutti, Kuulaniin yeroo dinagdeen miidhamtee fira dhabdee karaa gubbaatti kuftee jirtutti, namni abbaa kanaa jedheen hinjiru.Firas dhabde, har'a garuu gaafa Biqilaan barnoota isaa xumuree sadarkaa kanarraa ga'u, firti duraan jiraachuu isaaniitu hinbeekne mul'achuu eegalee. Kun immoo kuulanii keessatti taajjabbii haa uumuu ,malee akka ofjabeessitee kaayyoo ishee galmaan geessu taasise.Yeroo rakkoo akka namni nama hinjaalanne ta'uullee seeneffama armaan olii irratti ibsameera.Dabalataanis waraabbiin itti aanee dhufe, Kuulaniin bosona cirtee qoraniifi cilee gurgurachuun ishee rakkoo maallaqaa keessa jirtuu furuuf haa gargaaruu malee gama seeraatiin bosona gubuun yakka akka ta'e beekamaadha. Kanumarraa ka'uun yeroo isaan qabamanii hingurgurannellee taasifamuun rakkoo dabalataaf saaxilamantu mul'ata. Gama biroon ijoollee ishee guddisuuf keessa kan xiqqoo jabaatte mana namaatti galchuun jireenyaan ishee dabalatee ijoollee ishee waliin qabsoo jireenyaa eegalte. Haa ta'u malee kanneen dubara caalaa dhiiraa mana namaatti galanii qarshii achii argamuun jireenya isaanii fooyyessuuf yaaluun rakkoo keessa taa'anii rakkoo biroo furuuf akka tattafatan kan agarsiisuudha. "…Harmee erga ilaallee gubnee jiraachuu hindandeenye.Biqiladhaa qarshii eessaa finnee erginfiree?" jedhe.Fayyisaan malli harkaa bannaan " Ilma koo! Anallee isatu na dhibe. Kana jennaan ta'uu dide.Egaa waan ittiin jiraadhaa jedhummoo Rabbiitu beeka.Lubbuu uume akka itti jiraadhus hindhabu hinyaadda'inaa Rabbumatu beeka"jette.(Hawwii, 2014: 110). Rakkoon kuulaniin qabdu yeroodhumaa gara yerootti furamuu waan dideef, yeroo lammaffaa Fayyisaan gara mana namaatti akka deebi'u taasifame.…"Isa yeroo darbee osuma beektuu mana namatti deebitaaree?"Maal goonaree harmee furmaata kanarraa salphataan dhabe kaa"" Tole kaa," jettee Kuulaniin osoo hinjaalatin akka inni mana namaa galu eeyyamteef. (Hawwii, 2014: 111)

> manni isaanis waan jalaa jigaa jiruuf yeroo gannaa bokkaan garmalee waan roobuuf bakka ciisanitti dhimmuun isaan tortorsa. Fayyisaan bakka mana namaa galeetti muujaleen miila isaa fixee deemuu dadhabee okkolaa deema. Mataa isaatti injijjiin galee yoo ilaalaan waan xaafii adii mataa isaa gubbaatti firfirsan fakkaata (Hawwii Gonfaa, 2014: 62)

Waraabbii armaan olii keessatti hanqina dinagdee Kuulaniin qabdu irraa kan ka'e, mana ijaarrachuu dadhabuu, ijoolleen ishee mana namaatti jireenya gadadoo birootiif saaxilamuu, nyaattuun garaagaraan miidhamuun hanqina dinagdee kuulanii irraa kan madde ta'uu hubachuun nama hinrakkisu.

4.1.1.3 Hariiroo Dhiirotaafi Dubartootaa

Dhiironnifi dubartoonni jireenya addunyaa kanaa keessatti kallattii garaagaraatiin walitti dhufeenya qabu. Kaan akka abbaatti, kaan immoo akka ilmootti, kaan akka haadhatti hidhata waliirraa hincinne qabaachuun addunyaa kana keessatti gahee isaanii bahu.Haaluma kanaan hariiroon dhiirotaafi dubartootaa kitaaba asoosamaa kana keessatti maal akka fakkaatu haala armaan gadiitiin taa'ee jira. Waliin jireenya keessatti gama dhiirotaanis ta'ee uumamaan rakkooleen dubartoota irra gahan haala armaan gadiitiin ibsamanii jiru.

Abbaan manaafi haati manaa waliif hirkoo ta'anii jireenya isaanii waliin adeemsisu. Gaafa rakkoo gaafa xiiqii, gaafa jireenyi isaan giddirse waliif tumsuun jala hulluuqu. Kuulaniinis waraabbii armaan gadii keessatti haala abbaa manaa ishee ittiin yaaltee qabeenya ishii xumurtee argina.Yeroo kanattis haala kamiin humnifi xiinsammuun ishee miidhame ilaaluun nidanda'ama.

> Kuulaniinis, haati manaa isaa mana yaalaa meeqaanittiin joortee dadhabnaan manumatti haa du'u jettee gara mana isaaniitti deebifte.Qabeenyi hiree galgalaa isaan qabanis yaalii isaatti dhume. Kuulaniin ijoollee sadi, lama kan abbaan bakka jiru hinbeekne qabattee dhukkubbii Gurmeessaatiin yaaddoo hamtuu keessa seente. (Hawwii, 2014: 9)

Waraabbii armaan olii keessatti, qabeenya Obbo Gurmeessaa waliin qaban sababa dhukkuba isaatiin qabeenya isaanii xumuruu agarsiisa. Kana boodaas ijoollee ishee waliin jireenya karaa irratti kufuu argina. Ijoolleenis rakkoo haadha isaanii kana waliin qooddachuuf murtee murteessanii yeroo jajjabeessan kan argamu yoo ta'u, hariiroon dhiirotaafi dubartootaa rakkina keessattis kan mul'atuudha. Haaluma kanaan dubartoonni jireenya hawaasummaa keessatti hojiilee garaagaraatu isaan irra jira. Kuulaniis yoo ilaalle maatii ishee biratti waldhabdeen gama isheetiin jiraachuun akka sammuun ishee dhiphatu ta'uu, Gurmeessaafi hiriyoota isaatiin reebamuufi lafa irra harkifamuun xiinsammuufi qaamni ishee akka miidhamu taasifamuu, erga

ijoollee godhatteeyyis abbaan irraa du'uun ijoollee kana guddisuuf hojii humnaatti akka bobbaatu ta'uufi jireenya karaa irraa jiraachuun qisaasama human namfakkii kanaa ta'uun bocamteerti. Haala kana hawaasa keessatti yoo ilaalle namni kamiyyuu ilmoo isaa/ishee haala gaariin guddisuuf wanti hinraawwanne hinjiru. Inni qabu salphaatti jiruufi jireenya addunyaa kanaa kanneen waan gaariin guutaman dhuunfachiisee yoo guddisu, inni kaan immoo osoo hinjaalatin dhiiga ofii tufee dadhabee danda'e osoo hinjenne arraabsamee, reebamee, ifatamee, rakkaatee, dhihaafi barii siqiqee akka barbaaddetti tarkaanfatee deemuu dadhabus tiratee tarkaanfata.Namfakkiin muummee kunis jireenya walxaxaa rakkinaafi dukkanaan guutamte keessatti human isheetiin ijoollee guddisuuf yeroo sochootutu mula'ata. Kun immoo haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun namfakkiin kun kana bu'uuramte ta'uu waraabbii armaan olii irraa hubachuun nidanda'ama.

Harmee , hinboo'iin nutuu siif jirraa! Hanga yoomiitti boocha?

Giiftii haadha daa'imaa

Dadhabe hinjettuu ati yoomumaa

Anuu siif guddadhee obsi xiqquma

Sigatee hindeemuu harmee abdiin koo sumaa (2x) (Hawwii, 2014: 12)

Gama biroon immoo hariiroon abbaa manaafi haadha manaa rakkina keessattis kan mul'atu ta'uutu argama. Dabalataanis waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti ijoolleen yeroo haati isaanii miidhamtu, gidiraa garaagaraa argitu gargaaruu baatanis yaadan waliin yeroo dhiphatantu mul'ata. Kun immoo haati isaanii guddisuuf jettee rakkoo argaa jirtuuf wabii qabaachuu isheellee ibsuuf haala ittiin ijoolleen yaada dhiyeessan irraa hubachuun nidanda'ama. Waraabbii armaan gadii irraa hubachuun nidanda'ama.

> Mana keessatti haatiifi abbaan ishii yaanni ishiif qaban faallaa ta'e. Yoo abbaan akka barattu barbaadu, haati immoo "Lubbuun jiraa du'aadhaa. Nuti kan qabnu ishee qofa. Kanaaf heerumsiifannee daa'ima ishii arguu qabna" jechuun mana keessatti yaanni isaanii tokko ta'uu dide. Haati ishii akkanatti hindhiifne jaarsota baaftee yaada kana naaf ilaalaa jetteen.(Hawwii, 2014: 15)

Oromoon jiruufi jireenya isaa yeroo dheeraaf waliin marii'atee odaa jala taa'ee rakkoo fura. Rakkoo guddaas haa ta'u rakkoo xiqqaa tooftaa ittiin furatu kan mataa isaa qaba. Kana immoo nama biro irraa dhaalee osoo hintaane sirna addunyaaf gumaachetu isa badhaase. Waldhabdee gosaan jiruus ta'ee waliin jireenya haadha manaafi abbaa manaa gidduutti uumame tooftaa ittiin

hiikkatu qaba. Namnis araara kana didee gara birootti hince'u. seeratu dhoowwa; seera abbootiifi haawwootii irraa dhaalaman.Waraabbii armaan olii irraa akkuma hubachuun danda'amutti, abbaan manaafi haati manaa jireenyi isaanii walitti hidhamaadha. Ilmoo isaanii irratti murteessuus mirga walqixaa qabu. Bakka ilmaan isaanii rakkoo garaagaraaf saaxilamanittis waliin ta'anii furmaata barbaadu, kanaafuu kuulanii irratti murteessuuf walii galuu dhabuu irraa kan ka'e namoota biroollee gidduu isaanii galchanii marii'achiisu. Marii kana keessattis yeroo jaarsa waamantu mul'ata. Waldhabdeea abbaa manaafi haadha manaa keessatti kan manaa bahee namoota araarsan barbaadu dubartiidha. Kun immoo dubartiin gara warraa ishee irraa dhufte gara warra isaatti waan heerumteef aangoo olaanaa isatu qaba jedhamee hawaasa keessatti waan fudhatamu irraa kan maddeedha. Haati Kuulaniis fakkeenyuma kana ibsuu dandeessi. Haaluma kanaan walitti bu'iinsi illee mana keessatti osoo rakkoo cimaa hinfidin furama. Haa ta'u malee qisaasama humnaa gama kanaan dhufuufis kan saaxilamu dubartoota ta'uu hubanna.

Haaluma kanaan namoonni jireenya isaanii dachaan saffisiisuuf, walitti hidhamanii jiraachuu barbaadu,kanaas bifa jaalalatiin erga walqabatanii booda gara gaa'ilaatti ce'u. Haaluma kanaan kuulaniifi Oliiqaan bakka garaagaraa deemanii yeroo waliin bashannanan, jaalala oliiqaan kuulaniif qabus, haala armaan gadiitiin yeroo ibsu argina.“Kuullee akkam bashannanni har'aa kun ?baay'ee gammaddee jirta mitii? “ jedhee Oliiqaan Kuulanii luuccaa mataa ishii kan gara duubaatti dhahamee dugda walakkaa ciisu irraa baala mukeenii kan irratti harca'an irraa funaanaa, fuula ishii hahaxaa'aa (Hawwii, 2014: 19 keessi ishii gammadee kaarruu ishii ibsitee “ Olii beellama kabajuun namni isa dursu hinjiru. “ jettee akka inni barfatee dhufe itti himuuf. Maal kuullee nageenyi hindursumoo?” jedheen harka isaa lameeniin Kuulanii ofitti hammatee morma isaa jala godhatee.Ishiinis jaalala isaaf qabdu, yeroo ibsituufiitu mul'ata.“Dhiifama Olii koo!” jetteen ija ija isaa keessa ilaalaa. Isaan lachuu walqabatanii siree ishee gubbaa taa'an.“ Amma adabamuu qabda, barii obboroonan dhufa jettee karra alaa na ilaalchisaa oolte mitii?” akka nama mufatee itti taate. (Hawwii, 2014: 24).Osuma bifa kanaan jaalala isaanii adeemsisaa jiranuu gara jaalala mana ijaarrachuutti waliin ce'an.Kun immoo jireenya isaanii keessatti tarkaanfii jalqabaa haa'ta'u malee haala yaadaniin hin milkoofneef.“Adeemsa keessa garuu jaalalli isaanii kun gara jaalala biraatti jijjiirame. Oliiqaan jaalala kuulaniin hedduu qabame. Akka yeroo duraa qo'annaattis of hinbuusu.” (Hawwii, 2014: 31)

Kuulaniin jaalala oliiqaa kallattii tokkoon keessummeessaa, kallattii biroon immoo maatii ishee gidduutti garaagarummaa uumamenis dhiphachaa sammuu ishee waliin dorgommii qabaa deemti.

"…Kuulaniin Oliiqaa waliin jaalala cimaa qabaattuyyuu waa'een adeemsa harmee ishee sodaachise. Sammuun ishii yaada kanaan qabamee barumsa ishii irraayyis gadi bu'uu eegalte. " Oliifi barumsa koo irraa addaan bahuutu nagaddisiisa" jette. (Hawwii, 2014: 33

Hariiroo jaalalaa Oliiqaafi Kuulaniin uumaan sammuu oliiqaa keessattis gaaffiifi dhiphuu uumaa dhufeera.Dhiibbaan uumames Kuulanii rakkoo maaliitu muudate laata? Rakkoo nafaana walqabatu moo rakkoo maatii isheeti laa jechuun xiinxaluun jaalala keessatti hariiroo dhiironnifi dubartoonni waliin qaban rakkoo keessattillee walif birmachuun kan jiru ta'uu agarsiisa. " Kuulaniin adeemsa keessa yaadaan nyaatamuu eegalte. Haalli kun immoo Oliiqaa sammuu isaa keessatti gaaffii cimaa uume." Maaliif akkana ta'uu dandeesse? Rakkina maaltu ishee muudate?" gaaffiin hedduun sammuu isaa keessatti wal'aansoo waliin qabaa jiru."

(Hawwii, 2014: 34)

4.1.1.4 Saamama Humna (dafqa) Namfakkii Dubartootaa

Humni dubartootaa kallattii baay'een sarbama. Keessattuu hojii mana keessaa humni isaanii ittiin saamamu yoo ilaallee: hojii humnaa olii hojjachuu, naannoo baadiyyaa keessaatti yoo ta'e dhoqqee loonii guyyuun haruu, mana qulqulleessuu, nyaata bilcheessuu, gabaa deemuun wantoota jireenya manaaf barbaachisan bituu, lafa kiiloomeetira baay'ee deemuun bishaan waraabuufi kanneen kana fakkaatan yoo fudhanne hojiilee guyyuun boqonnaa tokko malee human dubartootaa saamaniidha. Warroonni dhiiraa garuu, guyyuun hojiilee akkanaa hojjachuun hinmul'atan. Kanaafuu hojiileen akkanaa qabatamaatti humnoota dubartootaa kanneen saamaniidha. Fakkeenyawwan garaagaraa humnoonni dubartootaa ittiin saamaman kitaaba asoosama "Hiree Galgalaa" keessaa kanneen fudhatamanis haala armaan gadiitiin waraabamanii dhiyaatanii jiru. Namfakkii muummee rakkoofi gidiraa garaagaraan ijoollummaa ishee irraa kaasee humni ishee saamame kuulaniidha. Humni ishee qofaan saamamuu osoo hintaane humni ijoollee ishee illee yeroo saamamu mul'ata. Fakkeenyaaf Biqilaan walqabatee ilma hangafa ta'uu isaafi dhiibbaa gama haadha gargaaruun umrii malee humni isaa sarbamuun booda irra ijoolleeniifi haati isa gargaaranii akka baratu haala taasisantu mul'ata.

Maatiin Biqilaa humna isaanii gurguranii barumsa isaa barsiisaa waan jiraniif akka inni kaayyoo isaa irraa hingorreef xiyyoodha. Maatii isaas haala isaan itti barsiisan kana yeroo hundaa osoo gaddaan guutamuu irraa fayyadama."…yaa seenaa koo! Maa boo'uu dida, dafqa keenya duguuggannee qoraan guurree, karaa sa'aa afurii deemnee gurgurru maa boo'uu dida. Mucaan

koo akka hiriyaa isaa huccuu tokko osoo hinjijjiiratin namaa gadi ta'ee jiraata.Garuu guyyaa Rabbi jedhe tokko isaafis nuufis darbuun isaa hin oolu ta'a." jettee imimmaan ishii huccuu ishiitiin ofirraa haqxe." Kun immoo dadhabbii isheefi mararfannaa daa'ima isheef qabdu kan agarsiisuudha.

> Ganama Seenaan hubboo dugdarratti ha'attee bishaan waraabaa gara burqaa yoo kaattu gufattee hubboo daaraa dhooftee wadaroo yookiin aada hubboo harkatti baattee boo'aa haadha ishiitti oldeebite.Yeroo ishiin balbala gubbaa geessu kuulaniin agartee "Moo yaa Rabbi! Nicabsiteemmoo?" Seenaanis hirqitee booche."Koottu intala koonu rabbiitu nutti kakatee maal goonaa mitii koottu taa'i.Isa waliin cabdaree?" hundi isaanituu gaddanii taa'an. (Hawwii, 2014: 65)

Waraabbii armaan olii keessatti haalli jireenya baadiyyaa bosona deemanii qoraan guuruu, bishaan lafa kiiloo meetira meeqaa deemanii waraabu. Kun immoo dadhabbii olaanaa qabaachuu isaa mul'isa. Jireenyi Kuulaniifi ijoollee ishees qaamuma kana qooddatuudha. Hubboon laga buutee bishaan waraabuun gargaarsa haadha isheef taasisuu yoo ta'u, cabuun hubboo sanaa immoo haadha haa yaaddessuu malee, garaan haadhaa danda'aa, obsaa, dhoksaafi gorsaa ta'uu irraa kan ka'e badii raawwatameef mucaa ishee yeroo jajjabeessitutu argama. Seenaan osoo umriin ishee hojii gurguddaa human isheetiin ol ta'e hojjachuun miidhamuu agarsiisa. Hawaasa keessa haala jiru yoo ilaalle, ijoolleen hojii gurguddaa human isaaniitii olii kanneen akka midhaan baachuu, bishaan hubboo gurguddaan waraabuu, mukaafi qoraan human isaaniitii olii baachuun gabaa geessuu, meeshaalee gurguddoo garaagaraa baachuu, manneen namaatti galanii halkaniifi guyyaa hojjechuun humni ijoollee shamarranii yeroo saamamu hawaasa keessatti haalaan mul'ata. Maqaa seenaa jedhu moggaasuun dirree asoosamaa kana keessatti hojii humnaa olii hojjachuun miidhamuu, dabalataan dinagdee maatii ishee irratti dhiibbaa geessisuun haala qabatamaa humni dubartootaa hawaasa keessatti saamamaan mul'atu kan agarsiiseedha.

> Kuulaniifi Seenaan cilee dugda isaaniitti baatanii gabaa barii kana saammachuuf gara magaalaa Giincii qajeelan. Karaan hurufa dagooyyee akkuma bofaa maramee ciisee nama ilaalaa malee nama jalaa achi hin siqu. Kuulanii fi seenaanis osoo dafqi isaanii irraan xuruuruu laga Hawaas bira ga'an."Kuullee ana naaf gamte amma" jette Seenaan, cilee dugdatti baattee tabbatti harkifatee. (Hawwii Gonfaa, 2014: 107)

Waraabbii armaan olii keessatti dubartoonni hojii humnaa cimaafi obsa fixachiisaa garaagaraa keessa darbanii humni isaanii saamamuun jireenya keessa oliifi gadi yemmuu jedhanitu mul'ata. Kuulaniin kallattiin humni ishee ittiin miidhame keessaa inni tokko hojii humnaa garaagaraa raawwachuun yoo ta'u, kanneen keessaayyis tokko qoraaniifi cilee gubuun kiiloo meetira hedduu

dugdatti baattee maatii ishee guddisuuf taasiftu keessatti humni ishee hedduun miidhamuudha. Dabalataanis mucaan dubaraa ishee humni ishee hojii garaagaraa haala barbaachisaa ta'een hojjechuuf ga'umsa gahaa irra osoo hinga'in haadha ishee waliin hojii humnaa hojjechuun saamama human dubartootaa keessatti gahee olaanaa qaba. Haaluma kanaan, Kuulanii qofaa osoo hintaane mucaan ishee seenaanillee haadha ishee faana cileefi qoraan baattee jireenya wal'aansoo haadha ishee yeroo gargaartutu mul'ata.Silaa akkuma hiriyoota ishee barattee galma barbaachisaa ta'e ga'uu tureeyyu kan irraa eegamu. Kanaafuu gama markistii dubartummaanis yoo ilaalle humni dubartootaa hawaasa keessatti haala garaagaraatiin saamamuu isaa nuhubachiisa.

4.1.1.5 Daa'imman Guddisuun Dhiibbaa Namfakkii Dubartootaarraan Gahe

Haadhummaan bu'uura maatiifi murteessaa kan ta'eedha. Haati tokko jireenya ishee keessatti waan hedduu dabarsiti. Muudannoofi muuxannoo jiruufi jireenyaa dhamdhamachaa ba'aa maatii hunda baachaa dabalataan immoo gahee haadhummaa ishee baati. Kunis daa'imni tokko sadarkaa ulfaatti erga garaa ishee keessatti uumamee booda ji'a sagaliifi isa ol osoo dadhabee, beela'ee, nadhukkube, jettee jireenya ishee hin nuffiin garaatti baattee sana booda deesse. Guyyaa deesse irraa kaasee immoo daa'ima dhalate kana guddisuuf irraa miiccitee, dibdee, dhungattee, daaddaa deemsiftee, miila lafa qabsiiftee, dugdatti baattee guddifti. Yeroo kanatti daa'ima guddisuu qofaa osoo hintaane jiruufi jireenya maatii tokkoo keessatti waan barbaachisu guutaafi maatii jiraachisaa, bishaan waraabaa, nyaata qopheessaa, qoraan guuraa daa'ima guddisuu cinaatti hojii dacha hojjatti. Haalli kun immoo warreen dhiiraa irraa kan adda taasisuufi namfakkii dubartii kana akka hojii dabalataatti ilaalama. Kun immoo hawaasa keessatti qabatamaan kan mul'atuufi dubartoota irratti calaqqisiisuudha. Haaluma kanaan asoosama Hiree Galgalaa Hawwii Gonfaatiin bara 2014 barreeffame keessatti haadhummaafi daa'ima guddisuun namafakkii muummee Kuulanii irratti dhiibbaa maalii akka fide haala armaan gadiitiin ilaaluun nidanda'ama.

> Gurmeessaa Lammii dhukkuba dhukkubsatee erga itillee irratti hafee waggaa tokko guutee jira. Itillee gubbaa ciiseetti ijoollee isaa reefu kurkuruu jalqabde ija jaalalatiin ilaala.“ Ani bade yaa leenca lammii ijoolleen koo osoon abidda bira hin dabarfatin na qabdee” jedhee ciisee aada. Kuulaniinis haati manaa isaa mana yaalaa meeqaan ittiin joortee dadhabnaan manumatti haa du'u jettee gara mana isaanitti deebifte.Qabeenyi hiree galgalaa isaan qabanis yaalii isaatti dhume. Kuulaniin ijoollee sadi, lama kan abbaan afaan lubbuun afaan boollaa qarqara geesseefi tokko immoo kan abbaan bakka

> jiru hinbeekne qabattee dhukkubbii Gurmeessaatiin yaaddoo hamtuu keessa seente. (Hawwii, 2014: 9)

Waraabbii armaan olii keessatti haadhummaa jechuun maal akka ta'e, ijoolleefi jireenya walsimsiisanii deemuuf bu'aa ba'ii maalii keessa darbuu akka barbaachisu, dubartoonni rakkoolee garaagaraa dabarsuuf tooftaaleefi cimina akkamii dabarsuu akka isaan barbaachisu hubachuun nidanda'ama. Haaluma kanaan namfakkii muummeen kitaaba asoosama kanaa Kuulaniin ijoollee abbaan isaanii gargar ta'e, iccitiifi safuu hawaasichaa eeguuf jecha ciniinnattee guddisuuf yaaliin isheen goote bakka olaanaa qaba. Itti aansuun Gurmeessaan erga du'ee booda fedhiin, jaalalli, guddinni, galma ga'iinsi ijoollee ishee sadaniif qabdu mataa ishee irratti kufe. Mana ishee keessa teessee haala barbaachisaa ta'een guddisuuf manni faaraa kan itti guddisan hinjiru. Innu ganna ganna roobaan bakka taa'aniifi ciisan dhoowwa. Mana gaarii ijaarrachuuf humni ishee dandeessisu hinjiru. Ijoolleen immoo guddatanii gargaarsa barbaachisaa ta'e gochuufi hindanda'an. Hundi isaanii kan gargaaran dhiifnaan ofiifuu gargaarsafi utubbii walirraa hincinne barbaadu. Firri isaas ta'ee ishee rakkoo kana qooddatuuf haalaan waan hinargamneef dirqamni daa'ima guddisuus ta'ee jireenya mo'achuu mataa ishee irratti kufeera. Maallaqni duraan qabanis dhukkuba abbaa manaa ishee Gurmeessaatti dhumee jira. maallaqni irraa hafee jireenya ittiin adeemsiftuufi daa'ima ittiin guddiftu barbaaduun dirqama waan ta'eef hojii humnaa garaagaraa hojjechuutti xiyyeeffatte. Dabalataanis kophaa ishee ijoollee guddisuu waan hindandeenyeef ijoollee ishees osoo hinjaalatin mana namaa galanii akka hojjatanii jireenya ofii fulduratti dhiiban goote. Daa'ima guddisuufi kophaa ofii jiraachuun hangam akka garaagarummaa qabu hubachuun nidanda'ama. Kanaafuu haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun dubartiin qophaa ishee jiraattu bakka garaa ishee gahuu akka dandeessuufi murtee mataa ishee kallattii barbaaddetti fudhachuu akka dandeessuufi kan ijoollee guddiftu immoo waa'ee ishee osoo hintaane waa'ee ijoollee guddiasuu, uffata uffatan yaaduu, nyaata barbaachisaa ta'e qopheessuufikanneen kana fakkaatan raawwachuu irratti xiyyeeffatu. Kanaafuu gama haadhummaafi ijoollee guddisuu irrattis miidhaan dubartoota irra gahu kan jiru ta'uu hubachuun nidanda'ama.

4.1.1.6 Miidhaa Qaamaa, Saalaafi Xiinsammuu Dubartootaarraa Gahe

Dubaroota irra miidhaan ga'u akkuma gama dinagdeen, hawaasummaafi siyaasaatiin jiru miidhaa qaamaa, saalaafi xiinsammuu haala garaagaraatiin irra gaha. Miidhaan kunis hawaasa keessatti kan isaan irra gahu yoo ta'u, miidhaan qaamaa reebamuu, humni isaanii qisaasamuu,

hojii humnaa olii hojjechuufi kanneen kana fakkaataniin miidhama. Miidhaan saalaa immoo dubartii waan ta'an qofaaf kan isaan irra gahu yoo ta'u, kunis dhiironni humnaan gudeeduun fedhii foonii ofii raawwachuun miidhaa birootiif akka saaxilaman isaan taasisa. Miidhaan xinsammuu immoo akka isaan mata gadi qabatanii jiraatan, akka nama kamiittuu akka isaan hinjiraanne kanneen taasisan, walumagalatti miidhaa qaamaafi saalaa isaan irra gaheen kan dhufuu danda'udha. "Asoosama Hiree Galgalaa" keessatti miidhaa qaamaa, saalaafi xiinsammuu dubartoota namfakkii ta'anii hirmaatan keessatti haala kamiin akka irra gahe haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun walqabsiisuun haala armaan gadiitiin tokko tokkoon xiinxalamanii dhiyaatanii jiru.

4.1.1.6.1 Miidhaa Qaamaa

Dubartoota irra karaalee miidhaan gahu keessaa inni tokko miidhaa qaamaati. Miidhaan qaamaa kunis karaa mul'ataa ta'eefi osoo ifatti hinmul'atin miidhaa irraan geessisanis gama humni isaanii saamamuu, kanfaltii malee hojii humnaa garaagaraa hojjechuu, gama biroon mana namaatti galanii hojii hojjetaniif illee kanfaltii gadaanaa argachuu, umrii malee heerumuun dhiigni isaanii da'umsa irratti dhangala'uufi lubbuun darbuunillee baay'inaan hawaasa keessatti mula'ata. Haaluma kanaan erga daa'ima dahanii boodas nyaata gahaa argachuu yoo baatan dhukkubbiifi miidhamni qaamaa garaagaraa muudata. Daa'imni dhalattes nyaata gahaa argachuu dhabuu irraa kan ka'e, sammuun dadhaboofi qaamaan miidhamoo ta'anii guddatu. Gama biroon immoo kittaanamuun dhiigni gadi dhangala'uufi fedhiin ala butamuun reebichi garaagaraa irratti raawwachuun qabatamaan miidhaa qaamaa hawaasa keessatyti dubartoota irra gahuudha.

Waraabbiin itti aanee dhiyaates, yeroo warroonni dhiiraa dhugaatii dhugan fedhiinis ta'u rakkoo gara jabummaan raawwatamuu danda'u akka raawwatan ta'uu hubanna. Dabalataanis waraabbii kanarraa hubachuun akka danda'amutti, dhugaatii warroonni dhiiraa dubartoota caalaa dhuguu isaaniifi butii kuulanii irratti adeemsisan gareen ta'uun immoo akka ishiin daran miidhamtu kan ishee taasise ta'utu mul'ata.

> Namni dhugaatiin guutame ilaalchi inni namaaf qabu ilaalcha diinummaa, ilaalcha gara jabinaati. Kuulaniin gaafa butamtu uleen reebamtee lafarraa butamtee dararri hedduu irratti raawwatameera. Godaannisni hinbannes keessa ishiitti uumameera. (Hawwii, 2014: 43)

Barreeffama armaan olii keessatti akka hubachuun danda'ametti sababa dubartii taateef qofa miidhamni qaamaa namfakkii muummee dubartii kana irra kan gahe ta'uu hubanna. Kunis fuudhuuf jecha dhiironni walitti kurfeeffamanii eegan malee osoo dhiira taatee akka rakkoon kun ishee hinmuudanne beekuun nidanda'ama. Kanaafis humnaan qophaa ishee waan taateef mo'achuu waan hindandeenyeef harka bahuu yaaltuus reebichifi lafarraa harkifamuun miidhaa qaamaa ishee irraan gahuu isaa ifatti mul'ata. Haala namfakkii kanarra gahe haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun walbira qabnee yoo ilaalle shamarran baay'een keessattuu naannoo baadiyyaa jiraatan yeroo bishaan waraaban, koboota guuran, gabaa deeman, barnootaaf fagaatanii deemaniifi yeroo kana fakkaatan bosonaafi lafa dawoo akkasumas lafa fagoo deeman reebamuun miidhamni qaamaa garaagaraa irra gahe butamu. Kanaafuu haalli namfakkiin kun ittiin dhiyaatte haala qabatamaa hawaasa keessatti miidhamni qaamaa dubartoota irra gahu kan ibsuudha.

Miidhamni dubartoota irra gahu inni biroon miidhaa gama saalaatiin dhufuudha. Akkuma armaan olitti ibsuuf yaalametti dubartoonni sababa dubartii ta'aniin miidhaa isaan irra gahu yoo ta'u, kunis fedhii foonii gama saalqunnamtii fedhii irratti hinhundoofneen raawwatuudha. Adeemsa kana keessatti umriin osoo hinga'in gudeedamuun miidhaa qaama saalaafi da'umsa irratti rakkoo umrii guutuu ta'uun jireenya ishee suukaneessa. Haaluma kanaan waraabbii itti aanee dhiyaate kana keessatti akkuma ilaalamu rakkoo namfakkii muummee asoosama muummee kuulanii irra gahe:"Kuulaniin kan galteef guyyaa isaan waliin bulan sana ulfi garatti ishee hafee ture. Kanaaf maallaqa warra biraa fudhachuu dhaqxe." (Hawwii Gonfaa, 2014: 43)

Waraabbii kana keessatti miidhaan kan irra gaheefi akka ulfooftu taateef sababa uumamanis haa ta'u malee dubartii taateef malee akkuma dhiiraa rakkoo kanaaf saaxilamuu dhiisuu dandeessi.

> Mucayyoo magaalli bareedduun simboo qabeettiin tokko alaalaa gara isaaniitti dhufaa jirti. Yeroo isaan bira geessuus isaan lachuu Afan Oromootiin walitti haasa'uu isaanii dhageesseetti."Maali isiniif ajajamu?"jettee Oliiqaafi Abdiisaa walmaddiitti ilaaltee. Yeroo kana isaan lachuu keessi isaanii sirriitti gammade. (Hawwii, 2014: 68)

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti namfakkiin dubartii kun mana bunaa keessa yeroo hojjattutu mul'ata. Kun immoo shamarran bakka itti kaayyoo isaaniillee dagatanii dhiirota waliin waliigaltee biroo keesssa seenanii dhimma biroof oolaan argama. Dhiirota garaagaraanis gowwoomfamanii fedhii fooniif yammuu oolantu mul'ata. Kun immoo sababa dinagdeen mana jireenyaa isaanii keessatti of hindandeenyeef akka kanaaf oolan isaan taasise.

Haala qabatamaa hawaasa keessa jiru yoo ilaalle mana bunaa keessatti sadarkaa guutummaatti jedhamutti kan hojjatan dubartoota. Maddi kanaas abbootiin qabeenyaa mana bunaa qaban dhiirota caalaa dubartoota filatu. Dubartoonni tooftaa garaagaraa beekuufi mana keessatti muuxannoo hojii qabaachuu irraa kan madde irraa haa ta'u malee dubartoonni madda galii akka ta'anittillee nifudhatamu. Kunis dhiironni garaagaraa dubartoota dubartoota mana bunaa keessa hojjatan barbaaduufi fedhii garaagaraaf kan barbaadan yoo ta'u, miidhaa gama saalaatiin dubartoota irra gahu jechuun fudhachuun nidanda'ama.

4.1.1.6.3 Miidhaa xiinsammuu

Haalli dubartoonni ittiin miidhaman keessaa tokko miidhaa xiinsammuutti. Miidhaan xiinsammuu immoo miidhaa gama garaagaraan raawwataman hunda kan qabatu yoo ta'u, gudeedamuun, reebamuun, hojii humnaa garaagaraa hojjechuun, kanfaltii malee humni isaanii saamamuun miidhaa dubartoota irra walitti funaanamuun gahu yoo ta'u, kanneen hundi walitti dabaalamuun miidhaa xiinsammuu dubartoota irratti raawwatamaniidha. Miidhaan xiinsammuu immoo akka dubartoonni yeroo hundaa miidhaman, fageessanii hinyaanne, milkaa'uun akka hindanda'amnefi rakkoon qofaa mo'achuu akka danda'utti waan gadi buusuuf miidhaa olaanaadha. Haaluma kanaan namfakkiin muummee asoosama *Hiree Galgalaa* barreeffame kuulaniin sababa barnoota haala yaaddeen galmaan hingeenyeefi fedhiin ala butamteen miidhaa qaamaa cinaatti miidhaan xiinsammuu irra gahuu danda'eera. Kuulaniis umrii malee kan cabdeef hirkoo abbaa manaa malee ijoollee kanaa qoraan guurtuufi cilee gubduun guddisuu isheeti. Kunis akka hiyyummaan mataa ishee irratti dagaaguufi xiinsammuu ishee miidhamu wantoota taasisaniidha. Gama biroon miidhaan xiinsammuu kuulanii irra haala itti gahe haala armaan gadiitiin asoosama Hiree Galgalaa Hawwiidhaan barreeffame irraa waraabameera.

> Sababni isaas Kuulaniin Biqilaan garaatti hafuufi butamuun ishii waan walgiteef namichi ishii bute Biqilaan akka waan ilma isaa ta'etti yaada. Biqilaanillee abbaa biddeenaa isaa kana abbaa isaa ta'uun beeka. Biqilaa Gurmeessaa jedhamees waamama. Iccitii kana kan beeku Kuulanii qofa. Ishiinis abbaa isaa dhugaa itti himuuf guyyaa eeggachaa jirti. (Hawwii, 2014: 58)

Waraabbii armaan olii keessatti mucaan abbaan Oliiqaa ta'e, yeroo Gurmeessaa ta'ee itti mul'atu argama. Hawaasa keessatti osoo nama biroo jala jiranuu nama biroof da'uun safuu guddaafi qaanii waan ta'eef akkasumas garaatti baatanii gama birootti heerumuun waan hindanda'amneef isa sana dhoksuuf jecha Kuulaniin mucaa abbaa isaa dhoksitee abbaa biddeenaatiin waamuun

safuu cabsuufi iccitii ishee ukkaamsuuf kan raawwatameedha. Kun immoo hawaasni safuufi aadaa mataa isaa qabaachuu irraa kan madde yoo ta'u safuufi duudhaa cabsite kana iccitiin qabuun xiinsammuu ishee keessatti dhiibbaa olaanaa fideera. Osoo Gurmeessaan du'uu baatee ni himtimoo nidhiisti gaaffii jedhuuf deebiin akka namni itti fudhate ta'uu danda'a. Dabalataanis waraabbii bifa gaaffiifi deebiin dhiyaate armaan gadii keessatti, yeroo Kuulaniin gara magaalaa deemteetti, ijoolleen ishee lamaan mana keessatti hafan yeroo itti dhiphatanii taa'antu mul'ata.Erga isaan dhufaniiyyis waan sammuu isaanii keessatti dhaga'ame haadhaaf ibsuun isaanii akka haati ofduuba deebitee waa yaadattu taasise.Kunis xiinsammuun ishee akka miidhamu gochuu keessatti gahee olaanaa qaba.

"Maal taata?"

"Isin nugattanii eessa deemtan?"

"Waan isin gannee banne isinitti fakkaata edaa?"

"Maarree"

"Nutis lama isinis lama maal sodaattaree?

" Nuti daa'ima kaa"

Kuulaniinis garaan hammaatee " osoon isin gatee baduu barbaadee har'a miti. Qaata

ture. Isi ana malee ani isin malee maalan qaban isin gatee bada."jetteen isaan lachuu

ofitti hammate.(Hawwii, 2014: 75)

Kuulaniinis ijoollee isheef jecha malee jireenya gaarii akka jiraattuyyuu nibeekti. Isheenis akka gattee hindeemneefi isaan jecha bu'aa ba'ii baay'ee keessa akka darbite ijoollee ishee hubachiifte. Kun gama tokkoon haati jireenya hawaasummaa keessatti ilmoo isheef murteessituu ta'uufi ijoolleen haadha hinqabne jireenya gidiraa garaagaraaf saaxilamoo ta'uun isaaniillee hubachuun nidanda'ama. Dabalataan xiinsammuun ishee miidhamuu bira darbee xiinsammuun ijoollee ishee illee akka miidhamu ta'eera. Rakkoofi dhiphina haadha isaanii ilaaluun miidhaa xiinsammuu garaagaraaf illee saaxilamaniiru.

4.1.1.7 Dhiibbaa Asoosamni Hiree Galgalaa kallattii Dubartummaatiin Dubbisaa Irraan Gahe

Akka bu'aa ogbarruu kamittuu kitaabni asoosamaa kallattii garaagaraatiin dubbisaa irraa gahuu danda'a. Kunis xiinxalanii hiika garaagaraa akka kennan taasisa. Kuulaniin abbaa manaa ishee Gurmeessaan haa du'uyyuu malee ijoollee ishee jajjabeessuuf duubatti hindeebine. Guddisuu bira dabartee onnee gootummaafi eenyummaa isaanii baranii akka guddataniifillee gootota garaagaraa maqaa dhahuun akka onnatan taasisti. Kun immoo cimina namfakkii kanaa kan agarsiisuudha. Dubbistoonni asoosama kanaas bakka kanaatti hangam dubartoonni onnee nama keessatti uumuu bira darbanii qabatamaan agarsiisuu akka danda'an taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Miira gootummaallee uumuu danda'a.Waraabbiin armaan gadiis kanuma agarsiisa.

> Ilaa ilmaan koo , nuti Oromoodha! Sanyii goota! Kan akka J/Taaddasaa Birruu, H/ Maariyaam Gammadaa gootota hedduu maqaa dhahuun danda'amu qabna.Gootonni kun immoo nuuf jecha warra dhiiga lolaasan. Warreen diinaaf hinjilbeeffanne, diina kuffisanii warra kufan.Wareegama wareegama caalu warra biyya isaaniif lammii isaaniif kanfala xurree isaan dhiigaan tattarraaran qabannee akeekaafi kaayyoo isaan irratti kufan galmaan ga'uu qabna. (Hawwii Gonfaa, 2014: 12)

Waraabbii armaan olii keessatti, gootummaan gootota maqaan armaan olitti dhahame, bu'ureffachuun galma isaan kaa'an ga'uu akka qabanillee kallattiin kaa'amee jira. Uummanni Oromoo qabsoo walirraa hincinne adeemsisaa kan ture yoo ta'u, qabsoo kana keessatti goototni baay'een wareegamuu, wareegamni isaan baasan xiiqii caaluuf lammiilee kaan illee kakaasuun sammuu dubbistootaa keessatti lammii ofiif jecha aarsaa baasuun gootummaa ta'uu isaa, seenaan yeroo hundaa namoota akkasii kan hindaganne ta'uufi gootummaan kun dhaloota irraa dhalootattillee kan darbu ta'uu isaa sammuu dubbistootaa keessatti uuma.Gama biroon immoo dhimma warra ishiifis iddoo olaanaa kennuu kulaanii argina. Qabsaa'uun barumsa isheellee akka galmaan gahuu qabdu of onnachiisaa deemuun ishee cimina namfakkii kanaa mul'isa."…Amma warra ishii geessuutti waa'ee warra yaadaan kaaftee ofiin mormaa deemti.Yeroo bosonuufi kurupheen bosona keessa ishii rifachhisanis ofitti kolfaa haati koo akkuma daldala gurbaa nagurgurachuu barbaaddi. Isa dirqisiisuus Kuulaniin armaan dura akka Bitamuu jalaa kan nama baasummoo qabsaa'uudha. Haadha kootti qabsaa'uun qaba.Ofiin jechaa deemti. (Hawwii Gonfaa, 2014: 29)

> Oliiqaa jaalalli isaa dirqisiisuus kuulanii armaan dura akka obboleettii isaatti ilaalaa waan tureef har'a koo immoo kan keeti kanaaf garaa nana dhofkatin . sirraa naqabe jechuun

> haalaan itti ulfaate. “Olii, rakkoon kooti, rakkoon koo immoo kan keeti. Kanaaf garaa nan dhofkatin. Ani qaama keeti rakkoo kee siif qooddachuuf duubaatti hinjedhu. Lammiin gaachana. Hirkoodha!Iccitii ofiiti. Amma kana garaa nadhofkattaa edaa?”(Hawwii, 2014: 32)

Waraabbii armaan olii keessatti, Kuulaniin rakkoo nama biroo qooddachuufis qophooftuu ta’uufi Oliiqaan yeroo dhiphachaa jirutti siduukaan jira, rakkoon koo rakkoo keeti jechuun onnachiisuun cimina namfakkii dubartii kanaa agarsiisa.“Ani garuu yaanni nadhiphise.yaada ofittummaa kana miti.Aadaafi safuu cabsuu kooti. “Akka intala ebeluu ishee manatti dhalte” akkan jedhamu hinfedhu. Asitti Kuulaniifi haati ishee warra eenyummaan koorniyaa liqimsiifamani. Kanaaf, Kuulaniin gootummaa dhiirotaa leellifti. Haati ishee immoo ishee gurgurachuuf gamti. Kun eenyummaa koorniyaan ijaaramuu agarsiisa.

Abbaan koos kana gurra isaan dhageenyaan ani jiruu hinqabu.Salphinni kun osoo gurra eenyullee hinseenne nulamaniin furamuu qabdi.” jettee Oliiqaa ija isaa keessa ilaalte. (Hawwii Gonfaa, 2014: 41) Kuulaniin mucaa abbaan bira hinjirre biraan gahuuf suuraa kaaftee akka inni ilmoo qabu, hubachiisuuf yaaluun ishee gama tokkoon dhugaa dhoksuu osoo hintaane safuu hawaasichaa kabajuuf akka ta’e dubbistoonni tilmaamu. Kanaafuu hawaasa keessatti dubartoonni gama kanaan miidhamuun dubbistoota irratti miidhaa xiinsammuu fiduu danda’a.

> Guyyaa tokko itti yaaddetuma manaa baatee gara magaalaatti qajeelte.Mana suuraa seentee mucaa ishii waliin suuraa kaatee Biqilaas addatti kaasifte.Ofii ishiis kophaatti kaate. Suuricha sadanuu qabattee gara mana ishee deebite.Suurichas abbaa dhalches ergite. (Hawwii, 2014: 54)

Kuulaniin jireenya ishee guutuu maatii ishee irratti dabarsuufi ijoollee isheef jecha jireenya gadadoo adeemsisaa turuun dubbistoota keessatti namfakkiin muummee kutannoofi murannoo qabduun jiraachuufi hangam dubartoonni akka jireenya rakkisaafi ijibbachiisaa ta’e keessaas darbuu danda’an kan agarsiisu yoo ta’u, ijoollee ishee akka abbaafi haadhaatti tajaajiluun ishee immoo dirqama dachaa dubartummaa isheen bahachuu agarsiisa. Kuulaniin garaan hammaatee “ Osoon isin gatee baduu barbaadee har’a miti. Qaata ture. Isin ana malee , ani isin malee maalan qabaan isin gatee bada?” jettee isaan lachuu ofitti hammatte. (Hawwii Gonfaa, 2014: 75) waraabbii kana keessatti miira dubbistootaa keessatti wanti uumamu danda’u ilmoon hangam yoo rakkatanillee nama marartu, rakkadhe dhabe jedhanii murtee addaa ilmoo ofii irraa bahanii fudhachuu akka hindandeenye nama hubachiisa.

> Safuu! Yaa Rabbi! Qullaa deemuun kun waanuma gaarii itti fakkaataa amma ?" jedhe keessa isaatti ija taajjabbiin ishii ilaalaa. "Tanaagaraa, mannaagar atichilem indee?dubbadhu kaa hindandeessumoo? jetteen nyaaraan gamaa gamanaa walitti guduunfitee " Yamisqoxxaash nagar aalla indee ? wanti silolchiisu jira moo? jedheen ija isaa itti babaasaa. (Inee yaqoomkut incaat ayidallahum (ani kanan dhaabbadhe muka miti.) jetteen."Lanee bileesh saayihon sirash nawu (anaaf jettee osoo hintaane hojii keettiif jedhee itti kolfe. (Hawwii, 2014: 81)

Waraabbii armaan olii keessatti, dubartoonni gara kuteenyaan sodaa tokko malee warren dhiirotaatti yammuu dubbatan agarsiisa. Sodaa dhabuun isaanii cimina namfakkii kanaa kan agarsiisu yoo ta'u, kun ilaalcha olaantummaa dhiirotaa agarsiisa. Dubartoonni mana bunaa keessa hojjetan dhiirota waliin sababa garaagaraa irratti walitti bu'aa kan oolan ta'uu, kunis haalonni dhiironni itti dhiyaatan irraa kan madde ta'uu dubbistoota keessatti fakkii uuma. Gama biroon immoo shamarran barumsa isaanii irratti ijannoo qabaniifi kaayyoo manaa bahaniifillee galmaan kan gahuuf yaadan ta'uu waraabbii itti aanee dhiyaatu irraa hubachuun nidanda'ama.

"Boontuun mucayyoo cimtuu turte. Dhiironni baay'een yeroo waa'ee jaalalaa ishee gaafatan kaayyoo ishiif dursa waan kennituuf "Ani jaalallee nana qaba" jettee jala sarartee itti himte. (Hawwii, 2014:102) Kunis dubartoonni dhiibbaa hawaasatiin malee kaayyoo isaanii galmaan gahuuf kutannoofi hirmaannaan isaanii maal akka fakkaatu dubartootaa waan hubachiisu qaba. Dabalataan immoo Kuulaniin jireenya gadadoo sana keessa darbitee eebba mucaa ishee Biqilaa irratti argamuun hedduu kan ishee gammachiise yoo ta'u, guyyaa eebba kanaa immoo Dr. Oliiqaa yaadachuun seenaa mucaa ishee itti himuun immoo cimina namfakkii kanaa isa lammaaffaa ta'uu dubbistoota keessatti miira gaarummaa dubartootaaf qaban kan olguddisuudha. "Dr Oliiqaan eebbaaf waan isa barbaachisu hundaa nibiteef. Gaafa eebba isaa kana kuulaniinis amma durishii ga'uu baattus waan qabduun huccuu ishee jijjiirtee bareeddee Biqilaa eebbisiisuu gara magaalaa Finfinnee dhufte. (Hawwii, 2014: 124)

Waraabbii kana keessatti Kuulaniin Oliiqaa waliin mucaa isaa walbarsiisuun cimina ishee kan ibsu yoo ta'u osoo dhorkiteeyyis ta'ee akka hinbeekne gooteeyyis nidandeessi ture. Garuu abbaa ilmoo waliin walbarsiisuun ishee cimina namfakkii kanaati. Dhiibbaan dubbistoota irraan gahu immoo bakka kanatti hangam rakkataniyyuu bakka yaadaniifi karoorfatan ga'uu akka danda'an nama hubachiisa. "Olii anamee !Kuullee keetiimee! Kan carraan addaan nubaase. Olii koo! Nadagattee? Mucaa keetiin eessatti wal agartan olii?" jettee imimmaan ishii osoo morma jalatti walgahuu " Kuullee hin amanu! Hin amanu" Biqilaa naa dhuftanii ?" bakka taa'ee ol jechuu

dadhabe. Qaamni isaa irratti hadoode. Ijji isaa kuulanii irratti hafe. Ammas yaadichi Dr Biqilaaf iccitiidha. (Hawwii, 2014: 126).

Dhiibbaan waraabbiin bifa kanaan fudhatame dubbistoota irraan gahu olaanaadha. Kunis miira gammachuu haa ta'u malee cinqiifi rakkoo keessa dabarsan keessaa bahanii kana arguun kaayyoo yoo qabaatan waan barbaadan bira gahuu akka danda'an nama hubachiisa. Dubartoonni hawaasa keessatti hojiilee garaagaraa hojjachuun dirqama dabalataa dhiiraa olitti bahu. Yeroo kanatti immoo osuma waan gaarii hojjatanuu dhiibbaan garaagaraa gama hawaasummaatiin irra gaha. Rakkoon garaagaraas nimuudata.

> Haati Kuulanii barsiifachuu irra heerumsiifachuu wayya jettee abbaa Kuulanii obbo Baacaan mormuu isheetu mul'ata.…mana keessatti haatifi abbaan ishee yaanni ishiif qaban faallaa ta'e. Yoo abbaan akka barattu barbaadu , haati immoo "lubbuun jiraadhaa du'aadha nuti kan qabnu ishee qofa kanaaf heerumsiifannee daa'ima ishee arguu qabna." jechuun mana keessatti yaanni isaanii tokko ta'uu dide. Haati ishii akkanatti hindhiifne jaarsota baaftee yaada kana naaf ilaalaa jetteen. (Hawwii, 2014: 15)

Waraabbiin armaan olii kun dubbistoota irraan dhiibbaa garaagaraa geessisuu danda'a. Kunis gama tokkoon ijoollee muraasa qabaachuun rakkisaa akka ta'eefi jiruufi jireenya hawaasaa keessatti murtee ijoollee ofii irratti kennuun gara warra dhiirotaa qofatti luucca'uun jireenya dubartootaa akka miidhuu danda'u hubachuun nidanda'ama. Fedhiin haadhaa mana isaanii keessatti furamuu dhabuun jaarsa dabalataa naannoodhaa barbaaduu deemuun aangoo dubartoonni mana ofii taa'anii murtee kennuu dhorkatamuutu jira. Waraabbii armaan olii keessattis, haati Kuulanii barumsa irra heeruma wayya jettee murteessuun ishee hanqina ta'uu, kunis immoo namni barate booda heerumee maatiillee horachuu akka danda'u, hubachuu dhabuun ishee hanqina namfakkii kanaati dubbistoota biratti fudhatama. Dabalataanis akka jaarsonni itti bahanii ishee dhoowwan gochuu keessattis hanqina dabalataa raawwatte jirti. Waraabbiin itti aanee dhiyaates dogoggora raawwachuu kuulaniiti. Kunis fedhii fooniif jecha akkasumas jaalala keessa seenuu irraa kan ka'e durbummaa ishee dhabuudha. Durbummaan hawaasa keessatti bakka olaanaa qaba.Dubarri kana qabdus kabaja olaanaa qabdi. Niulfeeffamtis. Kuulanii garuu dogoggora yeroo gabaabaaf umrii guutuu rakkootti galte, Kaayyoo manaa baateefis dagatte. Kun immoo dubbistoota biratti miira gadduu, dubartoonni salphaatti miira dogogoraa keessa galuun miidhamuu akka danda'an hubachiisa.

> Guyyaa kana yaaliin ijoollittiin Oliiqaa shakkii keessa isaatti uume. Kuulanii waliin akka bulanii qo'atan gaafate.Isheen garuu waa tokkollee waan hinshakkiniif yaada kana

> haalaan itti gammade. Oliiqaa waliin gara mana ishee deemanii irbaata mana isheetti hojjatte qabatanii gara mana Oliiqaatti qajeelan. Guyyaan kun yeroo jalqabaaf kan Oliiqaafi Kuulanii waliin bulaniidha. Guyyaa jaalalaa isaanii yeroo jalqabaaf waliin habbuuqatan. (Hawwii, 2014: 38)

Kuulaniin dogoggora irratti dogoggora biroo raawwachuu isheeti mul'ata. Kunis tokkoffaa kophaa ishee bosona keessa deemuu, ilmoo abbaa qabu dhoksitee abbaa biddeenaatiin waamamuufi erga du'ee immoo bakka jiru barbaaddee ittiin gahuufi walbarsiisuu dhiistee dhuunfaa ishiitti jireenya wal'aansoo qabaachuun ishee dogoggora namfakkii kanaati. Sababni isaas Kuulaniin Biqilaan garaatti hafuufi butamuun ishii waan walgiteef namichi ishii bute Biqilaan akka waan ilma isaa ta'etti yaada. Biqilaanillee abbaan biddeenaa isa kan abbaa isaa ta'uun beeka. Biqilaa Gurmeessaa jedhamees waamama. Iccitii kana kan beeku kuulanii qofa.(Hawwii Gonfaa, 2014: 58). Kanaafuu waraabbii armaan olii keessatti rakkoon dubartoota irra gahu hangam rakkisaa akka ta'e, haalli isaan dhiirota garaagaraan ilaalaman immoo jireenya mana isaanii irratti dhiibbaa hangamii fiduu akka danda'u, haalli dogoggoraanis haa ta'u osoo hinbeekiin kuulanii irratti raawwate jireenya ishee fuulduraa waan miidheef dubbistoota keessatti miira gaddaa, aariifi haala rakkoon isaan irra itti gahuu danda'u kan hubachiisuudha. Kanaafuu akka bu'aa ogbarruu tokkootti dubbistoonni yaada kana xiinxaluun ofitti fudhatanii rakkoo kana osoo isaan ta'ee tooftaa akkamiitiin keessa darbuun akka danda'amu, erga rakkoon tokko muudatee immoo rakkoo sanaaf furmaata akkamii kennuu akka barbaachisu hubachuuf karaa kan banuudha.

Waraabbiin itti aanee dhiyaate immoo, dubarri sadarkaa yuunivarsiitiitti barnootaaf dhaqanii kaayyoo isaanii dhiisanii dogoggora birootiif yeroo kan kennan ta'uutu mul'ata. Kun immoo shamarran maallaqa maatii isaanii qisaasessuu bira darbanii dandeettiillee akka hinqabnetti of ilaaluu isaanii agarsiisa.Waraabbiin armaan gadii irraa hubachuun akka danda'amutti abbootiifi haadhotiin maallaqa kallaattii garaagaraatiin walitti qaban kallattii yaadameen osoo hintaane ijoolleen isaanii akka barbaadanitti balleessuu, kaayyoo hinyaadamneef oolchuu, waan manaa bahaniif dhiisanii ofii isaaniis ta'ee mallaqa maatiin isaanii erganiif qisaasessuun dubbistoota irratti miidhaa gadduufi hirmaannaan isaanii bifa kanaan jiraachuun hangam hanqiunaafi rakkisaa akka ta'e sammuu keessatti uuma.

> Qoyi inee ikaflaalahu (afachuu anuu nan kanfalaa) jettee daftee qarshii fuutee mucayyittiitti kennite. Inni asii achi hingorree gara dallaa yuunivarsitichaatti qajeele.Yoo ishiin deebii fudhattee ofirra deebitu inni taaksii seenee kute. Aartee waan of gootu

> wallaalte.” (indaminim ijjee wusxi magibatih ayiqarim” (akka fedhettillee haa ta’uutii harka koo galuun kee hin oolu” jettee dhaadachaa qajeelte. (Hawwii Gonfaa, 2014: 116)

Waraabbiin armaan olii kunis yaaduma armaan olitti barreeffame kana tumsa. Kaayyoo dagachuu dubartootaafi waan manaa bahan dagachuufi rakkoo biroof saaxilamuu isaanii hubanna.

4.2 Sabseenaa Asoosama Rirriittaa

Xiiqiin barattuu maatii xiiqeeffataafi cimoo ta’an keessaa dhalatteedha. Isheenis dhimma eenyummaa ishee yeroo umrii xiqqoo irraa kaastee maatiifi manguddoota naannoo ishee irraa barachaa guddatte. Akkuma maqaa ishee Xiiqiin keessa isheetti kan dagaageefi maatiinillee maal akka yaaddu ilaalanii yeroo itti arrabsantu mul’ata. Xiiqiin akkuma maqaa ishee sababa eenyummaa isheetiin dararaan garaagaraa irra yeroo gahutu mul’ata. Kunis immoo Oromummaa isheef jecha diinotaan gidiraan garaagaraa irra gahuun immoo akka eenyummaa isheef jabaattee hojjattu ishee taasise. Jaalalaafi kabaja Oromummaa isheef qabdu, akkasumas diina karaa ittiin aarsitu yaadota garaagaraatti dhimma baati. Isheenis jireenya ishee keessatti nama maallaqa naaf arjoomu caalaa seenaa naaf arjoomu wayya jettee gootummaa ishee ibsatti.

Namfakkiin biroo, Fayyinees kan abbaaniifi haati isaanii sababa waldhabaniin adda bahan, jireenya gadadoo keessatti kuftee yeroo diinonni jireenya isheetiin taphatantu mul’ata. Xiiqiinis diinotaan mana barumsaa keessatti miidhamtee yeroo hojii isaanii baastee firaafi alagaa hubachiiftuutu jira. Rakkoo irraan gahanis firaafi alagaaf ibsiti. Sababa eenyummaa qofaan Bitootessa 5/7/2003 Poolisii Federaalaatiin abbaa manaa ishee dabalatee namoota biroo faana marfamanii rukuttaan garaagaraa irratti raawwatamee gara mana hidhaa galan. Dubartoota biroo mana hidhaa sana keessattis dararri garaagaraa irra gahaa tureefi amma achi keessaa bahanis, Boontuu, Caaltuu, Murattuu, Raggaatuu, Lalisee, Waaritee, Biiftuu, Hawwii, Abarrash, Baaccuu, Dirribee, Urgeefi lattuun akkasumas Faarseen warroota mana hidhaa kana keessattii dararamaa turan ta’uutu ibsamee jira. Xiiqiis ta’ee hiriyoota ishee biroo mana hidhaa Maa’akalaawwiifi Qaalliittii keessatti gidiraan dhala namaa irra hingeenye hundi erga yeroo dheeraaf irra gahee booda bilisaan kan gadi lakkifamaniidha.

4.2.1 Qeeqa Asoosama “Rirriittaa” Markisistii Dubartummaan

Markisistii dubartummaatiin namfakkiiwwan dubartootaa haala akkamiitiin akka ilaalaman qaaccessa armaan gaditti dhiyaatan irraa hubachuun nidanda’ama.

4.2.1.1 Dhiibbaa Gama Hawaasummaan Gitni Namfakkii Dubartoota Irraan

Dubartoota irra dhiibbaan garaagaraa kallattii hawaasummaanis ta'ee alkallattii dinagdeetiin irra gahu salphaa miti. Haa ta'u malee dubartoonni tokko tokko xiiqiin injifatanii mo'achuun yeroo irra aanan kan irra jiru yemmuu ta'u kanneen biroo immoo achuma jalatti godaannisni garaabgaraa hinfayyine irra gahuun miidhaa olaanaa isaan irraan gaha. Haaluma kanaan kitaaba asoosama "Rirriittaa" keessatti namfakkiin dubartootaa kallattii Hawaassummaan yammuu ilaalaman hawaasaa keessatti xiiqeffattoota kan waan hundaa ciminaafi dandeettii olaanaan bira darban ta'ee mul'ata. Waraabbiin armaan gadiis kanuma agarsiisa.

> Anammoo beektuu kaa waa'ee gurraaf sammuu koo, isaan maal dhaggeeffannu, maalimmoo sammuutti qabannu jedhanii qalama isaanii qopheeffatanii taa'an. Manguddoota qofa miti haasaan isaanis akka aannanii natti tola.Wanti isaan haasa'an tokkollee nabira hindarbitu.Sababni ani bullukkoo abbaa koo jala seenee taa'uuf harmeen na argitee akka haasaa manguddootaa kana najala hindabarsineef. Sagalee wayiituu hindhageessisu. Gurrafi sammuu koo banadheen taa'a. (Hawwii, 2014: 19)

Namni tokko beekumsaafi hubannoo argatee guddachuufi bakka galma isaa tokko ga'uuf umriin qofaa isaatti kan daangessu miti. Ijoolleenis gaarummaas haa ta'uu waan gaarii hintaane tokko maatii isaanii irraa dhaalanii jiruufi jireenya addunyaa kanaa kallattii kanaan ilaaluu eegalu. Dogoggora uumanillee maatiin yeroo gabaabaatti sirreessuun furmaata itti hinkennan yoo ta'e isuma qabatanii guddatu. Maatiifi hawaasa keessaa bahan irrattis miidhaa garaagaraa qaqqabsiisuu danda'u. Haa ta'u malee waraabbii armaan olii keessatti dubartoonni manguddoota irraa beekumsa gahaafi fudhatama qabu fudhachuu akka danda'an kan agarsiisuufi haala miijataa argannaan kanneen biroofillee hawaasa keessatti modeela ta'uu akka danda'an kan agarsiisuudha. Kanneen xiyyeeffannoo kanatti hinkennine immoo sammuunis yaadaan dadhaboo ta'uu akka danda'an waraabbiin armaan olii kun kan agarsiisu. Maatiin ijoollee isaanii mana keessatti daangessan, akka gadi bahanii waan tokko hinbaranne godhan, hojii manaa qofaan sardanii hojjechiisan, muuxannoofi muudannoo garaagaraa kanneen bahanii hindhamdhamanne jireenya fokkisaafi jireenya isaanii fuulduraa miidhuu danda'a. Namfakkiin waraabbii armaan olii keessatti hirmaatte im moo ciminaafi qaxalummaa qabdu irraa kan ka'e muuxannoo abbaafi manguddoota ollaa ishee irraa argatteen akka waan baay'ee fulduratti yaadduufi tilmaamtu ishee taasiseera.

> Goomattuun lafaa ol dhufaa namaa ilaalti. Boruu namaa madaalti.Eessaan cabsuuf mala dhoofti. Sammuun koo guddoodha. Sammuu waa'ee eenyummaa yaadu jechuu kooti.

> Qaamnifi umriin koo garuu xiqqoodha.Goomattuun sammuu koo kanaa waan hubatteef na cabsuuf hidhattee kaate. Sammuun waa'ee eenyummaa isaa yaadu yoomillee hincabu. cabsee bira darba malee. (Hawwii, 2014: 32)

Waraabbii armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti, sammuun ijoollee dubaraas akkuma akka kaan warra dhiiraa eenyummaa ofii beekuufi haawasa kanneen biroollee barsiisuuf hubachiisuu keessatti gaheen dubartootaa olaanaa ta'uu barreeffama armaan olii irraa hubachuu nidanda'ama. Haa ta'u malee hawaasa keessa ilaalcha garaagaraatu jira. Innis kan waan gaarii yoo hojjetan namaa gammaduufi kan yeroo waan gaarii hinhojjanne immoo namatti gaddu akkuma jiru faallaa kanaa ta'ee immoo kan namatti gaaduus jira jechuudha. Akkuma waraabbii armaan olii irraa hubachuun danda'amutti namfakkii muummee kana cabsuufi eenyummaa ishee adda baaftee waan beekteef gadi qabuufi ofii eenyummaa ofii olbaasuu irraa kan ka'e namfakkii xiiqii kana keessatti akkuma maqaa ishee xiiqii xiiqii caalu keessatti uumee jira. Oromoon biyya isaa keessatti sirna Gadaan bulaa tokkummaafi gootummaa isaa karaalee garaagaraa agarsiifachaa tureera. Haa ta'u malee erga tolaanis haa ta'u lolaan uummata Oromoo aadaafi duudhaa isaa kana gadi buusuuf diinonni beekaa miidhaa isa kaaniitti immoo fayyadamaa eenyummaa uummatichaa sarbaafi kan ofiitiin bakka buusaa haalli itti ture jira. Namfakkii muummee kana irrattis kanneen tokkummaafi eenyummaa Oromoo hinbarbaanne rakkoodhuma walfakkaataa irraan ga'uuf haa yaalan malee namfakkiin kun akeeka isaanii irratti beektee tooftaafi xiinxallii ofiifis haa ta'uu namoota biroo jala baasuuf deemtu hubachuun nidanda'ama."…Diina (goomattuu) keenya salphisuun beekamna. Akka ishiin dura keenya hindhaabbanne ishii goona. Nuti warra eenyummaa keenyaa bitamu malee garaaf bitamu miti. Oromoo dhiifnee ormatti hingalle.Ormatu nutti gale malee…" (Hawwii, 2014: 35). Kunis Oromoon kan isaatiin buluufi kan isaatiin tokkummaa isaa eegee jiraachuu akka barbaaduufi kan ormaa irraa dhimma kan hinqabneedha. Kanuma kan ibsu yeroo waaqa isaa kadhatu, keenyaan nubulchi. Hamaa hammaataa nurraa dhoowwi jechuun akka kan ormaa hinbarbaanne ibsata. Ormi garuu qabeenya isaaf jecha, eenyummaa isaa irratti duuluun immoo haala ittiin ofirraa dhoowwu kan mataa isaa qabaachuu hubachuun waraabbicha irraa nidanda'ama.

Waraabbiin itti fufee jiru kun akka ibsutti, maqaan illee hawaasa keessatti kan bahu waa giddugaleessa godhateeti. Kaan Gammachuu, kaan Gammannee, kaan Ibsaa, kaan immoo Ibsituufi kkf ta'a. Sababni maqaan bifa kanaan bahuuf immoo ergaa mataa isaa kan danda'eedha. Xiiqiinis maqaa bifuma kanaan abbaan ishee baaseef ta'uu hubanna. "…Xiiqiin jaaladha. Kan eenyummaa Abbaan koos haaluma kana ilaaluun "Xiiqii" jedhee maqaa naaf moggaase. Xiiqii

Jabeessaa Milkeessaati maqaan koo. Maqaa dhiiraati. Dhiirummaan saala qofaa miti. Sammuuf onneedha. Sammuun sabaafi biyya ofiif yaaddu haa jajjabaattu!" (Hawwii, 2014: 38). Waraabbii kana keessatti xiiqii maqaa dhiiraa jechuun yoo of ibsitu, dhiira qofaa osoo hintaane dubartiin xiiqoftuu, goota, onnee dhiiraan ibsamuu qofaa osoo hintaane onnee dubartummaanis dhiira faana walqixa kan ilaalamtu ta'uu irraa dhiiraan fakkeeffamtee akka ibsamtu taasifamtee jirti. Kun garuu akka qorataa tokkootti gamuma dubartootaan gootummaan jiraachuu, mo'achuu danda'uu, akkuma dhiiraa gahee isaan irraa eegamu bahuu akka danda'aniifi injifatan hubachuun barbaachisaadha. Haa ta'u malee, waraabbii olii akkuma ibsu, kan gadiis hawaasa keesatti dubartoonni haala gaariin guddachuu dandeenyaan xiiqeffachuu, gootummaa ofii baaftee agarsiisuu, diina nama eeggattuuf immoo barumsa laachuu akka dandeessu waraabbiin armaan gadii kun agarsiisa.

> Ani kan nadhibu waa'ee dhuma kooti. "Yaa leencittii" akkanatti lukkee deebii dhabsiisi malee, ija kee lukkeef hin laaffisin.Gootummaan ija itti babaasi.Qotii garaa baasi.Tuffadhuu hamilee, leenciitti maqaa dhiiraa! Kan onneen sibiilaa! Maaloo tokkicha kaballaan lukkee balleessi kaa! Akka deebitee ijji nu hin ilaalletti. Morma ishii kutii irraa darbi akka ishiin lubbuun deebitee hinjiraannetti.Reenfa ishiis ciccirii faffacaasi akka awwaalcha hintaaneetti. Yaa sabboontuu tiyya !Maaloo eessumaa argamtelaa ati? Bitamtuu deebiin dafqa irra hinkuttuu.Taa'een harka siif rukutaa ture.Yaadaanan diyaamendii fa'aa sibadhaasa.Deebiin immoo maal diyaamandiin ,bilisummaa caaltii? Badhaasni kee bilissummaadhaan siin jedha. "Waatu keessa kootii nafaarsa, najajjabeessa. Na onnachiisa. Maal silaa waan sanyii dabeessaa irraa dhaladhee. Sanyii warra lafeen sodaachisuuti. (Hawwii, 2014: 67)

Waraabbii armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti diinni uummataa iraarsaafi tokkumaa dhorkaa, qabeenya ofii qabu irratti lammii lammaffaa ta'ee akka jiraatu ta'uu, eenyummaafi tokkummaa isaaf bakka dhaabatetti reebamuu, ajjeefamuu, biyyaa arii'amuun baraa baraatti walfuree rakkoo irraan gahaa kan ture ta'uu irraa kan madde gootonni hedduun lubbuu isaanii dhabuu hubachuun nidanda'ama. Namfakkiin muummee kunis aariifi xiiqii lammii ishee bira darbee ishee irra gahaa jiru kana haala kamiin akka ofirraa dhoowwuun danda'amu, diinni namaaf hinhilu waan ta'eef gatii isaa argachuu akka danda'u. kanaaf immoo Oromoon goota ta'uufi goota irraa dhalachuu isaa irraa kan madde ta'uu hubachuun barbaachisaa akka ta'e, goonni immoo du'ullee seenaan isaas jiraachuu, gootummaa raawwateen dhalootaaf karaa ta'uu barreeffama armaan olii irraa hubachuun nidanda'ama. Haaluma kanaan waraabbiin armaan olii kun akkuma agarsiisu, hawaasa keessatti dubartoonni gootummaa qabaachuu isaaniti.

Barreessituun asoosama kanaas gootummaa namfakkiin kun qabdu ifatti kan baafteefi hawaasa kanneen biroollee dhimma eenyummaa irratti kan akeekkachiifte ta'uutu mul'ata.

> Gooftaakoo! Uumaan kee baay'ee na ajaa'iba. " Garaan haadhaa burreedha." Jedhu mitiiree? Kaan bifa tolchee qalbii busheessa, qalbii tolchee bifa balleessa,ormaaf beekaa godhee kan isaa wallaalchisa, kan isaa jibbisiisee kan ormaa jaalachiisa, garaa haadhaatu burree ta'ee jooree najawwaarsa, yaadaan waljala nudabarsa, yaanni tokkoo olii kan tokkommoo gadi, madaala walii eeganii deemuun hinjiru. Tokko fiigee ammuma bira ga'uu barbaada, tokkommoo suutuma tarkaanfatee galma yaade ga'uu fedha (Hawwii Gonfaa, 2014: 73)

Addunyaan kun haala jiruufi jireenya garaagaraatiin namootaas, biqilootaas, bineensotas akkasumaas wantoota xixiqqoo ijaan mul'ataniifi hinmul'anne garaagaraa kanneen uumamaan jiraniifi namtolchee haala garaagaraan uumamanii faayamanii waliif dawoofi kunuunsaa ta'anii jiraatu. Kanneen haala kanaan jiraatan keessaa tokko dhala namaati. Dhalli namaa bakkeewwan addunyaan kun jireenyaa namootaaf qabdu garaagaraa irra faca'ee jiraata. Haala qilleensaafi kanneen biroon walqabatee haalli jiruufi jireenya isaas garaagarummaa qaba. Namoonni kunis akkuma bifa garaagaraa qaban amala garaagaraas qabu. Amalli kun immoo akka yaadafi ilaalcha garaagraa qabaatan taasisa.

Haaluma kanaan waraabbii armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti, hawaasa keessa namoonni amala garaagaraa qabanii ilaalcha garaagaraa mataa isaaniitiin hoogganaman kan jiran ta'uu hubanna. Gabaabumatti, akkuma haati gootummaa kan qabdu deessu, kan dabeessa ta'es da'uu danda'uu ishee agarsiisa. Kunis gama tokkoon muuxannoo jireenya keessatti horatame irraa kan maddeefi maatii irraa dhaalame gta'uu danda'a. Kanaafuu hawaassummaa keessa namoonni garaagaraa jiraachuu argina.Akkuma waraabbii armaan gadii irraa hubachuun danda'amutti, Xiiqiin bakka maqaa ishee jijjiiranii dhaddacha keessatti waamanitti maqaa isheellee mormitee sirreeffachuun xiinxaluun namfakkii kanaa gootummaa hawaasa keessatti qabdu kan agarsiisuudha. Waraabbiin armaan gadiis kanuma kan agarsiisuudha.

> Mee walbira qabaa ilaalaa, "xiiqiifi Masarat" miidhagina isaa isinumaafan dhiisa.Anis gaafa 6/07/2011 mana murtii Araadaatti dhiyaadhu maqaa isa xiiqii jedhu haqanii Masarat Jabeessaa jedhanii dhaddacha irratti yoo na waaman, dhiigatu nadanfe. " Kabajamoo mana murtii maqaan koo Masarat osoo hintaane Xiiqii Jabeessaan jedhaman jedheen afaan ormaatiin osoo garaan guggubadhuu (Hawwii, 2014: 122)

Waggoota hedduuf uummanni Oromoo qabeenyi isaa saamamuu qofaa osoo hintaane eenyummaan isaa illee yeroo dheeraaf saamamaa turuu waraabbii armaan olii irraa hubachiuun

nidanda'ama. Kunis karaa namoota dhuunfaa bakka garaagaraatii dhufanii uummata keessa jiraatan qofaa osoo hintaane akka seeraatti caaseffama mootummaa keessatti karoorfamee abbummaafi eenyummaan uummatichaa qabatamaa hawaasa keessa jiruun sarbamaa turuu isaa barreeffama armaan olii irraa hubachuun nidanda'ama. Namfakkii muummee dubartii xiiqii irras maqaa jijjiiruun eenyummaa hawaasichaa karaa ittiin sarbaa turan keessaa isa tokkoodha.

4.2.1.2 Hiyyummaan Namfakkii Dubartootaa Irraan Gahe

Dinagdeen lafee dugdaa nama dhuunfaafi biyya tokkoo ta'uun tajaajila. Namni qabeenya hinqabne rakkoo garaagaraaf saaxilamu akka danda'amu nibeekama. Kanaafuu gama dingdeetiin dubartoonni maal akka fakkaatan waraabbii armaan gadii keessatti ibsamee jira. Kunis akkuma dayeessa Markizimii dubartummaatti dubartoonni abbootaa qabeenyaa tajaajiluu, dhiirotaan gaditti ilaalamuun miidhamuu isaaniif ilaalcha dubartoonni hawaasa keessatti qaban irraa kan madde ta'uu hubachuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan gama dinagdeen miidhaan dubartoota irra asoosama Rirriittaa keessatti gahe ilaaluun nidanda'ama.

> "Ani nama maallaqa naaf arjoomu caalaa nama seenaa naaf arjoomuun fedha.Seenaa seenaarraa baru. Seenaa hojjatanii dhala dhufuufis olkaa'anii darbu. Akka kootti Oromoo keessatti hiyyeessi hiyyeessaa gadi isa seenaa saba isaa hinbeekneedha".(Hawwii, 2014: 40).

Waraabbiin kun akka agarsiisuutti eenyummaa isheef bakka olaanaa kennuu agarsiisa. Kanaafuu namfakkiin kun eenyummaaf xiyyeeffannoo olaanaa kennuu ishee mul'isa. Haala qabatamaa hawaasa keessa jiru yoo ilaalle maallaqni namoota irraa argame yeroo gabaabaatti dhumuu danda'u illee seenaan dhaloota irraa dhalootatti darbuu danda'u, namoonni seenaa beekan uummata tokko ceesisuu, kan amma itti jiran, gara fuulduraatti qunnamuu danda'u tilmaamuufi dhaloota barsiisuuf illee gahee olaanaa waan qabuuf namfakkiin kun maallaqa caalaa beekumsi kan caalu ta'uu qabatamaan lafa keessee jirti. Haala qabatamaa hawaasa keessa jirus yoo ilaalle seenaan darbuu kan danda'u yoo ta'uu mallaaqni immoo seenaa bituu kan hindandeenye ta'uu waraabbii kanarraa cuunfanii hubachuun nidanda'ama. Haaluma kanaan waraabbii armaan gadii keessatti dubartoonni maxxantummaan kan jiraatan ta'uufi maallaqni maatii irraa argatan illee haala barbaadaniin maatii irraa fageessee jiraachisuu akka hindandeenye hubachiisa. Kunis namfakkiin dubartootaa waraabbii kana keessatti hirmaatan dinagdeen hirkattummaa qabaachuu hubachiisa. Dabalataanis waraabbii kanarraa akka hubachuun danda'amutti namni tokko hanga danda'amaa ta'etti haala gaariin jiraatee seenaa gaarii hojjatee dhaloota dhufuuf dabarsuu

akkuma fedhu, inni biraan immoo jireenya injifachuuf osoo hinnyaatiin hindhugin bulee abdii osoo hinkutatin gara fulduraatti jiraachuuf abdii yeroo horatu mul'ata.Fayyineenis dingdeen gadi bu'uu ishee irraa kan ka'e hanga nyaataan of dadhabdee jirtutti gargaarsa fedhuu ishee hubachiisa.

> Meeshaaf qarshiin naaf kenname kana duwwaa waan bitu hinturre. Garuu ani qarshii yoon of harkaa fixe amman maatii biraa dhufutti Fayyineen maaliin jiraachaa na eegdiree? Ishiif qarshii na harkatti hafe kenneefiin ani gara maatii baadiyyaatti deebi'een hanga torbee tokkoof ture. Fayyineen ammas jiruu waliin qabsoo eegalte. Turtii torbee tokkoo kana keessatti kan ishiin soorattu daabboo bishaaniin ture. Sababiin isaas meeshaan waa itti bilcheeffatanillee hinjiru ture. Alaa nyaachuuf immoo qarshichi gahaa miti. Ammas jireenya qabsoo eegalte.Yeroo sanatti qarshii tokkoon daabboo xixiqqaa afur bitu turan.Garuu daabboo gogaa bishaaniin nyaachuun maal namaaf gooti? (Hawwii Gonfaa, 2014: 52)

Dubartoonni jireenya hawaassummaa keessatti waliif yeroo yaadan agarsiisa.Kunis akka human isaaniitti walgargaaruufi waltumsuu isaanii agarsiisa. Fayyineen erga abbaafi haati addaan bahanii booda, jireenya rakkoo biroof saaxilamuu ishee agarsiisa. Kunis rakkoo hiyyummaa irraa kan ka'e, daabboollee duwwaa nyaachuu ishee argina. Kanaaf dubartoonni dinagdeenillee ofdadhabuu isaaniitu mul'ata."…yeroo ijoollee garaa hooqxee haati waan fuutee itti kennitu dhabdu, haatifi ilmaan walqabatanii boohan , ilmaan daartee qullaa deemaan. Mootummaan faayidaa dhuunfaa isaaf jecha yeroo uummata kana gidirsu mee isin hoo maal jetturee?"(Hawwii, 2014: 85) .Waraabbiin kunis haati bakka of hindandeenyeetti ilmaanis rakkoo biroof saaxilamuu ishee agarsiisa. Kanarraa kan ka'es daa'imman qullaa deemuufi nyaatallee haala barbaachisaa ta'een dhabuun dubartoonni hirkattummaan jiraachuu isaanii agarsiisa.

> Qotee bulaan birraa asheeta cabsatee nyaachuu osoo danda'uu oomishee callaa hammarrachuu osoo danda'uu har'a gabaadhaa safaree yeroo bitatee sooratu mee hanga inni ulfaatu eenyullee hubachuu nidanda'a.Ijoolleen garaa qooqxee, huccuu daartee, qaamaan daalachooftee yeroo mul'attu haati ijoollee ishii waliin qalbii cabdee jiraatti. (Hawwii Gonfaa, 2014: 87)

Uummanni Oromoo sababa lafti isaa irraa fuudhamee mootummaan dhuunfaa isaaf oolchuuf ummanni jireenya gadadoo keessa jiraachuufi ijoolleen qooqxee waan nyaattu dhabuun hirkattummaan jiraachuu agarsiisa.

4.2.1.3 Dhiibbaa Siyaasni Namfakkii Dubartootarraan Gahe

Dubartoonni baay'inaan yeroo siyaasa keessatti hirmaatan hinmul'atan.Haa ta'u malee warreen hirmaatan kutannoofi cimina qabaachuun isaaniillee nimul'ata. Waraabbiin armaan gadiis haaala itti namfakkiin dubartii eenyummaa ishee manguddoota irraallee barattee mirga isheef falmattu kan agarsiisuudha. Kunis ijoolleen duudhaa abbootii isaanii irraa barataniin haala siyaasa addunyaa yeroo ammaa walbira qabanii ilaalan faallaa itti ta'uu irraa kan madde dhiibbaan siyaasaa gama garaagaraan dubartoota irra gahuun waraabbii armaan gadii irraa nihubatama.

> "Aabbaa! Yeroo hunda Oromoo Oromoo" jettu maal Oromoon?" jedheen gaafadhe. " Ilaaa leenca tiyya! Oromoon anumaaf si'i , anaafi si'i jechuun nama lamaan asitti argitu duwwaa miti. Saba bal'aa aadaafi seenaa bal'aa qabuudha.Garuu sabni kun saba cunqurfamaadha. "Abbaa maaltu isaan cunqursa immoo ?"Maaliifis cunqurfamuuree?" jedheen gaafadhe. (Hawwii, 2014: 24)

Waraabbii armaan olii keessatti, yeroo abbootiin dhimma eenyummaa isaanii ijoollee dubaraa barsiisan kan mul'atu yammuu ta'u, dubartoonnis eenyummaan isaanii yeroo sarbamu, taa'anii kan hin ilaalle ta'uu agarsiisa. Maaliif akka cunqurfamaniifi haala itti aadaafi safuu hawaasaallee eeggachuu danda'an kan itti mul'atuudha.Waraabbiin itti aanee dhiyaates eenyummaan ishee sarbamuufi uummanni ishee cunqurfamuu irraa kan ka'e nyaata nyaateellee akka hingabbanne taasisuu ishee agarsiisa."…Kanaaf natti fakkaata qaamaanis takkaa gabbadhee hinbeeku. " Situ midhaan nyaatamoo midhaantu sinyaata" nan jedhu. Nyaatallee inuman nyaadha.Kanaan nyaadhuuf jiraachuuf malee nyaachuuf hinjiraadhu. Ani haadha garaa miti.Seenaa bal'aatu keessa koo seenee nawaada." (Hawwii, 2014: 28)

> Anuu bakka warreen eenyummaa isaanii osoo hinbarin har'a ga'an kana qaana'an jira. Ni nyaatu, ni dhugu, ni bahu, ni galu, ni uffatu, ni bashannanu, baratanii piroofeesara, doktora, ta'uu duwwaan ,ulaagaa Oromummaa osoo hintaane ulaagaa of wallaallummaati. Of bari yaa jamaa. Eenyummaa ofii baranii guggubachuun qabbana qabbana caalu. (Hawwii, 2014: 29)

Eenyummaa ofii beekuun barnoota kan hinbarbaachiifneefi rakkoo ofii irraa ka'anii eenyummaa ofii baruun kan danda'amu ta 'uu ishee agarsiisa.Namfakkiin kun namoota biroo sadarkaa barumsa isaanii malee eenyummaa isaaniif bakka kennuu yoo baatan akka of hinbeekneetti kaastee onnee illee akka godhatan namfakkiin dubartii kun kan taasifteedha.

> Hundee ishii lafarraa haa buqqisu Waaqni. Erga yoomii bosoqqeen human horattee odaa jigsuuf yaalti, Raajiidha malee. Eenyummaan ofii aramaa , xaafii, qamadii, garbuu, keessaa miti.Kan abbaan argite buqqistee nama keessa darbitu. Aramaan humna cimaa

> qabuyyuu ni jira. Akkuma argan buqqisuun kan hindanda'amne. Bara aramaanuu hinbuqqa'u jedhee eenyummaa ofiif mormutti alagaan eenyummaa keenya cabsuuf yaaltiiree? Raajiidhuma bar! (Hawwii, 2014: 37)

Eenyummaan akka salphaatti abbaan barbaade namaa kennee abbaan barbaade immoo kan namarraa fudhatu akka hintaane waraabbiin armaan olii agarsiisa.Eenyummaan kan waliin dhalatanii waliin du'an , kan eenyummaa namaa sarbuuf deemu immoo alagaa fedhii ofii malee dantaa uummata biroof bakka hinqabne ta'uu agarsiisa.Haaluma kanaan alagaan mirga hundaa namarraa mulquun dantaafi fedhii isaa galmaan gahachuuf yeroo socho'u, kan mul'atu yoo ta'u, Fayyinee irratti tarkaanfiin isaan fudhatan kanumaa kan fakkaatuudha.

> Fayyineen gaafa tokko sababuma fincila diddaa garbummaa barattoota Ambootiin ka'eetiin Poolisii Federaalaatiin garmalee reebamte.Yeroon kolleejjiidhaa dhufee mana olseenu mataan firaashii irratti gadi gobbifamtee ciifteetti.Ishuma maddii gadi taa'een maal akka taate gaafadhe. Reebamuu ishee naaf himte..Diinni waan Fayyinee akka natti hiraarsituuf qabdi. Ishiin ijoolleedha.Kichuun kun karaatti yoo cabde hamilee uummataatu caba. Hamileen uummataa kuni cabuun immoo isaaniif karaa bal'aa uuma.Yaa lammii koo diinni nun falfalti.Nuttis falfalti. Nuun aarsaa kanfalti. Nu ajjeeftee, qottee nu awwaaltee qe'ee keenya dhaaluuf, eenyummaa keenya awwaaluuf ture. Hintaaneef kaayyoon ishii jalaa bahe, iccitiin ishii kan ishiin nuuf qopheessite Fayyineetu dhugaa baase. Karoora diinaa fashaleessite. (Hawwii, 2014: 59)

Namfakkiin kun karaa ittiin diinni eenyummaa uummata keenyallee balleessuu danda'u kan lafa keesseefi keessattuu ijoollee kichuu ta'an ajjeessuun fedhii dhuunfaa isaanii galmaan gahuuf gaafa tattaffatantu mul'ata. Kunis immoo hawaasa keessatti rakkoo uumuun, eenyummaa saba biroo awwaaluun kan isaanii olbaasuuf tattaaffii godhan kan agarsiisuudha.Kanaaf jireenya mana namaa keessattillee dubartoonni gama eenyummaa isaaniitiin miidhamoo ta'uu isaanii kan agarsiisuudha."…Wallaggaa keessatti dhala Oromoo daa'ima xiqqoo saalaan dubartii taate jiraa awwaalan. Sababiin daa'ima xiqqoo saalaan dubartii taate jiraa awwaalaniif Oromoon akka wal hin horreef ta'uu isaa ofumaaf raga ofirratti bahan".(Hawwii, 2014: 94)

Waraabbii armaan gadii keessatti yeroo dubartoonni hamilee walii kennuun waljajjabeessaantu mul'ata. Rakkoofi darara mana hidhaa keessatti ilmaan Oromoo irra gahaa tureefi gahaa jiruu ilaaluun dhaamsa yeroo itti walii dhaamaantu mul'ata. Kun immoo jabina isaaniifi eenyummaa isaaniif bakka olaanaa kennuu namfakkilee kanneenii agarsiisa.

> Onnee eenyummaa kee sabbata keen jabeessi. Diina jala gootummaan dhaabbachuuf humna eenyummaa horadhu. Diinni diinuma fira ta'us hindanda'u. Garaa naaf laafa jettees hineegiin. Nidararamta, garuu guyyaa kee malee hinduutu.Yoo duutees Oromoo tokko du'uu kumaatamatu dhalata waan ta'eef hinyaadda'aninaa. Qabsoo qabsaa'an irratti kufe , lammiitu galmaan ga'aa" jettee na jajjabeessiti, onnee irratti onnee, qabsoo irratti qabsoo, eenyummaa irratti eenyummaa, gootummaa irratti gootummaa naaf gumaachite. (Hawwii,2014: 105)

Boontuu

Caaltuu

Murattuu

Raggaatuu

Lalisee

Waaritee

Biiftuu

Hawwii

Abarraash

Baaccuu

Dirribee

Urgee

Lattuu

Faarsee

Ijoollee maqaan isaanii armaan olitti tarreeffame kun warra dirqama Oromummaa isaanii asitti bahaa turaniidha. (Hawwii, 2014: 105)

Dubartoonni maqaan isaanii armaan olitti tarreeffaman eenyummaa isaanii qofaaf jecha yeroo dararri garaagaraa irra gahee mana adabaa keessatti rakkatantu mul'ata.Isaanis dirqama Oromummaafi eenyummaa isaanii malee rakkoo biroo kan hinqabne ta'uu isaanii agarsiisa.

Siyaasa keessatti dubartoota dhiifnaan dhiirota irraa gidiraan gahu salphaa miti.Kunis mana adabaa keessa galchanii tarkaanfii garaagaraa irratti fudhachuun akka isaan qaama hanquu ta'aniifi lubbuunillee akka bahan gochuutu mul'ata.

> Jireenyi ishii suukanneessaa ta'e. Obboleettii koos ta'ee maatiin koo bakka ishii hingeessine hinqaban. Keessattuu bakkee 'xabalaa' inumaa yeroo achi geessan daran itti ciman. "Kun immoo keenyaa miti" jedhanii itti kolfu. Gaafa duraa bakkee xabalaa geessan qeesiin tokko maqaa ishii gaafate. Ishiinis " Fayyineedha" jettee itti himte.

> Achiin akkas jedheen “Ayihonim simishin qayyireesh nayi” jedhee deebise. (Hawwii Gonfaa, 2014: 57)

Waraabbii armaan olii irraa hubachuun akka danda’amutti, namoonni eenyummaa isaaniitiin walbarbaadanii akka wal fayyadaniifi kan isaanii hintaane immoo akka miidhuu danda’an kan agarsiisuudha. “…Fayyineen hiraarsi diinaa kun garmalee itti hammannaan yoo tarii sammuun ishii boqote jennee fira bira geessine.Nutti fakkaateti malee diinni sammuu ishii hiite eessattuu ishii biraa haftee hinbeektu”. (Hawwii, 2014: 96) “…Har’a garuu diinni addaan nu facaasuufi. Diina walakkaa taa’een Rabbiin gaaffii tokko gaafadhe.

Fayyinee ija keessa ilaalaa.“Maal balleessinee diinni bitaa mirgaan akkana danqee nu qabe? Maaloo hanguma yoomiitti hiraarfamna kaa?Argi gooftaa inni waa hubachuu dandeessu. Boqonnaa dhabneerra. Dararris hamaatte, bilissummaanis fagaatte.”Osoo hinjaalatin imimmaan fuula koorraa xuruuruu eegale. (Hawwii, 2014: 97)

> Mana sana keessa shamarran gara 15 tu jira. Isaan keessaa kan qalbii guutuun rafes, qalbii walakkaan rafes kan immoo hirribnifi ijji isaaniis waldhabanis jiru. Kanaafuu warri rafe silaayyuu rafeera. Kan qalbii walakkaan rafes oljedhanii na ilaalanii hirriba isaanitti deebi’an. Kan hirriba wayiituu hinqabne tokkotu yeroon ani olseenu utaaltee kaatee na ilaalte. (Hawwii, 2014: 103)

Waraabbii armaan olii irraa hubachuun akka danda’amutti, shamarran mana adabaa keessatti rakkachuufi hiraarfamuu isaanii, qalbiin isaanii ofirratti cabee alagaan gidirfamuu argina. Kun immoo namfakkiin dubartootaa asoosama kana keessatti barreeffaman qaama siyaasaatiin dhiibbaan kan isaan irra gahe ta’uu agarsiisa. “Fayyineen erga nuti diinaan qabamneen booda diinni sammuu ishee keessa teessee ibidda bobeessiti, deemaa? Hindeemnu, bakka deemnuus hinqabnu jedhu.Akkaataa diinni dirree ibiddaa keessatti nurratti raawwachaa jirtu itti mul’isanii ittuu maraachu.Abdii kutachiisuuf yaalu. Dhiiga ijoollee keenyaa fuldura ishii dhangalaasu.” (Hawwii Gonfaa, 2014: 109), Waraabbiin kun gidarfama diinni bakka hawaasa keessa jiraatanittillee shamarran Oromoo irraan geessu kan agarsiisuudha. Haaluma kanaan shamarran Oromoo maqaan isaanii armaan gaditti tarreeffame irra gama siyaasatiin dhiibbaa irra gaheen miidhamni garaagaraa bifa hidhaatiin irra gahuu haala armaan gadiitiin ilaaluun nidanda’ama.

Dirribee Ittaanaa murtii du’aa

Urgee Abbabaa murtii du’aa

Biiftuu Abdii murtii umrii guutuu

Baaccuu margaa murtii waggaa 18

Caaltuu Taakkalaa murtii waggaa 12

Abarraash Yaadataa Murtii waggaa 10

Leellisee Wadaajoo murtii waggaa 10

Indi'aa Ibraahim murtii waggaa 6

Umee'imaa she/Ibraahim murtii waggaa 6

Hawwaa Waaqoo murtii waggaa shaniifi ji'a ja'aa

Warren kun yeroo sanatti warra murtii argatanii achitti arganneedha. Warri achi turanii osoo nuti wal hin argin bakka buusanii deemanis hedduudha. Lakka'anii waan itti bahan miti.Isaanimmoo du'aan , dararaan dirree irratti darbaman kan eenyullee isaan hin agarre lakkoofsaan meeqa ta'uree? (Hawwii, 2014: 143). Haaluma kanaan, namni kamiyyuu mirga lubbuun jiraachuu kan namni kamiyyuu namaa hinkennine qaba. Mirga kanaafi kanneen biroo immoo dhiibbaa garaagaraatiin yeroo nama irraa mulqamutu mul'ata. Kun immoo abbootii aangoo namoota garaagaraatti dhimma bahuun sarbiinsa mirga namoomaa kanaa yeroo gaggeessantu mul'ata.Waraabbiin armaan gadiis yeroo namfakkii dubartii sababa jaalalaa fakkeessanii mirga jiraachuu ishee irratti dhiibbaa geessissantu argama. Waraabbii armaan olii irraa akkuma hubachuun danda'amutti, shamarran baay'inaan eenyummaa isaaniif jecha mirga lubbuun jiraachuullee akka hinarganne yeroo taasisantu mul'ata. Kanneen biro immoo hidhaan umrii guutuu irratti murtaa'ee yeroo rakkatan kan mul'ataniidha

> Diinni waggaa afuriif garbummaa lammataa jala ishee jiraachisaa turte albee qarattee ishii duukaa buute. Mana barumsatti habashoonni Gondorii achitti galan gaaffii jaalalaa dhiyeessaniif. Kan teessumatti jibbantu ka'e namatti sirbiti."jedhu mitiiree? Warra ishiin funyaan qabattee isaan dheessitutu "sijaalanna" jedhanii yeroo gaaffii dhiheessan aariin balaqamte. (Hawwii, 2014: 56)

Waraabbii armaan olii keessatti, fedhii isheetiin alatti gaaffii gaafatamteen walqabatee dhiibbaan gara jabummaa ishee irratti raawwachuuf gosa ishee osoo hintaane alagaan fageenya irraa dhufe yeroo boolla itti qotutu argama. Kun immoo gara jireenya isheetti rakkoo kan fidu ta'utu mul'ata.

Tokko akka Oromootti Oromummaan kan gadi cabsamtu ta'uudha. Lammaffaa, akka dubartiitti ba'aa olaantummaa dhiiraan itti fe'ameen meeshaa saalqunnamtii taatee qaamaan gadi cabuu ishee agarsiisa.

Waraabbii itti aanee jiru, dhiibbaa sarbiinsa mirga namoomaa irratti raawwatamuufi qabatamaanis namoota rakkoon kun irra gahe haala armaan gadiitiinis ilaaluun kan danda'amuudha."Dirribee Ittaanaa Obboleessa ishee Darguu Ittaanaa waliin eenyummaa isaanii duwwaan warra murtiin du'aa itti murtaa'eedha….Ilkaan ishee dabalatee qaamni ishee hedduun caccabeera.Gadameessa ishee keessaan dhiigni yeroo dheeraaf dhangala'aa ture". (Hawwii, 2014: 144)

Hiraarsi shamarran kana irratti taasifame, kan isaan qofa irratti raawwatamee dhaabbate osoo hintaane, kan dhaloota itti aanuuttillee darbe ta'uutu hubatama. "Urgee Abbabaa eenyummaa isheef jecha mucaa shamarra tokko qabattee abbaa manaa ishii waliin ishiin murtii du'aa, innimmoo murtii umrii guutuu itti murtaa'eera. (Hawwii, 2014: 145)…Biiftuun waraana ABO keessaa qabamte.Yeroo kana ishiin umrii waggaa 18 ti.Sabboontuu ijoollummaan qabsoof dugda hidhattee manaa baate". (Hawwii, 2014: 145)

4.2.1. 4 Hariiroo Dhiirotaafi Dubartootaa

Dhiironniifi dubartoonnijireenya keessatti hariiroo garaagaraa qabu.Waraabbiin armaan gadiis hariiroon dhiirotaafi dubartootaa haala waliin deemuu danda'auun malee haala waliin hindeemneen kan raawwatamu yoo ta'e rakkoo qabaachuu isaa kan agarsiisuudha.

> Sabboonaafi sabboontuun waliin deeman bareedan.Waljaalatanis waliif nahan, qalbiin waliif caban. Isaan sabaaf biyyaaf yaadan, babareedduuwwan faayan boonan, lammii ofiis kabajan, jaalatan, abdatan, sabboonummaa garaa nama nyaatan, yaa warra waa hundaan miidhagaa , akkam namatti toltu maaloo? Abaaboo akka walii walumaan jiraadhaa, horaa heddummadhaa, hamtuun isin hinargin, sabni isin hinjibbin, yaa qaama koo isi warra eebbifamoo , dhifti keessan bareedaa isin hawwatamoodha. Yeroo hundayyuu walbiraa isin hindhabin, hamtuun addaan isin hinbaasiin. (Hawwii, 2014: 42)

Waraabbii armaan olii irraa akka hubachuun danda'amutti, lammiin yookiin qomoon yoo walitti dhufeenya fuudhaafi heerumaa adeemsise, kan waljaalatu, kabaja waliif qaban akka walitti dhufanii jireenya isaan adeemsisan ta'uu waraabbiin armaan olii kan agarsiisuudha. "Haati Fayyineefi abbaan ishii yeroo addaan bahan ishiin baay'ee daa'ima turte.Waan beektus hin qabdu. Maatii koo biratti guddatte.Qe'ee obbo Jabeessaa Milkeessaatti.Haati ishii immoo nama

biraatti heerumteetti.Abbaan biddeenaa Fayyinee kunis of jaallataa wayiiti.Dirqama lammumaa nama beeku miti.Haati Fayyinee Leelliseen Fayyinee baay'ee waana jaallattuuf akka ishii bira jiraattu feeti".(Hawwii, 2014: 45)

Abbaafi haati bakka waliin hinjiraannetti, ijoolleen gidduutti rakkoo xiinsammuu, dinagdeefi siyaasaa garaagaraaf saaxilamu. Fayyinee namfakkii rakkoon kun qunname keessaa ishee tokkoodha. Isheenis abbaa waliin jiraachuuf rakkoo haadha biddeenaa, haadha waliin jiraachuuf rakkoo abbaa biddeenaa waan itti ta'eef, mana namaatti galtee hojjachuun karoora ishee biroo ta'ee argame. "Fayyineen abbaa ishii waliin har'a kan akka haaraatti wal baran.Gaarumaanis erga haadha Boonsaaf Fayyineen addaan baheeti achitti hin deebine.gaafa ijoolllee isaa argu baay'ee boo'e. Ofittis gadde;ofis abaare.Ijoolleen isa harka abbaa biddeenaatti kufuun isaanii guddoo isa gaddisiise,akka waan du'eetti of ilaale".(Hawwii, 2014: 47)

> Waaqjiraan erga Almaaz waliin jaalala jalqabeetii karaan baruumsaa dukkana ta'e itti mul'ate.Ishiinis 'si jaaladhe,siif du'e' jettee harka ishiitti erga galfattee booda,kallattii ishiin ajajjeen ala akka inni hin sochoone goote. Firraaf lammii isaan addaan kutte. Haadha isaa kan gurra abbaa manaa kootii hin balleessu jettee kophaa ishii mana keessatti gatee, qe'ee warra Almaazitti gale. Qe'ee warra soddaa Safuu!!!(Hawwii, 2014: 72)

Namni tokko akka aadaa hawaasaatti gosa fuudhaafi heerumaa jiran keessaa kan isaaf ta'e filatee gaa'ila isaa gaggeesssa. Kaan butiin, kaan immoo kaadhimmaachuufi kanneen biros jiru.Kan immoo haala dhaalmaatiin illee mana godhatus hindhabamu.Erga gaa'ila ofii raawwatanii booda immoo ilmi mana maatii isaatti fudhatee jireenya mataa isaa gaggeessa. Warra intala irraa fuudhees kabajaan waliin jiraata. Haa ta'u, malee hariiroo bifa kanaan raawwatamu qabu dhiisee waaqjiraan yeroo fedhii maatii isaa osoo hintaane fedhii dhuunfaa qofaan oofamee mana soddaatti galu akka qaanii guddaa ta'etti kaa'ama. Kun immoo hariiroon dhiirotaafi dubartootaa cimaa kan ta'eefi keessattuu haadha irra gara haadha manaatti kufuu isaa agarsiisa. Kun immoo gama biroon hariiroon abbaa manaafi haadha manaa cimaa ta'uu agarsiisa.

"Obbo Amansiisaan,obboleessas obboleettis of biraa qabaachuu baataniyyuu,Aaddee Baaccuu waliin gachana waliif ta'anii jiraatu.'Baacaa!' akka dhiiraatti ishii waamu…shan jalaa dhumani jahaffaan hafeef.Maqaas Waaqjiraa jedhanii moggaasaniif".(Hawwii, 2014: 77). Namoonni ijoollee isaaniif yeroo maqaa baasaan dhimmoota garaagaraa giddu galeessa godhataniiti. Kaan gaabbii, kaan gammachuu, kaan karoora fulduraa, kaan seenaa, kaan immoo siyaas dinagdeellee bu'uura godhatanii kan baasanis jiru. Obbo Amansiisaanis Waaqjiraa kan baasaniif ilmaan koo

shaman ergan dhabee isa jahaffaa kanaaf waaqayyoo naaf jira jechuu isaanii akka ta'etu hubatama.

4.2.1.5 Saamama Humnaa (dafqa) Dubartootaa

Asoosama "Rirriittaa" keessatti haala garaagaraatiin humni dubartootaa kan itti saamame nimul'atu. Akkuma asoosama "Hiree Galgalaa" armaan olitti barreeffame keessatti humnoonni dubartootaa saamame asoosama "Rirriittaa" keessattis mirgoonni dubartootaa saamamuutu mul'ata.

Waraabbii armaan gadii irraa akka hubachuun danda'amutti, mirgi uumamaan qabdu namfakkii kanarraa mulqamuun humni ishees saamamaa turuu agarsiisa. Daa'ima waggaa saddeetii jechuun yeroo itti maatii isheetiin kunuunfamtee guddifamtu, mana barumsaa itti galtu, haala garaagaraa maatii ishee gaafachuun adda itti baafattuudha malee miidhama garaagaraatiin yeroo humni ishee itti qisaasamuu miti. Haa ta'u malee namfakkiin shamarree armaan gaditti maqaan ishee eerame, mana namaatti galtee hojii mana keessaa hojjechuun qaamni ishee akka miidhamu ta'uu bira darbee, maallaqa achii argattu illee abbaan ishee dhoksaan fudhachuun hangam akka humni daa'immanii miidhamuu akka danda'u agarsiisa. Hawaasa keessattis qabatamaan yoo ilaalle, keessattuu ijoolleen abbaafi haadha hinqabne, humni isaanii miidhamuu bira darbee xiinsammuun isaanii miidhamuun karaa irratti kufanii hafuu danda'u. Dhaabichaan ni saamamti; isa dafqitee fidde immoo abbaa isheetu manatti saama.Alatti ni saamamti; manattis ni saamamti.

> Mirga afaan ishiin dubbachuullee hin qabdu. Mirgi amantaa ishiis sarbameera. Mirga lammii ishiif fira ishii waliin wal arguus dhabdeetti. Jiruun ishii dukkana dukkana keessaati.Yeroo kanatti ishiin daa'ima waggaa saddeetiti. Abbaan ishii gaafa gahe dhaqee mindaa ishii hunda fudhatee deema.Ishiitti hinmul'atu.Yoo mindaa ishii isaan gaafattu abbaan kee fudhateera jedhuun. (Hawwii Gonfaa, 2014: fuula 48)

Haaluma kanaan namfakkii dubartii Fayyinee jedhamtu kana yeroo mirga ishii sarban, eenyummaa isheef jecha rakkoo garaagaraaf yeroo saaxilantu mul'ata. Humna ishee malee rakkoofi gidiraa ishee irra gaheefillee bakka kan hinqabne ta'uufi abbaan ishees human ishee dhoksaan nyaachuun jireenya rakkoo biroof saaxiluu isaanii agarsiisa. Kanaafuu namfakkileen kunneen eenyummaa isaaniif jecha gidirfamuutu jira.

4.2.1.6 Miidhaa Qaamaa, Saalaafi xiinsammuu Namfakkii Dubartootaa Irra Gahe

Dubartoota irra miidhaan karaalee garaagaraa irra gahuu waraabbii asoosama hiree galgalaa keessatti hubachuun danda'ameera. Asoosama Rirriittaa Hawwii Gonfaatiin bara 2014 barreeffame keessatti miidhaa qaamaa, saalaafi xiinsammuu dubartoota irra gahe haala armaan gadiitiin waraabuun ibsuun yaalameera.

4.2.1.6.1 Miidhaa Qaamaa

Miidhaa dubartoota irra gahu keessaa inni tokko miidhaa qaamaati. Dubartoonni miidhaa garaagaraa uumamaanis ta'ee karaa hawaasummaa isaan irra gahu kamiiyyuu damdamatanii akkuma jireenya isaanii gara fuulduratti tarkaanfachiisan kanneen miidhaan qaamaa, saalaafi xiinsammuu isaan irra gahuun lubbuun isaanii darbus hedduutu jiru. Isa keessaa tokko miidhaa qaamaa dubartoota irra gahuudha. Waraabbii armaan gadii keessattis namfakkii muummee dubartii Xiiqii jedhamtu sababa mirga jiraachuu isheen walqabatuun qabamtee mana hidhaa keessatti dararaan garaagaraa qaama ishee irra gahuufi miidhamni qaama ishee irratti raawwatame immoo safuufi duudhaa uummanni Oromoo dubartootaaf qabu kan faallessu ta'uu hubanna. Oromoon dubartootaaf kabajaafi ulfina olaanaa qaba. Dubartiin utubaa maatii, haadha, haadha manaa, obboleettii, ilmoo ta'uun waan hunda jechuun sirna Gadaa keessattis ta'ee hawaasa bala'aa keessatti iddoon isaaniif kennamu olaanaadha. Haa ta'u malee dhiibbaa gama siyaasaatiin jiruun namfakkiin dubartii yemmuu reebamtu, kabalamtu, miidhaa ulfaataan qaama ishee irra gahu haala qabatamaa jiru faana walqabsiisuun haala armaan gadiitiin waraabamuun kaa'ameera.

> Achittillee yoom nadhiisu, sobdee ciifti jedhaniitu dabareen nadhidhiitu. Lafarraa nabutu. Wayyaa koo narraa mulqanii qullaa koo nareebu. Safuu nadhabsiisu.Kun anaaf homaa miti.Eenyummaa koofaan kabalama, dhidhiitama, qullaas dhaabsiifama, hiraarfamas. Gochoonni kun hamilee eenyummaa koo ijaaranii akka hinjigne taasisu. Qaama koo qullaa simintoo gubbaa naciibsanii alangee roobiitiin natattaraaru. (Hawwii, 2014: 111)

Waraabbii armaan oliirraa hubachuun akka danda'amutti. Gidirfamuun dubartootaa kan daangaa hinqabneefi abboottii irreen ilaalchi namummaa illeen kan hingodhamneef ta'uu namfakkii kanarraa hubachuun nidanda'ama. Sababni isaa immoo balleessi tokko jiraateef osoo hintaane sarbiinsa mirga eenyummaa isaaniif jecha akka ta'etti kan mul'atuudha. Miidhamni namfakkii kanarra gahe miidhama qaamaa qofaa osoo hintaane safuu dubartummaa illee kan irraa fuudhameefi hangam humni diinummaa jireenya namaaf bakka hinkennine, hangam miidhaan

uummata keenya irra gahaa akka ture, dubartiin hangam kabajaafi safuu hawaasni qabuuf qaamni biro immoo irraa mulquu akka danda'e qabatamaa dubartoota oromoos ta'ee dhiirota irra gahaa ture ifatti kan mul'ifteedha. Haaluma kanaan namfakkii dubartii armaan gadiitti mul'attus dhimmuma kana kan ibsituudha. "…Guyyaa tokko yoo xiqqaate namoota garaagaraa sadiinan reebamaa oola. Halkanis akkasuma. Halkan keessa sa'aa saddeeti fa'aatti dhufanii nubaasanii nugidirsaa bulu. Amma qaamni keenya dhiiga roobuutti, sammuun keenya of wallaallutti reebamna." (Hawwii, 2014: 11). Dubartoota irra dhiibbaan qaamaa mana hidhaa keessatti haala kamiin irra gahaa akka ture, miidhamni xiinsammuufi kanneen biro dhiibbaa irraan gahaa turan ifatti kan mula'teedha. Dhiibbaan qaamaa dubartoota kanneen irras gahuu kan danda'eef, sababa mataa isaa qaba. Namni kamiyyuu eenyummaan isaa akka sarbamu hinbarbaadu. Haa ta'u, malee namoonni abbaa hirree ta'an yeroo humnaan warren kaan irra gatanii miidhaa irraan gahantu argama. Kun immoo akka ofhindandeenyeefi abbaa irree jalatti kufuun dinagdeen isaanii duubatti deebi'u kan agarsiisuudha.Waraabbiin armaan gadiis kanuma agarsiisa.

> Dubartiin haadha, haadha manaati, obboleettiidha, ilmoodha, safuufi kabaja qabdi.Ulfinnifi safuun Rabbi biraa dhufe kun diina biratti fudhatama hinqabu. Mana adaba maa'akalaawwii keessatti gaafa 5/03/2011 irraa eegalee hanga gaafa 20/04/2011 tti eenyummaa koof jecha diinni safuu narraa fuutee huccuu narraa baaftee qullaa koo nadhaabdee nareebdi. Nadhiitti, nahiraarsiti, dubartummaa kootiinis nadoorsisaa turte.Wayyoo! uumaan jallatee yoom deebita laata? (Hawwii, 2014: 11)

Waraabbii armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti, eenyummaa isaaniitii jedhanii mana adabaa keessatti dubartoonni yeroo miidhaman kan agarsiisuudha. Kunis darbatamuu, dhidhitamuufi mirgi namoomaa isaan qabanillee sarbamuu agarsiisa. Haalli kun immoo eenyummaa isaanii qofa irraa kan madde ta'uu argina. Dabalataan illee xiyyeeffannoon isaanii akka dubartoonni dhala hinarganne gochuun immoo uummata Oromoo irratti dhiibbaa lammii xiqqeessuu irratti xiyyeeffatamee hojjatamaa kan ture ta'uu nama hubachiisa.

Dubartoota irra dhiibbaan garaagaraa gama saalaatiinis irra gahu kan jiruudha. Kunis sababa dubartummaa isaaniitiin dhiibbaa gama saalaatiin irra gahuudha. Waraabbiin itti aanee dhiyaates, mana dukkanaa keessatti yeroo dararri irra gatee qaamni ishee godaannisa reebichaan irra gahuunillee kan mul'atuudha.Kun immoo akka isaan fulduratti ilmoo godhatanii hinhorreef gadameessa isaanii irra rakkoo geessisuun qabatamaan mana hidhaa keessatti dubartoota irratti waan raawwatamaa ture kan agarsiiftedha. Kanaaf immoo ragaan armaan gaditti waraabamee jira. .

> Injifannoon waa'ee jiruu mana kanaa waa baay'ee natti himti. Ijoolleen keenya biroos ni jiru. Ishiin garuu onnattuu wayii waan taateef guddoo natti tolti. Waan ta'uuf hintaane ni beekti.Ishiin nama kophaa ishiitti mana dukkanaa yeroo dheeraadhaaf turteedha.Godaannisni qaama ishee waljala qaxxaamuree, tattaararamee mul'ata. Miidhama qaama hormaataa ishii irra geessisaniin akka ishiin dahuu hindandeenye taasisaniiru (Hawwii, 2014: 113)

Seeneffamni armaan olii dabalataanis eenyummaa ishee qofa yeroo dhala illee godhattee sanyiin /gosni/ hinbaay'anneef hanga dhala addaan kutuutti illee gidiraan kan irra gahe ta'uutu mulata. Kun immoo dhiibbaa ishee qofa irratti raawwatame osoo hintaane kan uummata Oromoo mara irratti fudhatame jechuun nidanda'ama. Akka sababatti immoo eeruun kan danda'amu, dhalli tokko baay'atee waliitti dhufee hawaasa bal'aa waan ta'uu danda'uufi"…Qaama guutuu mana keenyaa baane. waa baay'een qaama hir'uu taanee jirra. Lubbuunis kan darban, ukkaamfamanis, kan jiraatti roorroo bara dheeraa dhamdhamataa kan jiranis wayi lakka'anii itti bahuun danda'amaaree?"

4.2.1.6.2 Miidhaa Xiinsammuu

Miidhamni dubartootaa baay'een isaa karaa xiinsammuu miidhaa isaan irra gahuudha. Kunis akka isaan oljedhanii akka nama kamiittuu jireenya isaanii keessatti gahee mataa isaanii hinbaaneef wantoota akka gufuutti isaan rakkisaniidha. Dhiibbaan xiinsammuu dubartootra irra asoosama Rirriiittaa keessatti irra gahaa ture baay'een isaa kallattii siyaasaan yoo ta'u, gama kanaanis mana hidhaa keessatti miidhaawwan isaan irratti raawwataman jireenya isaanii rakkoo bal'aafi ulfaataa ta'e geessiseera. Haaluma kanaan isaan keessaa miidhaa xiinsammuu dubartootaa irra gahaa ture akka isaan waa'ee uummata isaanii hinyaanneefi eenyummaan isaanii hinmul'anne godhamee kan irratti raawwatame yoo ta'u, kun immoo xiinsammuu isaanii irratti dhiibbaa haageessisuu malee akka cimaniifi onnatanii fulduratti deemaniif kan onnachiiseedha. Waraabbiin armaan gadiis dhimuma kana ibsa.

> Dargaggoota, shamarraniifi manguddootatu mana adabaa keessatti burjaaja'aa jira. Keessumattuu shamarran keenya umriin isaanii itti jiruu horatanii ijoollee horachuu danda'anis jala darbee dhala malee hafaa jiru. Gochi kun immoo akka nuti wal horree hinbaay'anneef. (Hawwii, 2014: 13)

Waraabbii armaan olii keessatti gidiraan shamarran irra gahu, sadarkaa qaamaan miidhamuu bira darbee hanga dhala dhabuuttillee mana adabaa keessatti irratti raawwatamuun baratamaafi kan kaayyeeffame ta'uu namfakkii kanarraa hubachuun nidanda'ama. Shamarran akka dhala

hingodhanne taasisuun immoo sanyii saba tokkoo akka haphachaa deemuu gochuu keessatti gahee akka qabu namfakkii gochi kun irratti raawwatame irraa hubachuun nidanda'ama.

4.2.1.7 Akka Bu'aa Ogbarruutti Dhiibbaa Asoosamni Rirriittaa kallattii Dubartummaatiin Dubbisaa Irraan

Namfakkiin dubartootaa kitaaba asoosamaa Rirriittaa jedhu keessatti barreessituun kun dhimma itti baate, kanneen eenyummaa isaanii irratti wareegama garaagaraa kanfalaa turaniifi jireenya isaanii keessatti siyaasa keessatti gahee olaanaa taphataniidha. Haaluma kanaan nafakkiin xiiqiin ijjannoo, dandeettii, beekumsaafi ilaalcha ofiifi uummata ishiif qabdu gadi baaftee yeroo itti dubbattutu mul'ata. Kun immoo dubbistoonni hangam xiiqiifi kutannoon eenyummaa ofii tiksuuf yoo deeman injifachuun akka danda'amu kan ibsuudha.

> 'Dhugaadha! Tokkoffaa afaan koo bu'uura waan hundaa waan ta'eef gadi fageenyaan baruun dirqama kooti.Itti aansee immoo,haayyuu birattan guddadhe.Abbaan koo hayyuudha.Waan baay'ee na barsiise.Galanni isaas daangaa hin qabu.Ani sanyii of wallaaltus miti.Eenyummaa koo nama gadi fageenyaan beeku waan ta'eef ulee alagaa ta'ee hin jiraadhu.Ani abdii uummataatin jedheen.Lukkeen kun ofumaa natuttuqxee garaa of guggubaa jirti.(Hawwii, 2014: 65)

Galata abbaa isheefi manguddoota olla ishee kaasaa beekumsa amma argattee waa'ee ofiifi uummata ishee akka yaaddu gochuu keessattillee gaheen maatii ishee olaanaa ta'uu agarsiisa "…keessa kootti 'cimaa gargaaru irra laafaa gargaartanii wayya natti fakkaata.Ciminaan ofiinuu cimaadha gargaarsa maalii eeggata!?' jedheen jechaan adooche".(Hawwii, 2014: 66). Xiiqiin yeroo itti kaayyoo diinaa jala galuuf jettetti, ijannoofi murannoo ishee itti himuun yeroo jalaa miliqxutu mul'ata.Kun immoo diinonni akka rifataniifi duubatti deebi'aniif ishee gargaara.

> Ulee diinaaf osooo hin jilbeeffatin baruumsa koo xumureen gaafa guyyaa eebba koo dippartimentii koo keessaa tokkoffaa waamamuu,abbaan koo obbo Jabeessaan amanuu hin dandeenye.Gammachuunn dirree guutan.Anis mataa diinaa irran dhaabbadhe.Mataa ishii lafa ilaalchise.maatiis ta'ee firoota akkasumas lammiiwwan koo onneerraa na jaalatan nan boonse. maqaa isaaniin ol kaase. (Hawwii, 2014: 89)

Xiiqiin barnoota ishee xumurtee gaafa eebbaa gahuun gammachuu ishee qofaa osoo hintaane kan maatii ishiis nidabalata. Sadarkaa kana irra gahuun ishee immoo akka cimina namfakkiittitti kanaatti yoo ka'u, dubbisaanis diina injifachuuf mo'achuuf maqaan hangam bakka olaanaa akka qabu akka bu'aa ogbarruu tokkotti barumsa dhaloota dhufuuf kan dabarsuudha. ijjannoo isheen osoo hinmoofamin dhugaa jiru, alagaa isheef ibsitee qaanessuun ishees ogbarruu keessatti

asoosamni hangam ergaa cimaafi ga'umsa qabu dabarfachuuf akka nama gargaaru hubachuun nidanda'ama.

> 'Tole xiiqiin jedhama'n jedheen.'yes! maqaa boonsaadha seenaas of keessaa qaba. Maqaa dhiiraatis! Maatiin maqaa boonsaa kana siif moggaasanis galata guddaa haa argatan,Kutattuu koo homtuu sitti hin dhaga'amin. Animmoo Injifannoon jedhama.Maqaan keef maqaan koo walitti Xiiqiif Injifannoodha.kanaaf tokkummaa keenya cimsinee galma yaanne gahuun dirqama. (Hawwii, 2004: 107)Dhugaadha! Eenyummaa ofiif falmachuun dhiiraaf dhalaa jedhamee adda hin baane.cunqurfamaan kamiyyuu cunqursaan hamaattu qabsoo jabeessan malee diina jalatti kufuun eenyummaa ofii hin hadheessan. (Hawwii, 2014: 140)

Waraabbii armaan olii irraa hubachuun akka danda'amutti, haalli maqaan xiiqiin itti moggaafameefi xiiqiin immoo akkuma maqaa ishee xiiqii ta'uu, Eenyummaa ofii keessatti dhiirrifi shamarran tokko ta'uu, eenyummaa ofii mirkaneeffachuuf immoo qabsaa'uun akka barbaachisu hawaasa biroo barsiisuun namfakkii kanaa bakka olaanaa kan qabu yoo ta'u, qabsoon bifa kamiin adeemsifamuu akka qabu, dhiibban dubartoota irratti mana hidhaa irratti gahaa ture ulfaataafi hangam miira namaa tuquu akka danda'u akkasumas mana hidhaa keessatti rakkoolee ulfaatoon akkanaa baay'inaan kan jiran ta'uufi tokkummaan immoo waan hundaaf furmaata ta'uufi gidiraa jiru maal akka fakkaatu akka hubatan taasisuu keessatti qooda olaanaa baheera.Namfakkileen dubartootaa asoosama Rirriittaa keessa jiran baay'inaan dhimmoota siyaasaa irratti kan xiyyeeffataniifi eenyummaa ijaaruu irratti waldeeggaraa, waltumsaa, walbarsiisaa kan turan waan ta'aniif hanqinni ifatti bahee mul'atu hinargamu. Irra caalaan cimina namfakkilee kanneenii ta'utu mul'ata.

4.3 Asoosamoonni Lamaan Walbira Qabamanii Yoo Madaalaman

Asoosama Hiree Galgalaafi Rirriittaa barreessituu Hawwii Gonfaatiin bara 2014 barreeffaman yaaxina markizimii dubartummaan walbira qabamanii yemmuu madaalaman kallattii hawaasummaatiin, siyaasaafi dinagdeetiin ilaalamanii jiru. Gama biroon gatni namfakkii dubartootaa kun kallattii armaan olitti ibsamaniin dhiibbaa isaan uuman, dubbistoonni immoo haala kamiin akka ilaalaniifi xiinxaluu danda'an, haadhummaafi daa'immaa guddisuun dhiibbaa maalii akka isaan irraan gahe, miidhama qaamaa, saalaafi xiinsammuu irra gahe walbira qabuun cuunfamuun haala armaan gadiitiin dhiyaatanii jiru. Asoosama Hiree galgalaa keessatti namfakkii muummee kan taate Kuulanii irra gama hawaasummaafi dinagdeetiin dhiibbaan olaanaan irra gahu, kunis fedhiin ala butamuun haadha ijoollee taatee dingdee gahaa bakka

hinqabnetti humni ishee saamamuun jireenya gadadoo keessa dabarsaa turuu ishee yemmuu ilaalamu, gama asoosama Rirriittaa Hawwii Ganfaatiin bara 2014 keessa barreeffameen immoo yoo ilaallu gama Hawaasummaan rakkoon akkuma jiru, irra caalaatti gama siyaasaatiin namfakkii muummee irraa miidhaa cimaan gahuu hubatameera. Sababa siyaasatiin walqabatee mana hidhaa keessatti yeroo garaagaraa hidhamuu, mirgoonni dimookiraasiifi namoomaa irraa mulqamuu. Ishee qofaa osoo hintaane namfakkii dubartootaa barreessituun kun fudhatte keessatti dararri walfakkaataan irra gahuufi hanga dhala argachuu hindandeenyeetti geessisuun hangam farra dhala namaafi farra eenyummaa namaa akka ta'an, gara jabeenyi isaanii immoo dhiira bira darbee dubartoota irratti rakkoo akkamii fiduu akka danda'u hubachuun nidanda'ama. Haa ta'u malee gama asoosama Hiree Galgalaatiin haadhummaafi daa'ima guddisuun rakkoo hammataa keessa galuu namfakkiidubartii kanaa kaasnee jirra.

Kitaabota lachuu keessatti yoo ilaalle haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun hariiroon dubartootaafi dhiiraa kan jiru yoo ta'u, asoosama Hiree Galgalaa keessatti dhiibbaa olaanaan gama dhiirotaan jireenya hawaasummaa keessatti irra gahuu, olaantummaan dhiirotaa jiraachuu adda baasuun hubachuun akkuma danda'amu, Kitaaba Rirriittaa keessatti seera dawoo godhachuun kanneen farra Oromoofi diina Oromoo ta'an fedhii dhuunfaa isaanii mana hidhaa keessatti galmaan gahachuuf gochoota sukaneessaa isaan raawwatan hubachuun danda'ameera. Kitaabota asoosama lachuu keessatti miidhaan qaamaa, saalaafi xiinsammuu namfakkii dubartootaa irra gahuu haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun walqabatee karaalee ittiin miidhamuu danda'an haala dhugaa hawaasa keessa jiruun baafamanii kan dhiyaatan yoo ta'u, barreessituun kun loogii tokko malee haala rakkooleefi dhiibbaawwan garaagaraa namfakkii dubartootaa irra gahu kan mul'isteedha. Asoosamni kunneen lachuu dubbisaan hangam akka humni dubartootaa qisaasamu, dhiibbaawwan gama dinagdee, hawaasummaafi siyaasaatiin irra gahu, miidhaan xiinsammuu, saalaafi qaamaa isaan irra gahe immoo hawaasa keessatti hangam jibbisiisaafi xiyyeeffannoo akka barbaadu illee taasifamee haalaan dhiyaateera.

Walumagalatti namfakkiilee dubartootaa kitaabilee kanneen keessatti hirmaatan keessatti haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun dhiibbaan dubartoota irra gahu kan mul'ate ta'uufi guutummaa jedhamuu hanga danda'amutti Hiree Galgalaa keessatti dubartoota irra miidhaan gahe gama hawaasummaafi dingdeetiin yoo ta'u, gama asoosama Rirriittaan immoo gama siyaasaatiin irra gahufi gama dinagdeetiin illee jiraachuu hubachuun danda'ameera.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO, YABOO

5.1 cuunfaa

Jiruufi jireenyi ilmaan namaa lafa kanarratti dabarsan haala garaagaraatiin ibsama. Kans bifa garaagaraatiin ibsuu keessatti asoosamni gahee olaanaa qaba. Asoosamaa lamaan kan Hawwii Gonfaan barreeffaman qorataa kanaan kan filatame yoo ta'u, kunis kanaan dura kallattii dubartummaatiin asoosama kanneen irratti qorannoon kan hinadeemsifamne yoo ta'u, dubartiin asoosama kana barreessite gama dubartummaan hangam dhugaa hawaasa keessa jiru loogii tokko malee haqummaan calaqqisiifte kan jedhuuf kaka'umsi barreessituun kun barreessitoota fedhii asoosama barreessuu qabaniif illee hangam karaa akka banteef ibsuuf yaalameera. Haala kanaanis qorataan kun gaaffilee bu'uura kanneen akka dubartoonni gama siyaasaan, dinagdeefi hawaasummaan haala kamiin dhiibbaan irra akka gahaa tureefi deebiin asoosamicha keessaa xiinxalamee kennameera. Hariiroon dhiirotaafi dubartootaa bifa dubartoota irratti dhiibbaa uumuu danda'uun kan kaafaman yoo ta'u, mana keessatti olaantummaan warra dhiirotaa illee jiraachuun ka'eera. Dubbistoonni xiinxalaafi hubannoo garaagaraa kennuun akka xiinxalaniifi keessattillee of ilaalaan gochuun miirri garaagaraa keessatti akka uumamuu danda'u ta'ee ibsameera. Kaayyoon qorannichaas kanuma bu'uura godhachuun dhiibbaawwan dubartoota irra gahan qabatamaa hawaasa keessa jiru kan mirkaneesse ta'uu hubatameera. Gama biroon mala qorannoo akkamtaatti dhimma kan bahame yoo ta'u, asoosamichi erga irra deddeebiifi bal'inaan dubbifamee booda xiinxalli garaagaraa irratti adeemsifameera. Irraawwatamni qorannichaas asoosama kanneen armaan olitti ibsaman lamaan yoo ta'an kaayyeeffachuun meeshaalee funaansa ragaa sakatta'a dokumentiitti dhimma baheera. Qorannoo walfakkiifi kitaabilee qorannoo kanaaf gargaaranitti dhimma bahuun akka meeshaa qaaccessaa qorannoo kanaatti gargaramame yoo ta'u, yaaxina markisizimii dubartummaatti dhimma bahameera. Kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun gama dinagdee hawaasummaafi siyaasaan miidhaa dubartoota irra gahan maal akka fakkaatan cuunfamuun ibsamanii jiru. Dabalataaniis gama xiinsammuu, saalaa, qaamaafi saamama human dubartootaa irratti dhiibbaan jiru maal akka fakkatu qaaccessuun dhiyeessuun danda'ameera.

5.2 Argannoo

Qeeqa asoosamoota Hiree Galgalaafi Rirriittaa ija yaaxina dubartummaatiin xinxalamanii argannoo kaayyoo kenname irratti xiyyeeffate bira ga'uun danda'amee jira. Akkaataa kanaan asoosamoota kanneen lamaan keessatti dubartoonni maal akka fakkaatan xiinxalee ibsuuf jalqabaa kaasee hanga dhumaatti seenaa asoosamichaa dubbisuun xiinxala adda addaa adeemsiseera. Akka qorannoo kanaatti asoosamicha dubartiin barreessuu irraa kan ka'e haala qabatamaa hawaasa keessa jiru haala kamiin akka kaafteefi loogii malee dhugummaatti kanneen nama amansiisuu danda'aniitti dhimma baate moo haala kamiin ibsame kan jedhu qabatamaatti xiinxaluun argannoowwan armaan gadii argamaniiru.

- ✓ Asoosamicha keessatti dubartoonni gama dhiirotaan dhiibbaan hawaasummaa irra gahuu. Keessattuu hawaasa keessatti saamamni human isaanii jiraachuufi hojii humnaa olii kanfaltiin ala hojjechuun jireenya isaanii kan miidhe ta'uun hubatameera.

- ✓ Dinagdee keessatti dubartoonni kan of hindandeenye ta'uu, mirga qabeenya isaanii irratti murtee kennuu dhabuu, irra caalaatti hojii humnaa kanneen jireenya isaanii haala barabaachisaa hintaaneen qisaasessufi gatii gaarii argachuu hindandeenyeetti bahuufi ijoolleen umriin hingeenyellee maatii gargaaruuf miidhamuu isaanii hubachuun danda'ameera.

- ✓ Dubartoonni jireenya isaanii fooyyessuuf dhiirotaanillee gowwoomfamanii dhiibbaan garaagaraa gama xiinsammuufi qaamaan irra gahuunis hubatamameera. Asoosamaa Rirriittaa keessatti dinagdeen dubartoonnillee laafoo ta'uu isaanii kanneen agarsiisan, mana bunaa keessa hojjachuu, mana namaatti galuun hojjachuu, abbaan manaafi haati manaa addaan bahuun ijoolleen gidduutti rakkachuun fa'aa rakkoo dinagdee keessatti dubartoonni qaban kan agarsiisuudha.

- ✓ Hariiroo dhiirotaafi dubartootaa keessatti olaantummaan warra dhiirotaa jiraachuu, hojii mana keessaa dubartootaaf dhiisuufi dinagdeenis akka of hindandeenye gochuu keessatti gahee qabaachuun hubatameera. Asoosama Hiree Galgalaa keessatti, namfakkii muummeen kuulaniin yeroo jireenya hawaassummaa keessatti rakkoo garaagaraaf saaxilamtu, hawaasa keessatti deeggarsa dhabdee yeroo rakkattufi dinagdeen illee osoo of hindandeenye jireenya qoraaniifi cileetiin qofaa isheetti ijoollee guddisaa turuu ishee, kun

immoo dubartoonni dinagdeen kufoo ta'uufi hirkattummaan jiraachuu kan agarsiisu ta'uu mul'ata.

- ✓ Asoosama rirriittaa keessatti irra caalaatti naannoo mana hidhaatti dubartoota irra miidhaan xiinsammuu, saalaafi qaamaa irra gahaa kan ture ta'uun bira ga'ameera. Haalli dubartoonni asoosamoota lachuu keessatti barreessituun dhiyaatan dubbistoota keessatti ofumaa warroonni dhiirotaa walqixxumaan ilaaluu dhabuun hanqina ta'uun akka bu'aa ogbarruu tokkootti bu'aan kanneen akka miira gootummaa, injifannoo, aariifi akka keessatti of ilaaluuf dandeessisuunillee kan dhiyaateefi barnoota dabarsuu akka danda'u ta'uunis hubatameera.

5.3 Yaboo

Qeeqa asoosama qorannoon kun irratti adeemsifame lamaan keessatti qaaccessa adeemsifameen hanga danda'amaa ta'etti gama dubartummaan namfakkiiwwan dubartootaa maal akka fakkaatan ibsamee jira. Haa ta'u malee haala armaan gadiitiin yaboo barbaachisaa ta'e qorataan kaa'era.

- Barreessituun dubartii ta'uun ishee rakkoolee hawaasummaafi dinagdee dubarran irratti fe'amaa turan haala gaariin kaaftee jirti dabalataan barreessitoonni biroos rakkoolee dubartoota irra hawaasa keessatti ka'u, bifa ogbarruunis ta'ee barsiisuun gahee isaanii bahanii gaarii ta'a.
- Hariiroo dhiirotaafi dubartii haala qabatamaa biyya keenyatiin loogii malee kaaftee kan jirtu yoo ta'u, miidhaawwan dubartii irra gahan qorattoonni biroos osoo xiinxalanii hawaasaaf dhiyeessanii bu'aa qaba.
- Ogbarruun Oromoo barreessitoota dubartii hinqabne barreessituu tanaan kan ishee fakkaatan onnatanii qalama isaanii kaasuun osoo bifa kanaan rakkoolee dubartoota irra gahan dhiyeessanii hubannoo bal'aan irraa argamuu danda'a.

Wabilee

Abrams.M.H.(1981). *A Glosary of Literary terms:* New York :Harcourt Brace and company.

Ahmad Abdii.(2011). "*Xiinxala Gooban Galeessa Asoosama Yoom Laata*?" Digirii jalqabaaf qorannoo dhiyaatedha. Hinmaxxanfamne.

Asafaa Tafarraa.(2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo.* Finfinnee: Far East Trading PLC.

Bileen V. (1992). *Women And Authority:* Re Emerging Mormon Feminism.Maxine Hanks.

Brown, Charyll and Karen Olson. (1976). *Feminist Criticism*: Essays on theory, poetry and prose. New Jesey: The scarecrow press inc.Brunswick, N. J: Rudgers University press.

Bryson. (1999). *Feminist Debates Population*:London Macmillan Press.

Carter,D.(2006). *LiteraryTheory*.British: Pocket Essential.

Catherine, Belsely.(1997). *The Feminist Reader:* Essay In Gender and the Politics of Literary Criticism .Audiobook Publishing.

Cheri Rgister.(1989). *Feminist Literary Criticism United States*. The University Press of Kentucky: Lexington, Key.

Donovan, Josephine.(1989).*Feminist Literary Criticism:* Exploration in Theory.

Dutton.Richard .(1984).*An Introduction to Literary Critisism*. England: Longman York press.

Ellis, J. (1974). The *Theory of Literary Critism. A Logal Analysis.* USA.: University of California Press Ltd.

Eric, Anderson.(2005). *In The Game:* Gay Athletes And The Cult Of Masculinity.Newyork:State

Evans.M (1997).*Introducing Contemporary feminist thought.*Polity press In Association with Black Well: Cambridge, Uk.

Fiqaaduu Qana'aa. (2012). "*Qaaccessa Waldhabbiifi Fakkoommii hojii dhaabaa wayyessaa keessatti haala Godaannisaafi Duungoo Halkan Sanaa.*"Unpublished MA thesis.Addis Ababa University.

Hawwii Gonfaa. (2014). *Rirriittaa*. Finfinnee

Hawwii Gonfaa.(2014). *Hiree Galgalaa*. Finfinnee.

John Howard Ferguson .(1977). *Image of Women in the Literature*. M.A. (2nd ed). Boston Houghton Mifflin Company.Kentucky: The University press of Kentucky.

John Martin M.Ellis. (1974). *The Theory of literature criticism: A* Logical Analysis.USA:press ltd.

Kolodny A. (1997). *Feminism*: *An anthology of literary theory and criticism*. New Rudgers University press.

Logde, D. (1988). *Modern Criticism and Theory*: Long man.

Melakneh Mengistu.(2006). *Fundamental of Lierature* .3rd ed. Addis Ababa: A.A.U press.

Ostehaus,D.L. (1987). *The Female Hero: An analysis of female protagonists in modern epic high fantasy novels.* Unpuplished masters Research Paper. University of Northern Iowa, Cedar Falls, IA.

Pater, Zola W. (2010). "*The Depiction of Female Characters by Male Writers in Selectd ISIXHOSA Drama Works*.unpubilshed The Degree of Doctor litterum. Faculty of Art: Nelson Mandela Metropolitan University.

Paul Baker. (2008*). Sexed Texts:* language, *Gender and sexuality*. London: Exquinox.

Ruth, Sheila.(1998).*Issues in Feminism: An Introduction to womens studies* . Mountain View: CA MAY Field publishing Company.

Showelter, E .(1986). *Contemporary Literary Criticism.Modernism Trough Post Structralism* New York and London: Longman.

Singht,Y.K.(2006). *Fundamental of reaserch methodology and Istatics*: New Delhi New age International(P) Publication.

Soorettii . (2014). "*Xiinxala Asoosamoota Dhaamsa Abbaa, Kuusaa Gadoo, Fedhii Gamtokkeefi Asoosamoota gaggabaaboo Biroofi Namummaa Gaaddisaa Birruu Barreesse*" *Ija yaaxina dubartummaan* "Yuunivarsiitii Finfinneetti Digirii lammaffaa guuttachuuf kan dhihaate. Kan hinmaxxanfamne.

Steven Pinker, (2004). *Literature Reading and Writing with Critical strategies*. Newyork Pearson: Long man.

Tyson, Lois .(1999). *Critical theory today*.Auser Friendly Guide Combridge.University Of Newyork Press.

Waaqumaa Bokkee. (2011). " *Xiinxala Asoosama Imaanaa Imaltuufi Imimmaan Haadhaa ija yaaxina Feeminizimiitiin* " Qorannoo Digirii Lammaffaa Guutachuuf Yuunivarsiitii Finfinnee Dhiyaate. Kan hinmaxxanfamne.

www.wikipedia.org